



Barnoota Lammummaa Fi Amala Gaarii Kitaaba Barataa Kutaa 5

# Barnoota Lammummaa

## Fi



# Amala Gaarii



Kutaa  
**5**

## Kitaaba Barataa





### የኢትዮጵያ ሕዝብ መዝሙር

የዜግነት ክብር በኢትዮጵያችን ዐንቶ፤  
 ታዩ ሕዝባዊነት ዳር እስከዳር በርቶ።  
 ለሰላም፣ ለፍትህ ለሕዝቦች ነፃነት፤  
 በእኩልነት በፍቅር ቆመናል ባንድነት።  
 መሠረተ ፅኑ ስብዕናን ያልሻርን፤  
 ሕዝቦች ነን ለሥራ በሥራ የኖርን።  
 ድንቅ የባህል መድረክ የአኩሪ ቅርስ  
 ባለቤት፤  
 የተፈጥሮ ፀጋ የጀግና ሕዝብ እናት፤  
 እንጦብቅሻለን አለብን አደራ፤  
 ኢትዮጵያችን ኑሪ እኛም ባንቺ እንኩራ።

### Faaruu Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Oromiyaa, Oromiyaa haadha seenaa guddaa  
 Handhuura Oromootaa galma sirna Gadaa  
 Dachee heeraa fi seeraa haadha Caffee Odaa  
 Badhaatuu, gabbattuu magarsituu hundaa;  
 Xurii bara dhibbaa dhiigaan sirraa dhiqnee  
 Wareegama qaaliin alaabaa kee ol qabnee  
 Gammannee gammadii bokkuu deebifannee;  
 Nagaaf dimokraasii tabaroo namummaa  
 Misoomaa amansiisaa guddina hatattamaa  
 Ummatootaa wajjiniis jaalalaafi tokkummaa  
 Wabii jireenyaatiif goonee kaayyoo cimaa;  
 Irree gamteeffannee kaanee nu abdadhuu  
 Oromiyaa lalisii dagaagii jiraadhuu!

## KITAABA KANA HAALA GAARIIN QABUU QABDA



- Kitaaba kana haala gaarlin qabuu qabda.**
- Kitaabni kun qabeenya mana barumsaa keetiiti.**
- Kana gochuuf qabxilleen kurnan (10) armaan gaditti tarreefaman ilaali.**

1. Kitaaba kana wantoota akka plastikii, gaazeexaa fi k,k.f niin ufisuu qabda.
2. Yeroo hunda kitaaba kana iddoo gogaa kaauu qabda.
3. Yeroo kitaaba kanatti fayyadamtu harki kee qulquulluu ta'uu qaba.
4. Qola kitaaba kanaa irraattis ta'ee fuula irratti barreessu hin qabdu.
5. Kitaaba kana mallattoo itti godhachuu yoo barbaadde waraqaa xiqqoo ykn kaardii itti fayyadami.
6. Fikkii fuula kitaaba kanaa irra jiru hunda gonkumaa kutuu hin qabdu.
7. Kitaabni kun yoo akka tasaa tarsi'e battaluma sanatti happeen ykn 'maastishiin' qabsiisuu qabda.
8. Kitaaba kana erga fayyadamteen booda haala gaariin teessoo kitaabaa irra kaa'uu qabda.
9. Kitaaba kana yeroo namaaf kennitus ta'ee; fudhattu eeggannoo gochuu qabda.
10. Kitaaba haaraa kana yeroo jalqabaaf yeroo fayyadamtu fuula jal qabaa suuta saaquu qaba. Erga saaqte booda suuta jedhii dugda isaa gadi qabi akka hin cinnetti. Kunis qola kitaaba kana haal gaariin qabuuf gargaara.



# BARNOOTA LAMMUMMAA FI AMALA GAARII



## KITAABA BARATAA

### Kutaa 5

#### **Qopheessaan:**

Ministeera Barnootaa Federaalaa

#### **Afaan Oromootti Kan Hiikan:**

- ✍ Nagaash Heebboo
- ✍ Isheetuu Baqqalaa

#### **Gulaalaan:**

- ✍ Darajee Mokonnin
- ✍ Tsahaay Addunyaa
- ✍ Sirnaa Dabalaa



Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa  
Rippabilikii Itoophiyaa  
Ministeera Barnootaa

AG PRINTING & PUBLISHING LTD

## **Galata**

Fandiin Dizaayinii, maxxansaa fi raabsaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii kun deeggarsa karaa **Piroojektii Fooyya'insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa (GEQIP)**n kan argame yommuu ta'u kaayyoon piroojeektii kanaas dhaabilee barnoota mootummaa kutaalee 1-12 keessatti qulqullina barnootaa fooyyessuudha.

Mootummaan Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa fandii **Fooyya'insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa(GEQIP)** kana dhaabilee gargaarsa **International Development Association (IDA), The Fast Track Initiative Catalytic Fund (FTICF)** fi dhaabilee deeggertoota misoomaa biroo kanneen akka **Mootummoota Fiinlaand, Niizerlaandii, UK fi Walta'insa Misoomaa Mootummaa Xaaliyaanii** irraa argate.

Ministeerri Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa qaamolii kallattiinis ta'e al kallattiin kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa **BLAG** maxxansiisuu keessatti qooda fudhatan hundaaf galata galchuu barbaada.

### **© Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii**

**Itoophiyaa, bara 2003**

ISBN 978-99944-2-058-2

Dhaabbata Maxxansaa Alguuraarii

Lakk. Sanduuqa Poostaa 5613

Dubaayi, U.A.E

Wal ta'insa

[Dhaabbata Maxxansiisaa Kuraaz Internaashinaalii](#)

[Lakk Sanduqa Poostaa 100767](#)

[Finfinnee,](#)

[Itoophiyaa](#)

Mirgi maxxansaa seeraan eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamiyyuu hayyama Ministeera Barnootaa ykn hayyama qaama labsii **Nagaarit gaazeexaa lakk 410/2004** qabeenya sammuu egsisuuf angoon kennameefiin alatti baa'yisuun, haala addaatiin itti fayyadamuuf kuusuu fi tamsaasuun dhorkaaddha.

Kitaaba kana keessatti abbootii mirga maxxansaatiif haga danda'ametti beekamtii kennuun ragaalee adda addaa fedhanneerra. Akka tasaa ta'ee beekamtii osoo hin kenniin kan fudhanne yoo jiraate dhiifama gaafachaa, maxxansa fuula duraa keessatti galchuu akka barbaannu asumaan ibsina.

Qaamni mirgi maxxansaa koo sirriitti beekamtii osoo hin argatiin ragaan koo fudhatameera jedhu yoo jiraate karaa teessoo keenya armaan gadii nuuf barreessuu ni danda'a:

**Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa**

**Lakk. Sanduuqa Poostaa 1367**

**Finfinnee,**

**Itoophiyaa**

## Baafata

Qabiyyee

*Fuula*

<b>Boqonnaa 1. Sirna Dimookiraatawaa .....</b>	<b>1</b>
<b>Boqonnaa 2. Olaantummaa Seeraa .....</b>	<b>15</b>
<b>Boqonnaa 3. Walqixxummaa .....</b>	<b>31</b>
<b>Boqonnaa 4. Haqummaa .....</b>	<b>48</b>
<b>Boqonnaa 5. Jaalala Biyyaa .....</b>	<b>65</b>
<b>Boqonnaa 6. Miira Itti Gaafatamummaa .....</b>	<b>81</b>
<b>Boqonnaa 7. Aadaa Hojii Cima .....</b>	<b>97</b>
<b>Boqonnaa 8. Of Danda'uu .....</b>	<b>112</b>
<b>Boqonnaa 9. Aadaa Qusannaa .....</b>	<b>126</b>
<b>Boqonnaa 10. Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa .....</b>	<b>140</b>
<b>Boqonnaa 11. Beekumsa Fedhuu .....</b>	<b>153</b>

# BOQONNAA TOKKO SIRNA DIMOOKIRAATAWAA

## Kaayyoo Boqonnichaa :

*Boqonnaa kana barattanii erga xumuranii booda ;*

- Maalummaa sirna dimookiraatawaa ni himtu.
- Faayidaa dimookiraasii ni ibsitu.
- Mirgoota namummaa fi dimookiraasii sirna dimookiraatawaa keessatti kabajamuu qaban ni tarreessitu.
- Maalummaa garaagarummaa fi garaagarummaa waldandeessisanii akkamiin waliin jiraachuun akka dandaemu in hubatu.
- Maalummaa mootummaa federaalaa fi mootumoota naannoolee ni hubatu.
- Maalummaa hariiroo biyya alaa ni himtu.

## 1.1. Dimookiraasiin Maaliidha?



*Fakkii 1.1. Filannoo muusee daree*



*Fakki 1.2. Maree dambii daree barnootaa*

*Fakkii 1.1 Irratti maaltu isinitti mul'ata?*

*Daree keessatti maaltu akka taasifamaa jiru tilmaamaa.*

*Fakkii 1.2 Irratti maaltu isinitti muldhata?*

*Galma keessatti maaltu raawwata? Mee tilmaamaa.*

*Jecha "Dimookiraasii" jedhu yeroo baay'ee dhaga'uu hin ooltan, yoo jecha dimookiraasii jedhu dhageessan yaada sammuu keessanitti dhufu ibsaa ?*

## **Filannoo Muusee Daree**

*Obboo Margaan abdaree kutaa 5ffaa mana barnootaa Fiinote Xibabiiti. Manni barnootaa boqonnaaf cufamee erga banamee torban tokko ta'eera. Bariisaa Margaan bara darbe, Girmaachoon muusee daree ta'uun filaatamee akka ture barattootaa yaad-achiisuun "muuseen bara darbee, Girmaachoon,*

*bara kana itti haa fufuu moo muusee haarawa filachuu bar baaddu?" jechuun barattoota gaafate.*

*Barattoonni harki caalaan muusee haara filachuu akka barbaadan ibsan. Ta'ullee barattoonni muraasni, Girmaachoon muusee ta'ee akka itti fufu waan barbaadaniif, Girmaachoon akka dorgomu waliigaltee irra gahan.*

*Haala kanaan barattoonni kutaa 5ffaa barataa Girmaachoo, barataa Geetuu fi barattuu Alamituu dorgommiif dhiyeessan. Barataa Geetuun muusee akka ta'u barattoonni 15n yoo filatani, barataa Girmaachoo immoo barattoonni 12 sagalee kennaniif turan. Kan hafan, barattoonni 40 barattuu Alamituu filatan. Barattuu Alamituun sagalee caalmaan waan filamteef muusee kutaa 5ffaa taate. Barattoonni kutaa 5ffaa bara kanaaf hogganaa fi bakka bu'aa isaanii karaa dimookiraataawaa ta'een waan filataniif gammadaniiru.*

*Barattoonni mana barnootaa Fiinoote Xibabi kutaa 5ffaa, bakka nu buuti, nuuf hojjatti jedhanii barattuu Alamituu karaa dimookiraataawaa ta'een waan filataniif hiriyoota ishee galateeffatte. Barattoonni, "Dimokiraasii jechuun kana, abbaa aangoo taanee jirra." jechuun baay'ee gammadan.*

*Adeemsa dimookiraataawaa ta'een barataan muusee ofii filateen hogganamuun gaarii ta'uu hubatan. Muuseen filatantes, sirriitti yoo hin hojjenne, itti gaafatamummaa yoo hin baane, kan*

*biroo fooyya'aa filachuuf waliigaltee irra gahan. Muusen duraas, muusee haaraaf aangoo karaa nageenyaatiin kenne.*

### **Gilgaala 1.**

#### **Gaaffilee armaan gadii deebisi**

1. kan armaan olitti dubbistanii fi fakkii ilaaltan irratti hundaa'uun jecha "Dimookiraasii" jedhuuf hiika kennaa.
2. Deebii gaaffii lffaa irratti maalummaa dimookiraasiitiif kennitan, dubbisaan dura hiika kennitaniin walfakkaataa?
3. Barsiisaa Margaan, Girmaachoo muusee ta'ee akka itti fufu osoo godhee rakkoo qabaa? Irratti mari'adhaa.

Maalummaa dimookiraasii armaan gadiiti kenname dubbisuun deebii keessan wajjin madaalaa. Dimookiraasiin jecha **Giriikii** durii lama "Dimoo" fi Kraatios" jedhu irraa kan fudhatameedha.

"Dimoo" jechuun, Ummata biyya tokko keessa jiraatu yoo ta'u "kiraatoos" jechuun aangoo yookaan bulchiinsa jechuudha. Kana irraa ka'uun jechi "dimookiraasii" jedhu bulchiinsa ummataa yookaan bulchiinsa angoo harka ummataa jiru jechuudha.

Akka fakkii 1.1 irratti ilaaltanitti adeemsi barattoonni muusee ittiin filataniin, ummatillee, kan ittiin hogganamuun fi ittiin bulu fedhiin filatu; kan filateen hogganamuun jechuu dandeenya.

Akkuma faakkii 1.2 irratti barattoonni mana barnootaa isaaniitti haala dimookiraatawaa ta'een seera ittiin bulmaataa isaanii irratti marii gochuun yaada fooyya'insa kennuun dammaqinaan akkuma hirmaatan ummanniilee dhimma isaa irratti murtee kennuuf ni hirmaata.

Walumaagalatti, sirna dimookraasii keessatti muusee yookaan hogganaa yoo filannu, namoonni dhimmi kun isaan ileallatu hundi walqixa hirmatu. Sirna dimookiraasii keessatti ummanni dhimmoota murtee hawaasaa barb-aadan irratti dammaqinaan hirmaata. Namoota filannoof dhiyaatan keessaa kan sagalee caalmaa argate musee yookaan hoogganaa ta'a.

## Gilgaala 2

### Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Mana barnootaa keessanitti muusee filachuu fi seera ittiin bulmaataa irratti mari'achuun ala adeemsa hojii dimookiraasii ittiin ibsaman jira? yoo jiraatee barreessi. Yoo hin jirree mana barnootaa keessan keessatti maal maaliin adeemsi dimookiraasii jiraachuu akka qabu ibsi.
2. Kutaa fi mana barnootaa keessan keessatti adeemsi dimookiraasii akka jiraatu gochuun bu'aa yookaan faayidaa inni qabu ibsi.

## 1.2. Maalummaa Mirgoota Namummaafi Mirgoota Dimookiraasii

### 1.2.1. Maalummaa Mirgoota Namummaa

- *Mirga namummaa jechuun maal jechuu akka ta'e hiika kee barreeffamaan kenni.*
- *Maalummaa mirgoota namummaa jecha keetiin waraaqaa irratti barreessi.*
- *Hiika mirga namummaa atii fi hiriyaan kee barreessitan wal bira qabaatii irratti mariyadhaa.*

Barattootaa, maalummaa mirga namummaa armaan gaditi dhihaate dubbisuun deebii keessan wajjin walbira qabuun ilaaluun walmadaalchisaa.

Mirga namummaa jechuun namni nama ta'uu qofaan mirga qabuudha. Fakkeenyaaf, mirga lubbuun jiraachuu fi nageenya qaamaa qabaachuun mirgoota namni kamiyyuu nama ta'uun qabudha.

Namni kamiyyuu mirga lubbuun jiraachuu qaba yoo jedhamu yakka cimaa seeraan tumame yoo raawwate malee mirgi lubbuun jiraachuu isaa hin sarbamu. Mirga nageenya qaamaa yoo jedhamu namni kamiyyuu miidhaa fi adabbii qaamaa seeraan alaa (garmalee) irraa eegamuuf mirga qaba jechuudha.



## 1.2.2. Maalummaa Mirgoota Dimookiraasii



*Fakkii .1.3 Hundeeffama Gumii*

*Fakkii irratti kan mul`atu, barattoonni mirgoota dimookiraasii isaanii keessaa tokko yoo hojirra oolcha niidha.*

- *Mirga dimookraasii fakkii irratti argitan kun isa kam akka ta'e himaa.*
- *yaada kana irraa ka'uun maalummaa mirgoota dimookraasii ibsaa.*
- *Yaada fakkii irraa hubattan irraa ka'uun dimookiraasiin maal akka ta'e hubattanii? Hangam akka hubattan yookaan isinii gale mirkaneessuuf yaadannoo armaan gadii siriitti dubbisaa.*

Mirga dimookiraasii jechuun, sirna dimookiraasii keessatti namni dhuunfaas ta'e hawaasni miseensa sirnichaa ta'uu isaaniitiin mirga seeraan kennamuufiidha. Mirgi dimookraasii sirna dimookraasii keessatti kan eegamuu fi kabajamuu qabu hedduudha. Fakkeenyaaf, mirgi waldaan gurma'uu mirga dimookraasii keessaa isa tokkodha. Namni sirna dimookiraasii keessatti mirga waldaan gurma'uu qaba . Haala kanneen barattoonni mana barnootaa

isaanii keessatti gumii adda addaa ijaaruu fi gumii adda addaa keessatti hirmaa chuuf mirga qabu. Barattoonni, mirga dimookiraasiitti fayyadamuun yeroo gumii ijaarratanii fi gurmaa`an seera mana barnootaa kabajuutu isaan irraa eegama. Barattoonni gumiiwwan kee ssatti yeroo hirmaatan mirga hawaasa mana barnootaa kabajuu fi nageenya barattoota biroo eguuf dirqama qabu.

Jechi Mirga jedhuu of keessaa dirqama qaba. Mirgi ofiisaa (qofaa isaatti) guutuu miti. Bakka mirgi jiru hundaa dirqamnillee ni jiraata. Mirga yoo jennu dirqamaa fi itti gaafatamummaa namoonni qaban of keessaa qaba.

Kanaafuu, namni kamiyyuu yeroo mirga isaatti faayadamu haala mirga nama biroo irratti miidhaa hin qaqqabsiifneen ta'ee, dirqamni mirga namoota biroo kabajuun akka irra jirus dagachuu hin qabu.

### Gilgaala 3

#### Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. **Maalummaa mirgoota namummaa gabaabinaan fakkeenya kennuun ibsi.**
2. **Maalummaa mirgoota dimookiraasii fakkeenya kennuun gabaabsii ibsi.**

## 1.3. Garaagarummaa

### 1.3.1. Daree fi Mana Barnootaa

#### Keessatti Garaagarummaa

#### Barattoota Giddutti Mul`atu



Fakkii 1.4. Barattoota yeroo Boqonnaa waliin taphatan

- *Fakki 1.4 sirriitti ilaali. Barataa cinaa kee jiru wajjin ta'uun garaagarummaa barattoota mana barnootaa keessan keessatti mula'tuu tarreessaa.*
- *Ofii keessan waan wal isin fakkeessanii fi adda isin taasisan shan shan barreessaa.*
- *Marii keessan irratti hunda'uun garaagarummaan maal akka ta'ee fi waa'ee garaagarummaa kan hubattan ibsaa.*

Dubbisa armaan gaditti dhiyaate dubbisuun maalummaa isin garaagarummaaf kennitan wajjin walbiratti xinxalaa.

Garaagarummaa jechuun bifaan, amantiin, umriin, saalaan, hojjaadhaan (dheerinaan yookaan gabaabinaan), dandeettii fi kkf wantoota uumama nama tokkoo kan biroo irraa adda godhan jechuudha. Tokkoon tokkoon keenya namoota biroo wajjin wantoota baay'eetiin walfakkeenya akkuma

qabnu waantoota adda nu taasisanis ni jiru.

Dhimmi ijooon, waantoota adda adda nu taasisan irra waantoonni wal nu fakkeessan heddu ta'uu isaanii hubachuudha. Dhimmi inni guddaan garaagarummaan jiraachuun isaa kan hin hafnee fi barbaachisaa ta'uu isa hubachuudha.

Garaagarummaan jiraachuun isaas jireenya keenya daran gammachisaa miidhagaa fi gaarii akka ta'u kan godhu ta'uu isaati.

### 1.3.2. Garaagarummaa

#### Waldandeessisa nii

#### Nageenyaan waliin Jiraachuu

- *Hiriyoota keessan yookaan obbolaan keessan wajjin tapha yookaan hasaawa keessatti waliigaluu dhabuun yeroo wallo-ltan yookaan waldhabdan yaadadha.*
- *Hiriyoota si bira jiranitti waan si mudate himi. Sabaabii walitti bu'uinsa yookaan walloluu keessanii fi yeroo lolaa maaltu akka uumame gabaabsii itti himi.*

#### *Ergibee fi Faaxoo`*

Ergibee fi Faaxoon hiriyoota baay'ee waljaalataniidha. Maatiin `Ergibee` qonnaan bultoota yoo ta'an maatiin `Faaxoo` immoo daldaaltota. `Ergibee fi Faaxoo`n yeroo boqonnaa isaanii hunda dhimmoota adda addaa kaasuu irratti mari'atu. Yeroo tokko tokko walmormu. Garuu guyyaa tokkolle garaagarummaa yaadaa irratti wallolanii hin beekan.

Yoo danda'an waliigaluu yoo ta'uu baate immoo garaagarummaa walii-kabajuun gargara ba'u. Mormii isaanii karaa nageenyaatiin xumuru. Gaafa tokko garuu ,`Ergibee fi Faaxoo` wanti addaa tokko isaan qunname. Qotee bulaa fi daldaalaa kees saa kamtu irra biyya fayyadaa? jechuun mormii eegalan. Ergibeen "qotee bulaatu caala" yoo jettu Faaxoon" immoo daldaalatu caala" jette. Lachuu mormii isaanii keessatti amala addaa mul'isu ture . Sagalee ol kaasuun walitti wacu ture.

Akkuma argan dubbachuu malee wal dhageeffachuun waan hin jirreef walii galuu hin dandeenye. Mormii yeroo dheeraan booda dhimmichi maal akka ta'e fi haala keessa turan dinqisii-fachuun maaltu nu tuqee? maal tanee? jechuun of gaafatan. Wal dhageeffachuu dhabuun sababii mormii isaani akka ta'e hubatan. Waliigaluu kan dadhabaniif maatiin Ergibee qonnaan bulaa waan ta'anif qotee bulaan akka caalu waan barbaaddef. Akkasumas, Faaxoon maatii daldalaa taatee waan daldalaaf looguudhaaf dhaabbatteef ta'uu hubatan. Gochi isaanii akka sirrii hin taane amananii waan raawwatanitti gaddan.

Xumura irratti garaagarummaa dhisuun qotee bulaa fi daldaalaan walqixxee akka misooma biyyaatiif fayyadan walii galan. Qotee bulaan daldalaa malee, daldalaan qotee bulaa malee, hojiin isaanii bu'a qabeessa ta'uuf akka

rakkisu hubatan. Yeroon boqonnaa xumuramu bilbilamnaa Ergibee fi Faaxoon bakka taa'anii ka'anii walqabatani gara daree deeman.

#### Gilgaala 4

##### Dubbisa armaan oliirratti hundaa'uun gaaffilee kennaman deebisi

1. Ergibee fi Faaxoon falmii isaanii keessatti maaliif wal dhageeffachuu irra waliitti wacan?
2. Garaagarummaa keessatti waldanda'uun nageenyaan wajjin jiraachuuf faay'idaa maaliif qaba?
3. Gochaaf seenaa Ergibee fi Faaxoo kan irraa barumsa maal argattan?

Garaagarummaa keessatti waldanda'anii nageenyaan wajjin jiraachuuf waantoota barbaachisan keessaa inni ijoon obsaan wal dhageeffachuudha. Waa'ee dhimma kanaa ilaalchisee barreeffama armaan gadii sirriitti dubbisuun xumura irratti hojii gareen kenname hojjedhaa.

Namoonni waantoota hedduu uumaan ittiin walirraa gargar ta'an akka qaban hubanneera. Garaagarummaa kana irraa ka'uun ilaalcha, yaadaa fi amantii mataa isaanii qabu jechuudha.

Garaagarummaa yaadaa fi ilaalchaa jiraachuun immoo namni kamiyy-uu yaadni kiyayaa fi kan ani jedhe qofaatu sirriidha,kan biraa immoo dogoggora jechuu hin danda'u.Yoo kun ta'e, walitti bu'iinsi fi jeequmsa ni uumama.

Kanaafuu, walitti bu'iinsi akka hin uumamne waldanda'uun nageenyaa fi

obsaan waldhageeffachuun bayy`ee barbaachisaadha. Obsaan garaagarummaa fudhachuun waldanda'uun, nageenyaan jiraachuuf gargaara. Obsa qabaachuun garaagarummaa; bifaa, amantii, dandeettii fi kkf jiraatullee fedhii namootaa hubachuu fi kabajaan walgargaaraa wajjin jireenyaaf fayyada.

Garaagarummaa jiru kabajuudhaan waldanda`anii nageenyaan wajjin jiraachuun jechuun amantiin, yaadaan, bifaan, sanyii fi kkf adda adda kan ta'e nama kamiyyuu mirga isaa kabajuu fi kabajaa dhuunfaa isaallee eeguudha. Garaagarummaa dhala namaa akka qabeenya olaanaatti fudhachuun dinqisiifachuu, mirga dhala namaa hundaa aadaa, amantiin, sanyii kkf faayidaa gaarii qabaachuu amanee fudhachuudha. Kana gochuu danda'uun immoo garaagarummaan uumamaa dhala namaa akkuma jirutti ta'ee nageenyaa fi jaalalaan akka wajjin jiraataniif fayyada.

### Gilgaala 5

#### Gaaffilee armaan gadii dalagaa.

1. Maatii yookaan ollaa gidduutti garaagarummaa obsaan fudhachuun nageenyaan wajjin jiraachuun dhabamee walitti bu'insi haala itti uumame fi walitti bu'insaa kanaaf furmaata kenname kan of keessaa qabu maatii keessan gaafachuun barreeffama fuula tokko hin caalleen dhiheessaa.
2. Gocha kana irraa maal akka barattan gabaabsaa ibsaa.

## 1.4. Sirna Mootummaa Itoophiyaa


### 1.4.1. Maalummaa fi

#### Bdrbaachisummaa

#### Mootumma Dimookiraatawaa



Fakkii 1.5. Buufata filannoo Ganda



Fakkii 1.6. Caaseffama Mootummaa DFRI

- *Fakkiin 1.5. kan mul'isu namoota maal godhaniidha.?*
- *Fakkiin 1.6. maal agarsiisa?*
- *Jecha mootummaa jedhu yoo dhageessu yaadni sammuutti si dhufu maal akka ta'e ibsi.*

Sirni mootummaa dimookiraatawaa sirna ummanni bilisaan yaada isaa itti ibsatuu fi bulchiinsa keessatti hirmaatuudha. Hooggansa mootummaa dimookiraatawaa keessatti ummanni ol'aantummaadhaan filuu fi filatamuu keessatti ni hirmaata, ni murteessas.

Kana malees, ummanni dhimmoota adda addaa keessatti hirmaata. Fakkeenyaaf misooma naannoo.

Mootummaan dimookiraatawaa sirna mootummaa ummanni qooda keessatti fudhatu waan ta'eef bu'aa hedduu qaba. Bu'aa kanneen keessaa ijoo kanneen armaan gadiiti tuqamaniidha.

- Mirgootaa fi faayidaa ummataa karaa sirrii ta'een egsisa.
- Bulchiinsa gaarii mirkaneessa.
- Ummanni nageenyaa fi tasgabbiin hojjetaa akka jiraatu taasisa.
- Haala kanaan misooma biyyaa saffisiisa.

### Gilgaala 6

#### Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa

1. Mootummaa dimokraatawaa jechuun maal jechuudha?
2. Faayidaa mootummaa dimookiraatawaa tarreessaa?

### 1.4.2. Maalummaa Mootummaa Federaalawaa

- *Jecha federaala jedhu yeroo baay'ee ni dhageessu. Maal jechuus akka ta'e beektuu? Mee jecha federaala jedhu yoo dhageesse yaada sammutti si dhufu waraaqaa irratti barreessi.*
- *Yaada waraaqaa irratti barreessite kana hiriyoota kee si cinaa jiran wajjin walitti agarsiisa.*
- *Hangam hiika walfakkaatuu fi adda ta'e akka qabu irratti mari'adhaa.*

Federaala jechuun, sirna mootum-mootni ofiin of bulchan gamtaadhaan waliin jiraataniidha. Caasaa mootummaa federaalawaa keessaa mootummaa jiddu galeessaa fi mootummoota naannooleetu jiraata. Fakkeenyaaf, mootummaan federaalawaa dimookiraatawaa rippubliika Itoophiyaa mootummoota naannoolee sagal (9) miseensummaan ofkeessatti qabata.

Sirna mootummaa federaalawaa keessatti caassaa bulchiinsa aangoo mootummaa giddu galeessaa fi mootummaa naannoolee heeraan adda bahee ta'eera. Mootummaan giddu galeessaa maqaa mootummaa federaala jedhuu yoo qabatu aangoo seeraan kennameefii ala dhimma mootummoota naannoo keessa hin galu. Mootummoonni naannoolee aangoo seeraan kennameefii ala dhimma mootummaa giddu galeessaa keessa hin seenan yookaan hin galan.

### Gilgaala 7

#### Gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Jecha Federaala jedhuuf hiika isin kennitanii fi kan dubbisa keessatti kenname hangam akka walitti dhihaatu ilaalaa .
2. Mootummaan federaalaa sirna mootummaa akkamiiti ?

### 1.4.3. Maalummaa Mootummoota Naannoolee

**Furtuu**  
Daangaa Biyyaa  
Daangaa Naannoolee  
Daangaa Zoonii

**Naannoo**  
1. Tigraay  
2. Affaar  
3. Amaaraa  
4. Oromiyaa  
5. Somaalii  
6. Beneshaangul  
7. Ummattoota Kibbaa  
8. Hararii  
9. Gambeellaa  
10. Bul/Mag/ Finfinnee  
11. Bul/Mag/ D/ Daawwaa

**Magaalaa**  
Maqalee  
Samaraa  
Baahir Daar  
Finfinnee  
Jijjigaa  
Asoosaa  
Awaasaa  
Harar  
Gambeellaa  
Finfinnee  
D/ Daawwaa



Mootummaa Naannoolee Itoophiyaa fi Magaalota isaanii

*Fakkii 1.7. kaartaa Itoophiyaa*

- *Itoophiyaan naannoolee meeqa qabdi? Maqaa isaanii tarreessi.*
- *Mootummaa naannoo jechuun maal jechuudha?*

Gurmaa`inni mootummoota naannoo mootummaa federaalatti aanuun caasaa gurma'ina ol'aanadha. Naannooleen qubannaa ummataa, afaan, eenyummaa fi fedhii irratti hunda'uun ijaaramu. Haaluma kanaan Itoophiyaan yeroo ammaa mootummaa naannoolee<sup>9</sup> (sagal) qabdi. Isaanis kanneen armaan gadii ta'u.

1. Mootummaa Naannoo Tigraayii
2. Mootummaa Naannoo Affaar
3. Mootummaa Naannoo Amaaraa
4. Mootummaa Naannoo Oromiyaa
5. Mootummaa Naannoo Sumaalee
6. Mootummaa Naannoo Beeniishaangul Gumuz


7. Mootummaa Naannoo saboota, sablammoota fi Ummattoota Kibbaa
8. Mootummaa Naannoo Gambeellaa
9. Mootummaan Naannoo Haraarii

#### Gilgaala 8

#### Gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. *Mootummaa naannoo jechuun maal jechuudha ?*
2. *Naannoo ati keessa jirattuu fi naannoo ollaa keetii lama barreessi.*

### 1.4.4. Maalummaa Bulchiinsa Magaalaa



*Fakkii 1.8. Wajjira Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee*

- *Bulchiinsa magaalaa jechuun maal jechuudha ?*

Akkuma mootummaa naannoolee magaaloonni Finfinnee fi Dirree Dawaa bulchiinsa mataa isaanii qabu. Itti waamamni isaanii mootummaa federaalawaatiif. Magaaloonni lamaan kun kan ittiin bulan **bulchiinsa Magaalaa** jedhamuun beekama.


## Gilgaala 9

### Gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Magaalonna lamaan ofiin of bulchan eenyu fa'a?

## 1.5. Hariiroo Biyya Alaa

### 1.5.1. Maalummaa Hariiroo Biyya Alaa fi Imaammata Biyya Alaa



Fakkii 1.9. Itoophiyaa fi biyyoota ollaa.

- *Kaartaa irratti kan mul'atan maqaa biyyoota ollaa Itoophiyaa tarreessaa.*
- *Itoophiyaan biyyoota ollaa wajjin maal maal fa'aan walitti dhufeenya qabdi ? Gareen irratti mari'adhaa.*
- *Itti aansuun hariiroo biyya alaa jechuun maal akka ta'e ibsaa.*

Hariiroo Biyya alaa jechuun, walitti dhufeenya biyyi tokko biyyoota biroo wajjin dhimmoota akka siyaasaa, dinagdee fi kkf irratti walitti hidhamaa fi wal gargaarsa taasistu jechuudha.

Imaammata hariiroo biyya alaa jechuun, qajeelfama waliigalaa biyyi tokko hariiroo biyyoota biroo wajjin taasiftu maal fakkaachuu akka qabu kan agarsiisudha.

Haaluma kanaan imaamanni hariiroo biyya alaa Itoophiyaa, biyyattiin biyyoota biroo wajjin nageenyaan wal kabajuun fi ollummaa gaarii uumuun waliigalteen walii wajjin jjiraachuu irratti hundaayedha.

## Gilgaala 10

### Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.

1. Hariiroo Biyya alaa jechuun maal jechuuha?
2. Imaamanni hariiroo biyya alaa Itoophiyaa maalidha?

## Xumura Boqonnaa

Sirni aangoo yookaan hoggansi bulchiisaa kan uummataa kan ta'e dimookiraasii jedhama. Bulchiinsi dimookiraasii bakka jirutti ummanni dhimma isa ilaalu irratti dammaqinaan hirmaata. Mirga namummaa, jechuun mirga namni nama waan ta'eef qofa argachuu qabuudha. Fakkeenyaaf, lubbuun jiraachuun mirga namummaa keessaa isa tokkodha.

Mirgi dimookiraasii immoo, sirna dimookiraasii keessatti namoonni dhuunfaas ta'ee, ummanni biyya sanaa miseensa sirnichaa ta'u isaaniif kan seeraan tumamee lammiileef kennamudha. Fakeenyaaf, mirgi gurmaa'uu mirgoota dimookiraasii keessaa tokkoodha. Namni kamiyyuu mirga ofiitti fayyadamuuf dirqama bahuu akka qabu sirriitti beekuu fi raawwachuus qaba.

Garaagarummaan bifaan, amantiin, umriin, saalaan, dandeettiin yookaan waantoota biroon namni tokko isa kaan irraa adda kan itti ta'u jechuudha. Garaagarummaan uumamaan kan jira- atuu fi barbachisaas kan ta'eedha. Namoonni kana irraa kaa'uun yaadaa fi amanti mataa ofi qabu. Kanaafuu, garaagarummaan jiraachuu isaa amanuun fudhachuu waldanda'anii nageenyaan wajjin jiraachuun barbaachisaadha. Obsa qabachuun fedhii walii waliif hubachuun walgargaraanii wajjin jiraachuuf fayyada. Garaagarummaa kabajaan fudhachuun, waldanda'uun nageenyaan waliin jiraachuun, amanti, bifa sanyii fi kkf nama nuun adda ta'e kamiyyuu kabjuu fi ulfina isaa eegudha.

Mootummaa dimookiraatawaa jechuun, sirna bulchiinsa mootummaa ummanni dhimmoota hunda keessatti qooda fudhatudha. Mootummaa dimookiraatawaan mirga fi faayidaa ummataa karaa seera qabeessaan eegsisa. Bulchiisa gaarii mirkaneessa. Ummanni nageenyaa fi tasgabbiin wajjin hojjetee akka jiraatu dandeessisa.

Federaala jechuun, sirna mootummaa, mootummoonni ofiin of bulchaan gamtaadhaan itti waliin jiraatanidha.

Naannooleen, kan hundeeffaman haala qubannaa ummataa, afaanii, eenyummaa fi fedhii irratti hundaa'uudhaan. Haaluma kanaan, Itoophiyaan yeroo ammaa mootummoota naannoo sagalii fi bulchiinsa magaalotaa lama qabdi.

Hariiroo Biyya alaa jechuun, walitti dhuufeenya biyyi tokko biyyoota biroo wajjin dhimmoota adda addaa irratti qabdudha. Haariiroon biyyoota alaa kan fedhii adda addaa irratti hundaa'ee walitti hidhama, michuummaa biyy- oota gidduutti uumamudha. Imaammanni Biyya alaa immoo qajeelfama bu'uuraa kan biyyi tokko irratti hundaa'ee hariiroo biyyoota alaa wajjin adeemsiftudha. Haaluma kanaan, imaammanni biyya alaa Itoophiyaa biyyootaa biroo wajjin nageenyaa fi walkabajuun ollummaa gaarii fi waliigaluudhan wajjin jiraachuu irratti kan hundaa'edha.



## Jechoota Ijoo

**Dimookiraasii:** Bulchiinsa ummataa

**Aangoo:** Waan tokko raawwachuuf mirgaa fi eeyyama seeraa qabaachuu.

**Mirga:** Dhalli namaa eegumsa seeraan godhamuuf irratti hundaa'ee bu'aa yookaan fedhii isaa ibsachuuf kan itti fayyaddamudha.

**Mirga Namummaa:** Mirga namni hundi nama ta'uu isaatiin argachuu qabudha.

**Mirga Dimookiraasii:** Mirga sirna dimookiraasii keessatti nama dhuunfaas ta'e ummataaf seeraan(mootummaan) kennamudha.

**Federaala:** Sirna mootummoonni naannolee adda addaa ofiin of bulchaa gamtaan keessa jiraataniidha.

**Bulchiinsa:** Qaama bakka bu'ummaa ummataa fudhatee biyya hogganudha

**Hariiroo Biyyaa Alaa:** Walitti dhuufenyi biyyi tokko biyyoota biroo wajjin dhimma adda addaa irratti (dinagdee siyaasaa fi kkf) qabdudha.

**Imaammata Alaa:** Qajeelfama bu'uuraa biyyi tokko biyya biroo wajjin hariiroo uumuuf irratti hundooftudha.

## Gaaffilee keessa Deebii

### I. Himoota armaan gadii duubbisuun sirrii kan ta'e dhugaa sirrii kan hin ta'in soba jechuun deebisi.

- \_\_\_\_\_ 1. Aangoo yookaan hoggansi dimookiraasii sirna bulchiinsa ummataati .
- \_\_\_\_\_ 2. Sirna dimookiraasii keessatti ummanni dhimmi isa ilaalu yoo murtaa'u irratti hirmaachuu qaba.
- \_\_\_\_\_ 3. Mirgi dimookiraasii namoonni nama ta'uu qofaaf mirga argataniidha.
- \_\_\_\_\_ 4. Mirgi namummaa namoonni dhuunfaa fi ummanni waan seera dimookiraasiin kan qabachuu yookaan aragchuu qabanidha.
- \_\_\_\_\_ 5. Garaagarummaan bifaa, amantii fi dandeettiin walfakkachuu dhabuudha.

### II. Yaada roga "A" jala jiran wajjin kan deemu roga "B" jalaa filachuun firoomsi

#### A

- \_\_\_\_\_ 1. Garaagarummaan jiraatullee fedhii namootaa hubachuun kabajuu
- \_\_\_\_\_ 2. Hoggansa ummanni hundi keessatti qooda fudhatuu fi hirmaatu.
- \_\_\_\_\_ 3. Hariiroo biyyi tokko biyyoota biroo wajjin dhimma adda addaa irratti uummatu.
- \_\_\_\_\_ 4. Aangoo ummataa bakka bu'ummaan fudhatee qaama biyya bulchu

#### B

- A. Dimookiraasii
- B. Hariiroo Biyya alaa
- C. Federaala
- D. Waldanda'uu
- E. Mootummaa

### III. Himoota armaan gadii dubbisuun bakka duuwwaa jecha yookaan hima sirrii ta'een guutaa

1. Garaagarummaa obsaan fudhachuun namoota biroo wajjin nageenyaan jiraachuuf baay'ee kan nu barbaachisu \_\_\_\_\_ dha.
2. Mootummoonni ofiin of bulchan garaagaraa gamtaa uumuun sirni bulchiinsaa uuman \_\_\_\_\_ jedhama.
3. Dhalli namaa eegumsa seeraan godhamuuf irratti hundaa'ee bu'aa fi fedhii isaa ibsachuuf jechi itti fayyadamnu \_\_\_\_\_ jedhamuun beekama .

### IV. Gaaffiilee armaan gadii duubbisuun deebii sirrii ta'e filadhaa.

1. Itti waamamni ishee mootummaa federaalaaf taatee magalaan ofiin of bulchitu kami?
- A. Baahir Daar
- B. Dirree Dawaa
- C. Maqalee
- D. Deebiin hin keenamne

2. Magaalaa aangoo ofiin of bulchuu kan qabduu fi teessoo bulchiinsa mootummaa federaalawaa kan taate kami?  
A. Finfinnee  
B. Dirree Dawaa  
C. Maqalee  
D. Baahir Daar
3. Mallattoo sirna dimookiraasii kan ta'e kami?  
A. Mirgoonni dhala namaa kabajamuu  
B. Mirgoonni dimookiraasii kababjamuu  
C. Waldanda'uu, waldhageeffachuu fi walkabajuun wajjin jirachuu  
D. hunduu deebiidha.
4. Mul'istuu mootummaa dimookiraatawaa kan hin ta'in kami?  
A. Hoggantoonni ummataa fultamaniidha.  
B. Hoggantoonni humnaan aangoo kan qabaataniidha.  
C. Ummanni dhimma biyyaa irratti dammaqinaan hirmaata.  
D. Deebiin hin kennamne
5. Nageenyaa fi jaalalaan wajjin jiraachuuf kan fayyadu isaa kami ?  
A. Garaagarumma akka qabeenyaatti fudhachuu, dinqisiiffachuu.  
B. Faaida qabeessummaa aadaa , amaantii, sanyii dhala namaa fi kkf amanuu.  
C. Aadaan, amantii sanyiin garee tokko kan biroo irra gaarii akka ta'e amanu.  
D. A fi B

#### IV. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaaba kennaa

1. Maalummaa dimookiraasii ibsaa
2. Mirgoota sirna dimookiraasii keessatti kabjamuu qaban tarreessaa.

# BOQONNAA LAMA OL'AANTUMMAA SEERAA


## Kaayyoo Boqonichaa :

### *Boqonnaa kana erga barattanii booda;*

- Maalummaa heeraa fi seerota biroo ni hubattu .
- Barbaachisummaa ol'aantummaa seeraa ni qayyabattu .
- Seerotaa fi danbiiwwan mana barumsaaf maaliif akka barbaachisan ni beektu.

## 2.1. Heerri Maaliidha?

- *Heera yoo jedhamu dhageessanii beektuu?*
- *Faayidaan heeraa maalii?*



Fakkii 2.1 Heera Mootummaa DFRI

Heerri dokimantii biyya tokko keessatti dhimmoonni siyaasaa, dinagdee fi haawaasummaa hundaaf qajeelfamaan seerri tumamee kan keessatti ibsamudha. Haala biraan yoo ibsamus heerri walabummaa fi mirga lammiwwanii kan keessatti ibsamudha. Akkasumas, heerri sirna bulchiinsa biyyaa fi dhimmoota dinagdee fi haawaamummaa mul'isa. Heerri seera ol'aanaa biyya tokkoo kan ta'ee madda aangoo bulchiinsaati .

Seerota hundaaf bu`uurri heera. Seerri fi adeemsi kamiyyuu heera biyyaa wajjin walsimachuu qaba.

Itoophiyaan, heera mataa ishee qabdi. Heerri Itoophiyaa sirna ijaarsa caasaa feederaalawa hordofa. Kunis, sabaa fi sab lammoonni abbaa aangoo ta'uu isaani mirkanesseera.

## Gilgaala I

### Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.


1. Heerri maaliidha?
2. Heerri maaliif barbaachisa?

### 2.1.1 Barbaachisummaa Heeraa

Heerri lammiilee biyya tokkoof faayidaa adda addaa kenna. Fakkeenyaaf lammiiileen mirga isaanitti akka fayyadamaaniif akaa itti gaafatamummaa isaanii ba'an gargaara. Mootummoonillee aa-

ngoo fi itti gaafatamummaa isaa hubachuun akka hojiirra oolchu gargaara. Keessumaa, heerri dimookiraatawaa lammiiileen fedhii fi jaalalaa isaaniin bakka bu'oota filataniin akka bulan godha.

### 2.1.2. Heerota Mootummaa Naannoolee



- *Chaarti armaan olii irraa maal hubattu?*

Heerri sadarkaa mootummaa federaala-waatiin qophaa'u seera ol'aanaa ta'uun tajaajila jechuun keenya ni yaadatama. Naannooleen ofii of bulchuu kan isaan dandeessisu heera mataa isaanii qabu. Heerri mootummaa naannoolee heera mootummaa federaalaa bu'uura godhachuun qophaa'a. Haata'u malee, naannooleen haala qabatamaa naannoo isaanii hubannoo fi xiyyeeffannaa keessa galchuun heera mataa isaanii qopheeffatu .

## Gilgaala 2

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Seerri maaliif? kaayyoo maaliif qophaa'a?
2. Heera jechuun maal jechuudha?.
3. Biyya tokkoof heerri maaliif barbaachisa?
4. Naannooleen heera mataa ofi qabuu?

### 2.1.3 Seerota fi Dambiiwwan


- *Seerri Kaayyoo maaliif qopha'a?*
- *Heeraan ala seeronni biroo jiraachuu kan danda'an haala kamiin ?*

Heera cinaatti seerota, dambiiwwanii fi qajeelfamoota baay'eetu jira. Isaanis, kan qophaa'an hundayyuu ol kan ta'e, heera irratti bu'uuureffataniti. Naannoo jireenya hawaasa hundaa keessatti waliigaltee fi waldanda'anii jiraachuuf seerri baay'ee barbaachisadha.


Kaayyoowwan seeraa ijoo keessaa muraasni kanneen armaan gadii ta'u;

- Mirgoota bu'uuraa namummaa fi dimookraasii kabachiisuu
- Haqummaa fi walqixxummaa mirkaneessuu.
- Walitti bu'iinsa karaa nageenyaan hiikuu
- Nageenyaa fi tasgabpii mirkaaneessuu

### 2.1.4. Dambiiwwan Mana Barnoota



**Fakkii 2.2. Daree Barnootaa seeraa fi dambiin hogganamuu (maddi; "AED/Beso instructional Kite")**



**Fakkii 2.3. Daree barnootaa seeraan hin hogganamne (maddi;Maakmiilaan kitaba Ingiliffaa kutaa 3ffaa)**

- *Fakkii " 2.2. fi 2.3. irraa maal hubattan?*
- *Adeemsa baruu barsiisuu daree kami keessatti adeemsfamuutuu bu'aa qabeessa ta'u danda'a?*
- *Isin kan filattan adeemsa baruu barsiisuu daree isa kamiiti?*

Mana barnootaa tokko keessatti barbaachisummaa seera ittiin bulmaataa sababoota mirkaneessan keessaa kanneen armaan gadii tuquun ni danda'ama .

- Adeemsa baruu barsiisuu seera qabeessa gochuuf
- Barattoota gidduutti walqixxummaa mirkaneessuuf
- Yerootti seeraan fayyadamuuf
- Haala hoggansaa fi hojimaata mana barumsaa bu'aa qabeessa gochuu fi kkf.

Mana barnootaa tokko keessatti seeraa kabachisiisuun yoo hin jiru ta'e mirgi barattoota hin kabajamu, rakkoleen naamusaa bal'inaan ni uumamu, yeroon ni qisaasa`a, adeemsi baruu barsiisuu bu'aa qabeessa hin ta'u.

### Gilgaala 3

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Barbaachisummaa seera ittiin bulmaata mana barumsa irratti mari'adhaa.
2. Mana barnootaa keessatti seeraa kabachisiisuuf dambiin osoo hin jiraanne rakkoo maaltu uumamaa?

## 2.2 Ol'aantummaa Seeraatiif Bitamuu

### 2.2.1 Maalummaa

#### Ol'aantummaa Seeraaf Bitamuu

- *Ol'aantummaa seeraaf bitamuu jechuun maal jechuudha?*

Ol'aantummaa seeraa jechuun, lammiiileen kamiyyuu, abbootii aangoo dabalatee ol'aantummaa seeraatti amanuu fudhachuu akka qabaniif, seerri hundayyuu ol ta'uu akka qabu kan agarsiisu dha.

Kunis, namni hunduu seera duratti walqixxee ta'uu mirkaneessa. Ol'aantummaan seeraa sirna dimookiraasiitiif utubaa ta'uun tajaajila .

### Gilgaala 4

**Gaaffilee armaan gadii gareen erga irratti mari`attaniin booda gabaasa gabaabaa barreeffamaan dhiheessaa.**

1. Ol'aantummaa seeraa jechuun maal jechuudha?
2. Ol'aantummaan seeraa maaliif barbaachisa?

### 2.2.2. Ol'aantummaa Seeraaf Bitamuun Maaliif Barbaachisa?

- *Sabaaboonni ol'aantummaa seeraaf bitamun barbaachiseef tarreessaa?*

Lammiileen nageenyaa fi gammachuun akka jiraatan ol'aantummaan seeraa barbaachisaadha. Ol'aantummaan seeraa, mirgoonni lammiilee karaa kamiiniyyuu akka hin sarbamne wabii ta'a. Mana barumsaatti, ol'aantummaan seeraa kabajamuun, hoggantoonni mana barumsaa, barsiisonnii fi barattoonni hojii isaanii seeraan ala akka hin raawwanne godha. Mirgi barattootaa gama kamiinuu akka hin sarbamne ni godha.

Biyya tokko keessatti seerri ol'aanaa ta'uun yoo hin hojjanne, lammiileen ol'aantummaa seeraaf yoo hin bitamne;

- Warri humna hin qabne fkn daa'imman fi manguddoonni rakkoo adda addaatiif saaxilamu
- Dirqiin gudeeduun, mirgi daa'immaanii kabajamuu dhabuun , qabeenyi namaa saamamuunii fi k.k.f.uumauu ni danda'u.
- Abbootiin humnaa ni baayyatu, kanneen humna hin qabne ni miidhu, raaawwiin seeraan alaa ni baay`ata, nageenyi ni bada, tasgabbiin ni dhabama.

### ***Dallansuu Obbo Namoomsaa***

Waggaa darbee eegalee mana barnootaa "Idigati Basiraa" keessaatti qabeenyi barattootaa baay'innaan ni bada. Dareewwan hundayyuu keessaa

barataan qabeenyi jalaa hin badiin muraasa. Obbo Namoomsaa Tumsaa ijoollee sadi mana barumsaa kanatti baratan qabu. Akka tasaa ijoollee obbo Namoomsaa sadanuu jalaa yeroo hundaa qabeenyi ni hatama. Kana irraa ka'uun Obbo Namoomsaan baay'ee waan aaraniif gara waajjira dura bu'aa mana barnootaa deemuun " Manni barnootaa kun seera hin qabuu? yookaan seera hin kabajuu? Barattoota seeraan ala ta'an hin to'atuu?, manni barnootaa akamitti madda balleessitootaa ta'uu danda'a?" jechuun gaaffiiwwan gaddaa dhiyeessan.

Barataa kutaa 5ffaa kan ta`e kiirubeel kan jedhamu, borsaan isaa yemmuu sakatta`amu, meeshaaleen barattoota muraasaa boorsaa isaa keessatti argaman. Kana irraa kan ka'e abbaa isaa akka fidu taasifame. Barataan kun yoo qoratamu dhugaa baasee hime. Gochi hattummaa fi dhoksuun raa-wwaataa ture kun waan cimina itti fakkateef qofa ta'uu ibsuun, akka dhiifamni taasifamuuf gaafate. Haala kanaan lamaffaa gocha kana fakk-aatutti akka hin deebine gorsuun dhiifamni godhameef.

Yeroo kana irraa jalqabee barattoota hedduu biratti meeshaaleen nu jalaa bada jedhanii yaadda'un hafee nageenyaan barachuu eegalan.



### Gilgaala 5

**Dubbisa armaan olitti dhiyaate bu'uura godhachuun gaaffiilee dhihaatan deebisi.**

1. Manni barnootaa keessan mana barnootaa armaan olitti dhihaate wajjin yoo madaaltan sadarkaa maalii irra jira?
2. Obbo Namoomsaa Tumsaa, mana barnootaa " seerri hin jiru, moo seerri hin kabajamu?" jechuun yoo gaafatan maal jechuu isaaniidha?
3. Amala `kiruubeel` akkamitti ilaaltan? Irratti mari'adhaa.

### 2.2.3 Maalummaa Seeraa Duratti Walqixxummaa Lammiilee

- *Lammiileen seera duratti walqixxeedha jechuun maal jechuudhaa?*

Lammiileen seera duratti walqixxeedha jechuun, lammiilee gidduutti garaagarummaan osoo hin jiraatiin namni hunduu sirna keessatti murtii argatu jechuudha.

Namni kamiyyuu yoo yakka yoo kaan badii raawwate seeraa bira iitti walqixxa itti gaafatamummaa qaba jechuudha. Nageenyaa fi walkabajuun jiraachuudhaaf seerri barbaachis-aadha. Seerri nama hun daa ijaa tokkoon ilaala. Waan kana ta'eef barattoonnii fi hawaasni mana barumsaa waa'ee

ol'aantummaa seeraa sirriitti beekuu qabu. Ol'aantummaan seeraa akka kabajamuu fi seerri akka hojii irra oolu, gareen hawaasaa hunduu deeggarsa gochuu qabu. Akkasumas, deeggarsaa fi hordoffii qaamolee hoggansa irra jiranii gaafata.

### Gilgaala 6

**Gaaffiilee armaan gadii irratti mari'adhaa .**

1. Ol'aantummaa seeraa jechuun maal jechuudha?
2. Ol'aantummaa seeraaf bitamuun maaliif barbaachisaa ?
3. Lammiileen seera duratti walqixxeedha jechuun maal jechuudha?
4. Seerri ol'aantummaa yoo hin arganne, maaltu uumama?

## 2.3 Naamusa


### 2.3.1. Naamusni Maali?

- *Maatiin keessan isiin galatoomfatee yookaan ceepha'ee beekaa ?*
- *Yoo maal maal gootan galateeffatamtuu?*

#### **Naamusni:**

- Safartuu amala sirrii ta'eef kan sirrii hin ta'inii ti .
- Yaadni yookaan gochi tokko fudhatama qabaachuu yookaan dhabuu, gaarii yookaan gadhee, sirrii yookaan dogoggorri kan ittiin ibsamuudha.

- Wantoota nama galateeffachiisan yoo raawwanne amala gaarii , waantoota ceephisiisan yoo raawwane amala gadhee ta'uu nutti mul'isa .



**Fakkii 2.4. Maatiin gaarii bu'uura naamusa gaariiti .**

(Maddi; Komiishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Federaalaa)

- **Fakkii armaan oli irraa maal hubattan?**

Ibsitoota amala gaarii sadarkaa maatiitti raawwachuu qaban keessaa ijoowwan kan ta'an kanneen armaan gadiiti.

### 1. Haadhaa fi Abbaa Kabajuu

- Yeroo haadhaa fi abbaan keenya nu gorsan obsaan dhageeffachuu fi gorsa isaanii hojiirra oolchuu.

- Humna maatii keenyaa hubachuun fedhii keenyaan walsimsiinee ibsachuu.
- Haadhaa fi abbaa keenya yoo alaa galan lafaa ol ka'uun kabajaan simachuu.
- Hojii dandeenyu irrati hirmaachuun maatii gargaaruu fi k.k.f....

### 2. Hangafa Kabajuu

- Miseensota maatii wajjin walkabajuu fi waljaalachuu.
- Miseensa maatii umriin nu caalu kabajuu.
- Obboleessa , obboleettii fi miseensota maatii biroollee kabajuu fi jaalachuu.

### 3. Itti Gaafatamummaa keenya Galmaan Gahuu

- Qulqulina ofii eeguu (harka , fula , miilaa fi rifeensa kkf . dhiqachuu, qulqullina qaama keenya eeguu, qeensa qorachuu, uffataa miicachuu, iddoo qulqullina hin qabne taa'uu irraa of qusachuu fi k.k.f)
- Barumsa seeraan hordofuu (hojii manaa dalaguu, qo'achuu, waan ifa hin tanee gaafachuu, barsiisota kabajuu, waliirra barachuu fi kkf.)

## Gilgaala 7

### Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Amalli gaarii maalli?
2. Amaloota gaarii sadarkaa maatiitti raawwatamu keessaa kanneen mana barnootaa keessatti ibsamaniin ala kan jiran qabxiwwan armaan gadiif fakkenya sadi sadi kenni.

A/ Haadhaa fi abbaa kabajuu kan ilaalan


B/ Hangafa kabajuun kan walqabatan

C/ Qulqullina dhuunfaa eeggachuun kanneen ilaalatan

## 2.4 Aangoo

### 2.4.1 Maalummaa Aangoo

- *Mana barumsaa keessanitti aangoo ol'aanaa kan qabu eenyuudha ?*



Mana hojii yookaan mana barnootaa tokko keessatti namoonni sadarkaa hojii adda addaa irratti ramadaman maal maal akka raawwatan kan agarsiisu aangoo jedhama.

### 2.4.2 Maalummaa Fi

#### Barbaachisummaa

#### Daangeeffama Aangoo

- *Aangoo daangeessuun faayidaa maalii qaba?*

Aangoo ilaalchisee, abbaa fi haati karaa ni ta'a jedhaniin ijoollee fi maatii isaanii bulchuuf aangoo qabu. Akkasumas, dura bu'oonni manneen barnootaa, barsiisotaa fi barattoota hoogganuuf aangoo qabu. Haaluma kanaan, muuseewwan daree nageenyaa fi tasgabbi darree barnootaa eegsisuu qabu. Haa ta'u malee, aangoo kana akka fedhii isaanitti itti fayyadamuu hin danda'an. Aangoo fi itti gaafatamummaan nama tokko kan wagitu ta'uu qaba.

Namni itti gaafatamummaa ol'aanaa qabu, aangoos ol'aanaa qabaata. Barsiisaa fi dura bu'aan mana barnootaa aangoo walqixxee hin qabaatan. Dura bu'aan mana barnootaa dhimmoota mana barumsaa hedduu irratti itti gaafatamummaa waan qabuuf aangoo kana raawwachisuu danda'u qaba.

Ittigaafatamaan kamiyyuu aangootti seeraan fayyadamuun irraa eegama. Aangootti seeraan fayyadamuu dhabuun daangaa aangoo darbuu jedhama. Sabaaba kanaan ol'aantummaan seeraa ni caba. Haalli kun lammiilee irratti miidhaa waan fiduuf qaama kana raawwate seeraan akka ittigaafatamu isa taasisa.

**Gilgaala 8****Gaaffilee armaan gadii deebisi**

1. Aangoon maaliidha?
2. Aangoo daangessuun maaliif barbaachisa?
3. Aangoon muussee dareef kennamu osoo daangefamuu baatee rakkoo maaltu uumamuu danda'a?
4. Barsiisaan tokko barattoota daangaa malee yoo adabe maaltu uumamuu danda'a?

**2.5 Iccitii**

- *Waan namni tokko iccitii jedhee isinitti hime yaadachuu dandesstuu?*
- *Icciti isinitti himame namaa birootti himtanii beektuu?*

Iccitiin dhimma nama tokkoo yookaan hiriyoota gidduu yookaan maatii yookaan garee namoota dhimmoota adda addaan hariiroo qaban gidduutti eegamuu fi beekamuu qabu ta'ee, kan namoota biroof darbuu yookaan beekamuu hin qabneedha. Odeeffannoo nama tokko irraa gara nama birootti darbu nama dubbatu yookaan dhaga'u irratti miidhaa kan qaqqabsiisu ta'uun isaa yoo tilmaamame yookaan mirkanaa'e malli dhimma kana ittiin dhoksanii qabatan icciitii jedhama.

**2.5.1 Iccitii Dhuunfaa**

- *Iccitiin dhuunfaa maalii?*

**Iccitii Qisaassessuu**

Abbaan manaa aadde Qalamuwaa, Obbo Zamadkun, haati manaa saanii iccitii eeguu fi eeguu dhabuu ishee madaaluuf mala tokko uume. Iccitii isheetti himamu nama kamittiyyuu akka hin himne waadaa seensiseenii, “Halkan har`aa buuphaan dhale” jedhee buuphaa reefuu buute itti mul`se. Aadde Qalamuwaanis, bariisaa sanatti, hiriyyaa ishee waadaa seen-sistee, “Abbaan manaa koo halkan kaleessaa buuphaa lama dhale” jettee itti himte. Hiriyaan kunis, hiriyyaa ishii kan birootti waadaa seensistee.

“Abbaan manaa abaluu buuphaa sadi dhale” jettee himte. Oduun kunis haala kanaan baay`achaa deemeeti, obbo Zamadkun qe`ee jiraatanitti namni marti quba isaanitti qabe. Dhumarrattis oduun kun gurra obbo Zamadkuun bira ga`e. Obbo Zamadkuunis, oduu kana akkuma dhaga`aniin, balaan ofii kootiin ofitti fide, qe`ee itti kabajmee jiraadhutti na salphise jechuun ofitti gadduu jalqaban. Haadha manaa isaanii waamaniiti “Maaliif iccitii koo eeguu dadhabde? Kan buuphaa dhalu handaaqqoodha malee nama miti” jechuun abboomaniin. Iccitiidha jedhamee wanta himame ariifatanii nama biraatti himuun, rakkoorra kan nama geessu ta`uusaa ibsaniif. Qe`ee itti kabajamanitti akka isaan salphistes ibsaniif. Kana booda obbo Zamadkuniif aadde Qalamuwaa gidduutti walamantaan

waan dhabameef manni isaanii nagaa dhabe. (Maddi; Abbaabbaa Tasfaayee fi oduu durii isaanii –Kitaaba Tokkoffaa)

*Waan iccitiidha jedhame ariifatanii nama biraatti himuun rakkoof nama saaxila.*

### Gilgaala 9

**Dubbisa armaan olitti dhiyaate irratti hundaa`uun gaaffilee itti aanan deebisaa.**

1. Obbo Zamadkun icciti dhuunfaa isaa qisaasessuutiin rakkoon isarra ga`e maali?
2. Obbo Zamadkuun icciti dhuunfaa isaa eeggachuutu irra ture moo hin turre?

Iccitii eeguun mallattoo amala gaarii fi amanamummaa dha. Iccitiin, icciti dhuunfaa, icciti maatii, icciti hiriya, icciti ummataa fi biyyaa jedhamuun qoodamuu danda`a.

Iccitiin dhuunfaa, namoonni jireenya isaaniitti dhimma eenyuufiyyuu osoo hin ibsin qabatanidha. Iccitichi yoo beekamu ofirrattis ta`ee, nama biraarratti rakkoo uumuu danda`a. Sabaaba kanaaf, wanta iccitiidha jedhamee himame tokko of eeggannoon qabaachuun yookiin tursiisuun barbaachisaadha.

*Iccitii eeguun mallattoo amala gaarii ti.*

### Gilgaala 10

**Gaaffilee itti aanan irratti mari`adhaa**

1. Iccitii dhuunfaa eeguun dhabbuun miidhaa akkamii fida?
2. Iccitii eeguun, mallattoo amala gaariiti kan jedhamuuf maaliif?

## 2.6 Malaammaltummaa

### 2.6.1 Malaammaltummaan Maali?

- *Qaamni hawaasaa kan malaammaltummaan hin miidhamne ni jira jettanii yaadduu?*
- *Malaammaltummaa balleessuuf gaheen barsiisotaa fi barattootaa maalta`uu qaba?*

Malaammaltummaan namni tokko faayidaa itti hin dadhabinii fi hin barbaachifne argachuuf gocha raawwatamudha. Gara birootiin malaammaltummaan aangotti fayyadamuun karaa hintaaneen faayidaa dhuunfaa argachuuf gochaa raawwatamudha. Malaammaltummaan iddoon osoo hindaangessin, bakka kamittuu taanaan raawatamuu kan danda`u, gochaa seeraan alaati. Malaammaltummaan mana barumsaa keessatti raawwatamuu ni danda`a. Naannoo mana barumsaatti, haalaawwan malaammaltummaa barattootaan raawwataman keessaa kaneen armaan gadii jiran tuquu ni danda`ama.

- Hojii manaa yookiin qormaata ofitti amananii hojjachuurra, barataa biraa irraa waraabuu yookaan garagalchuu
- Qabeenya barataa biraa hatanii fudhachuu.
- Qabeenya mana barumsaa balleessuu yookaan fudhachuu.
- Yeroo dabarsuun mana barumsaa dhufuu yookiin yeroon osoo hin ga`in dursanii bahuu fi kkf

### Haalaawwan malaammaltummaa barsiisotaan raawwataman ibsan keessaa muraasni;

- Barattoota ija walqixxeetiin ilaaluu dhabuu yookiin loogii taasisuu.
- Karaa seeraan alaatiin barataaf qabxii dabaluu yookiin irraa hir`isuu.
- Yeroo barumsaa seeraan itti fayyadamuu dhabuu.
- Qabeenya mana barumsaa qisaassessuu.
- Seera mana barumsaatiif bitamuu dhabuu fi kkf tuquun ni danda`ma.

#### Gilgaala 11

##### Gaaffilee kanneen deebisaa.

1. Haalaawwan malaammaaltummaan itti raawwatamu tarreessaa.
2. Malaammaltummaa sadarkaa mana barumsaattii raawwataman ibsaa.

## 2.6.2 Gochaawwan

### Malaammaltummaa Naannoo Mana Barumsaa fi Jireenyaatti Raawwataman.

- *Naannoo keessanitti gochaawwan malaammaltummaa ni raawwataman jettanii shakkitan jiruu? Yoo jiraatan maal faa dha?*

#### Bal`ina Malaammaltummaa

Barsiistuun Ayinaalam, barsiistuu yeroo ishee kabajjuu fi barnoota barsiistus sirriitti qopheessitee dhufu turte. Yeroon booda garuu, ciminni ishee kun xiqqaataa dhufte. Barfattee daree seenuu fi daftee daree bahuu jalqabdee. Barumsa ishee haala gaariin barsiisuu dhiifteetti. Qorumsi ishee akka qorumsa barsiisota biraa ifaa miti. Barsiisonni biroo waraqaa qorumsaa yemmuu deebisan, isheen garuu hin deebistu. Barattoota hundumaafuu qabxii saddeettamaa ol kennuun beekkamti. Walumaagalatti, barsiistuu kana irraa amaloota malaammaltummatu irraa mul`ata.

#### Gilgaala 12

##### Dubbisa armaan olitti dhiyaate bu`uureffachuun gaaffilee dhiyaatan deebisaa.

1. Rakkooleen barsiistuu kanaa maal maal akka ta`an ibsaa.
2. Barsiistuun kun amala ishii kana akka fooyyessitu yaada akkamii kennituuf?
3. Barsiistuun kun amala kana yoo hin fooyyeffattu ta`e, barattoota irratti rakkoolee akkamiitu uumamuu danda`u?

Naannoo jireenyaatti daandiiwwan malaammaltummaan itti raawwatamu kanneen adda addaa jiraachuu ni danda`u. Fakkeenyaaf, naannoo jireenya keessanitti duulli naannoo qulqulleessuu kan adeemsifamu yoo ta`e, namni naannoo keessanii hunduu duula naannoo qulqulleessuu kanaarratti hirmaachuu qaba.

Haata`u malee, namni duula naannoo qulqulleessuu qindeessu, namoonni biroo yeroo hirmaatan, maatiin isaa akka hin hirmaanne yoo godhe, kun fakkeenya malaammaltummaati.

Sababnis, namoota biraa irraa haala adda ta`een waan miseensota maatii isaa fayyadu waan raawwateefidha. Akkasumas, ganda isin jiraattanitti, bulchaan gandaa matta`aa adda addaa fudhatee gochaa tokko isiniif yookiin maatii keessaniif yoo raawwate, kunis gochaa malaammaltummaa ti.

Karaa biraatiinis, matta`aa naaf kennitan malee jechuun hoogantoonni gandaa mirga isin qabdan yookiin maatiin keessan argachuu qaban yoo isin dhabsiisan, kunis fakkeenya malaammaltummaati. Kanaan alattis, isin tapha yemmuu taphattan abbaa murtii tapha hooganuuf faayidaa kennuun

taphicha yoo injifattan, kun qabxii yookaan bu`aa malaammaltummaan argamedha.

### **Miidhaalee Malaammaltummaan**

#### **Gilgaala 13**

#### **Gaaffilee kanneen deebisaa.**

1. **Fakkeenya mallattoo malaammaltummaa mana barumsaa keessatti mul`atan keessaa kanneen barattootaan raawwatamuu danda`an tarreessaa.**
2. **Malaammaltummaan, mana barumsaatti raawwatamu miidhaa akkamii geessisa?**

#### **Fidu**

- Mana barumsaa keessatti hojiileen loogii akka dagaagan godha.
- Barattoota jiddutti waldhabbi uuma.
- Bulchiinsa mana barumsaa, barattootaa fi maatii irra fageessa.
- Adeemsi baruu barsiisuu akka gufatu godha.
- Amalli gadheen akka baballatu jajjabeessuu fi kkf.

## Xumura Boqonnichaa

Heerri mootummaa, seera biyya tokkoo isa ol'aanaa yoo ta`u, seerri fi hojmaanni kamiyyuu heera waliin kan walsimu ta`uu qaba. Heerri mootum maa lammiileen mirga isaanitti akka fayyadamanii fi itti gaafatamummaa isaanii akka bahan gargaara.

Heeronni mootummaa naannoolee hee ra mootummaa Federaalaa bu`uuraa godhachuun, akkasumas, haala qaba taman naannoosaanii yaada keessa galchuun qophaa`a. Heera mootum aatiin dabalatas, seeronni, danbiiw- wanii fi qajeelfamoonni hedduun jiru. Isaanis, kan qophaa`an heera mootu mmaa bu`uura godhachuuudhaani. Kaneen keessaas, inni tokko dambii mana barumsaati. Innis, adeemsa baruu fi barsiisuu seera qabeessa ta`e uumuuf tajaajila.

Hawaasa kamiyyuu biratti, seerri waan hundaayyuu, ol ta`uusaa, amanuun fudhachuun, olaantummaa seeraa jedhama. Biyya tokko keessatti, seerri ol'aanaa ta`ee yoo hin hojjanee fi

Olaantummaa seeraatiif bitamuun yoo hinjiraanne, warreen qaamaan dulloo man, daa`imman, namoonni hir`ina qaamaa qaban, qaamoleen hawaasaa kanneen lakkoofsaan xiqqaa ta`an rakkoon isaan mudachuu ni danda`a.

Lammiilee giddutti, garaagarummaan osoo hin jiraatin, namoonni hundinuu seeraan akka bulan sirni taasisu yoo jiraate, lammiileen seera duraatti walq ixxee ta`an jechuudha.

Aangoon waajjira tokko keessatti yookiin mana barumsaa keessatti, namoonni sadarkaalee ittigaafatamu mmaa adda addaa irratti ramadamanii jiran, hojiilee maal maal raawwachuu akka qaban ibsa. Akkasumas,maal maal irratti akka daangeffamuu qaban agarsiisa.

Iccitiin nama tokko qofaan yookiin hiriyoota gidduutti yookiin namoota kaayyoo walfakkaataa qabatanii walitti dhufan giddutti eegamee, nama,birootti osoo hin darbin dhimma dhoksaan qabamudha. Iccitiin dhuunfaa, namo onni dhimma nama kamittuu osoo hin himiin ofiin qabatanidha.

Malaammaltummaan, namni tokko faayidaa itti hin dadhabinii fi isaaf ta`uu hin qabne ofiitiif godhachuuf gocha raawwatudha. Naannoo mana barumsaattis, gochaawwan malaamm altummaa barattootaa fi barsiisotaan raawwataman ni jiru.



## **Jechoota Ijoo**

**Heera,** Sanada seeraa, ragga`ee fi seerota hundaaf bu`uuraa ta`ee kan mootummaan tokkoo fi Ummanni biyya sanaa hordofuu qabanidha.

**Seera,** Heera mootummaa bu`uura godhate kan qophaa`u kuufama dambiiwwanii fi qajeelfamootaati.

**Amala gaarii,** Amala namootaa kan to`atu yookiin amala namootaarratti dhiibbaa kan godhu,kan hawaasni tokko fudhatee ittiin bulu.safartuu amala gaarii fi gaarii hin ta`iinii dha.

**Iccitii,** Nama tokkoon qofa yookiin namoota muraasa giddutti eegamee dhoksaan dhimma qabamudha

**Sanada,** Galmee murtiin itti galmaa`e dha

**Raggaasisuu ,** Waan al tokko murtaa`e ture sirrii ta`uu isaa mirkaneessuu.

## Gaaffilee keessa Deebii

### I. Himoota armaan gadii dubbisuun, sirrii yoo ta`e “Dhugaa” dogoggora yoo ta`e”soba” jechuun deebisaa

1. Itoophiyaan, heera mootummaa mataashii kan hojiirra oollchite hin qabdu.
2. Olaantummaan seeraa abbootii aangoo hin ilaalu.
3. Ol’aantummaan seeraa yoo hin kabajamne qaamoleen hawaasaa rakkoon irra ga`u ni jiru.
4. Aangoo dura bu`aa mana barumsaa irratti daangaan hin godhamu.
5. Hojii manaa yookiin deebii qormaata kanneen biroo irraa garagalchuun malaammaltummaa miti.
6. Iccitii eeguun safartuu amala gaarii fi amanamummaati.

### II. Kanneen “A” jalatti tarreeffaman kanneen “B” jalatti dhiyaatan keessaa filachuun walitti firoomsaa.

“A”

- \_\_\_ 1. Dhimmi nama tokko yookiin namoota muraasa gidduutti beekamee, namoota biroo dhoksuun qabamu.
- \_\_\_ 2. Seera biyya tokkoo isa ol`aanaa .
- \_\_\_ 3. kuufama dambiiwwanii fi qajeelfamootaa heera bu`uura godhatan
- \_\_\_ 4 . Safartuu amala sirrii ta`ee fi sirrii hinta`inii
- \_\_\_ 5 . Namni tokko faayidaa itti hin dadhabnee fi kan isaa kan hin tane argachuuf gochi raawwatamu

“B”

- A. Heera
- B. Malaammaltummaa
- C. Naamusa
- D. Iccitii
- E. Seera
- F. Deebii hin qabu

### III. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun deebii sirrii ta`e filadhu.

1. Kanneen armaan gadii keessaa barbaachisummaa heera kan mul`isu isa kami ?
  - A. Lammiileen mirga isaaniitti akka fayyadaman taasisa.
  - B. Lammiileen itti gaafatamummaa isaanii akka bahan godha.
  - C. Mootummaan dirqamoota isaa akka bahuu godha.
  - D. Hunduu deebiidha.
2. Kanneen armaan gadii keessa kaayyoo seera kan hin ta`in isa kami?
  - A. Mirgoota namummaa kabachisiisuu.
  - B. Haqummaa mirkaneessuu.
  - C. Walitti bu`insa cimsuu.
  - D. Nageenya mirkaneessuu.
3. Waa`ee malaammaltummaa kan ibsu kami?
  - A. Of qofa jaallachuu.
  - B. Bu`aa seeraan ala argachuudha.
  - C. Karaa seeraan alaatiin qabeenya dhuunfaa tuulachuudha.
  - D. Hunduu deebiidha.

4. Dhimmi namni tokko umrii isa guutuu namoota birootti hin himiin turu \_\_\_\_\_ iedhamuun beekama.

A. Iccitii maatii

C. Iccitii biyyaa

B. Iccitii hiriyyaa

D. Iccitii dhuunfaa

**IV. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaaba keenni.**

1. Gochaalee malaammaltummaa kanneen barsiisotaan raawwatamuu danda'an keessa sadi barreessaa.

2. Mana barnootaa tokko keessatti danbiin maaf barbaachisa? Sabaaboota sadi kenna.

# BOQONNAA SADI

## WALQIXXUMMAA

### Kaayyoo Boqonnichaa :

#### *Barnoota boqonnaa kanaa xumuruun booda ,*

- Maalummaa walqixxummaa ni beektu.
- Mirga walqixxummaa sabaa fi sab-lammoota Itoophiyaa maraa fi akkasumas lammiileen qaban addaan baafattu.
- Maalummaa hir'ina qaamaa ni hubattu.

### 3.1. Maalummaa Walqixxummaa

- *Walqixxummaa jecha jedhu yeroo dhageessu yaadni sammutti si dhufu maal?*

Walqixxummaan namoota sadarkaa fi haala walfakkaatu irratti argaman, dhuunfaanis ta'ee gareen mirgaa fi faayidaa walqixxee argachuu qabaniidha. walqixxummaan gama birootiin namoonni haala walfakkaatan itti gaafatamummaa bahuu qaban of keessatti qabata.

Sirna dimookraatawaa ta'e keessatti lammiin kamiyyuu loogii tokko malee mirgaa fi faayidaa argachuu qabantu jira. Fakkeenyaaf , namni tokko, nama

ta'uu isaatiif qofa kabajaa namummaa qabaachuu qaba.

Dabalataanis, namoonni sadarkaa ogummaa walfakkaatu irratti hirmaatan faayidaa fi mirga walfakkaatu argachuu qabu.


*Walqixxummaa jechuun, lammiileen sirna dimookraatawaa keessatti namni dhuunfaas ta'e gareen mirgaa fi itti gaafatamummaa argachuu qabaniidha. Walqixxummaan sanyiin, amantiin, afaaniin fi garaagarummaa birootiin osoo hin qoodamiin mirga kabajamu qabuudha.*

### Gilgaala 1

#### Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Walqixummaa jechuun maal jechuudha?
2. Maatii keessatti walqixummaan maal maaliin ibsama? Fakkeenya kennuun ibsi.

## 3.2. Mirgoota Walqixxummaa Sabaa, Sab-lammootaa fi Uummattootaa



**Furtuu**  
Daangaa Biyyaa  
Daangaa naannoo  
Daangaa Godinaa

**Naannoo**  
1. Tigraay  
2. affaar  
3. Amaaraa  
4. Oromiyaa  
5. Somaalee  
6. Ben/ Shaangul  
7. Umatoota Kibbaa  
8. Hararii  
9. Gambeellaa  
10. Bul/mag/ Finfinnee  
11. D/ Daawwaa

**Magaalaa**  
Maqalee  
Samaraa  
B/Daar  
Finfinnee  
Jijjigaa  
Asoosaa  
Hawaasaa  
Harar  
Gambeellaa  
Finfinnee  
D/Daawwaa

**Fakkii 3.1 Itoophiyaan biyya sabootaa fi sab-lammiilee fi uummattootaa ti.**

- *Kaartaa armaan oliirraa maal hubattan?*
- *Maqaa sabootaa, sablammiilee fi uummattoota Itoophiyaa naannoo keessan jiraatan keessan irratti tarreessaa .*

Itoophiyaa keessa saboota, sab-lammiilee fi uummattoota 80 ol ta'utu wajjin jiraata. Sabaa fi sablammiileen kunniin hundi isaaniyyuu walqixxeedha. Muldhistuun walqixxummaa isaanii, ofiin of bulchuu, afaan ofitti fayyadamuu, aadaa guddifachuu fi mirgoota amantii ofii hordofuun akka hojiirra oolfatan godhamuudha.

### Gilgaala 2

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. **Daree barnootaa keessatti mirga hiriyyoota keessan sabaa fi sab-lammiilee adda addaa irraa dhufan kabajuun faayidaa maal qaba?**
2. **Mirgoota walqixxummaa uummattoota naannoo keessaniif kabajame irratti mari'adhaa.**

### 3.2.1. Mirga Ofiin Of Bulchuu

- *Ofiin of bulchuu jechuun maaliidha?*

#### **Ummata Agawuu**

Ummanni Agawuu saboota Itoophiyaa keessa jiraatan keessaa isa tokkodha. Ummanni kun yeroo ammaa baay'inaan

naannoo mootummaa Amaaraa, zooni Waagimihiraa fi Awwii jedhamu keessatti argama. Saboota ollaa isaa jiraatan wajjin walqixxummaa fi walk-abajuun jiraachaa jiru. Uummanii Agawuu afaan, aadaa fi seenaa mataa isaa qaba. Waan kana ta'eefis yeroo ammaa fedhii fi filannoo isaatiin of-bulchaa jira. Manneen marii mootummaa federaalawaattsi ta'e mana marii mootummaa naannootti namoota filateen bakka bu'ummaa argateera.

Akkuma heera mootummaa irratti ibsameti sabni Agawuu mirga walqixxummaa ofiin of-bulchuu itti fayyadamaa jira. Kunis, naannoo isaa misoomsuufis ta'e mirga isaa kabachiisuuf isa fayyadeera.

### Gilgaala 3

**Dubbisa armaan olii irratti hundaa'u gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Mirgi ofiin of bulchuu, sabaa fi sab-lammoota fi uummatootaaf faayidaa maalii argamsise? Gareen irratti mari'adhaa.
2. Uummanni Agaawu uummatootaa ollaa jiru wajjin haala akkamiitiin jiraataa iira? Irratti mari'adhaa

### 3.2.2. Mirga Afaan Ofiitti

#### Fayyadamuu

- *Afaan adda addaa naannoo keessanitti dubbataman keessaa kan beektan tarreessaa .*

- *Naannoo keessanitti afaan hojii mootummaa kamidha?*

Afaanonni Itoophiyaa keessa jiran hunduu meeshaa wal qunnamtii ta'uun faayidaa walqixxee qabu. Afaanonni hunduu hawaasa itti fayyadamuf meeshaa eenyummaa fi aadaa isaanii ittiin ibsataniidha. Dai'immanni afaan dhalootaa maatii, hawaasaa fi naannoo keessatti dhalaterra barachuu danda'a. Mirgi afaan ofiitti fayyadamuu heeraan kan kabajamedha. Mirgi afaan ofiitti fayyadamuu yoo jennu dubbachuu, barreessuu fi afaan ofii guddiffachuu, akkasumas, barnootaaf itti fayyadamuu of keessatti hammatama.

### 3.2.3. Mirga Carraa Barnootaa Walqixxee Argachuu

### Gilgaala 4

**Gaaffilee armaan gadiif deebii kenni**

1. Mirga afaan ofiitti fayyadamuu jechuun maal jechuudha?
2. Afaan ofiin fayyadamuun bu'aa maal argamsiisa?

- *Carraa barnootaa walqixa argachuun faayidaa maal qaba?*

Sabaa fi sab-lammoonni Itoophiyaa hundi mirga fi carraa barnootaa walqixa argachuu akka qaban heeraan kan murtaa'eedha. Mirgi kun dubaraa fi dhiira akkasumas, baadiyyaa fi magaalaa gidduu garaagarummaan osoo hin jiraatiin hojiirra ooleera. Biyyi

kenya loogummaa ture dhabamsii-ssuun carraa barumsaa walqixa waliin ga'uuun misooma ariifachiisaa galme-siisuuf sochii taasistu itti fufti. Haala kanaanis lamiileef mirgi barachuu isaanii kabajamuun mirgi abbaa biyyummaa isaaniis akka kabajamu taasisa.

### Gilgaala 5

#### Gaaffiwwan armaan gadiirratti mari`adhaa.

1. Carraa barnootaa walqixxee argachuun maaliin ibsama?
2. Mirga barachuu lammiilee kabajamuun faayidaa maal argamsisa?

### 3.2.4. Mirga Carraa Hojii Walqixxummaan Argachuu

- *Carraa hojii walqixa argachuu jechuun maal jechuudha?*

Namni kamiyyuu beekumsaa fi ogummaa qabuun carraa hojii walqixa argachuuf mirga qaba. Carraa hojii argachuuf saalaan, sabaa fi sab-lammummaa fi amantiin loogiin taas-ifamuu hin qabu. Namni tokko nam-mota muuxannoo fi dandeettiin isa gitan isaan walqixa dorgomee hojii argachuu ni danda'a. Mirgi hojiitti qaxaramuu fi hojjachuu loogiin, firummaan wal beekumsaa fi faayidaa adda addaa fi kkf sabaabeeffachuun jalaa guffachuu hin qabu.

### Gilgaala 6

#### Gaaffilee armaan gadiif deebii kennaa

1. Mirgi carraa hojii walqixa argachuun kabajamuun isaa bu'aa maal argamsiisa?
2. Carraa hojii walqixxee jechuun maal jechuudha?

### 3.3. Mirga Walqixxummaa Mana Barnootaa Keessatti

- *Mirgoota barattoonni mana barnootaa keessatti qaban tarreessaa?*

#### *Mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa Booraa*

Manni barumsaa sadarkaa tokkoffaa Booraa aanaa Qarsaa magaalaa Danaa jedhamtutti argama. Manni barumsaa kun mana maree barattootaa ijaaruu waan barbaaduuf, bakka bu'oonna barattoota daree adda addaa keessaa filataman, walyahii godhaniiru. Walgayii irratti dura bu'aan mana barumsaa erga hasawa taasisee booda barattoota keessaa koree filachiiftuu filachiisee dhaabe.

Koreen kunis, kaawunsilii barattootaa filuuf qajeelfama armaan gadii qopheesse. Qajeelfamichs akkana jedha ture, " Filannoo irratti hirmaachuu kan danda'an warra dhiiraa ta'ee isaan keessaas hanqina qaamaa nama hin qabne ta'uu qaba" jedha. Haata'u

malee, barattoonni qajeelfamicha ciminaan morman. Koreen kunis, dhimmicha irra deebiin akka ilaalu fi qajeelfama haaraa akka baasu sagalee caalmaan murtaa'e. Haaluma kanaan ,qajeelfamni fooyya'e kunis, akkana jedha."Barataanmana barumsaa kanaa kan ta'e kamiyyuu miseensa mana

barattootaa ta'uuf kaadhimamaa ta'ee dhihaatee dorgomuu ni danda'a." Jedhe. Qajeelfama haara`a fooyya'ee ba'e kanarratti hundaa'uun miseensota shan kan qabu manni marii barattootaa mana barumsichaa hundeeffame.



**Fakkii 3.2. Barattoonni adeemsa filannoo irraatti.**

### Gilgaala 7

**Dubbisa irratti hudaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisi.**

1. Adeemsa filannoo keessatti koreen filachiiftuu yaada loogii akkamii calaqqisise?
2. "Dubartoonni fi warri hanqina qaamaa qaban hooggansa barattootaa keessatti hirmaachuu hin danda'an" yaadni jedhu sirriidha? maaliif?
3. Mana barumsaa keessan keessatti manni marii barattootaa jira? Shamarran meeqatu hooggansa irra jira?

Mana barumsaa keessatti saalaan, bifaan, amantii fi dhimmoota birootiin logummaan akka hin jiraanne gochuun kabajamuu mirgoota walqixxummaa ibsa. Mirgoota mana barumsaa keessatti kabajamuu qabanis; barataan kamiyyuu waan ifa hin taaneef gaafachuu, waan gaafateef deebii argachuu, gumiiwwan adda addaa keessatti hirmaachuu, dhimmoota mana barumsaa ilaallatan irratti yaada kennuu, qabeenya mana barumsaatti fayyadamuu fi k.k.f.ta.u. Kanas ta'ee barataan tokko mirga isaa waliin dirqama isaallee sirriitti bahuu qaba.




Fakkeenyaaf, seeraa fi danbii mana barnootaa beekuu fi kabajuu, daree keessattis ta`ee dareen alatti barattoota birootiif fakkeenya ta`ee argamuu fi hojii daree fi manaa dalaguu akka qabu eeruun ni danda`ama.

### Gilgaala 8

#### Gaaffilee armaan gadii deebisaa

1. Mirgoota mana barnootaa keessatti isaaniif kabajamuu qaban ibsaa.
2. Dirqamni isin bahuu qabdan maal maal faa dha?



*Fakkii 3.3 Dhiiraa fi dubartiin yoo hojjatan*

## 3.4 Walqixxummaa Saalaa

### 3.4.1. Walqixxummaa Dubartootaa Fi Dhiiraa Gama Hundaan



- *Walqixxummaa dhiiraa fi dubartootaa jechuun maal jechuudha?*
- *Haala fakkii kanaatiin, dubartoonni yeroo hundaa fi bakka hundatti dhiiraan walqixa hojjachuu ni danda`u yaada jedhu ni fudhattuu?*

#### **Jiruu Aadde Galaanee**

Caaltuu fi Kadir barattoota kutaa shanaffaati. Yeroo tokko dubartii aadde Galaanee jedhamtu waliin haala armaan gadiitiin gaaffii fi deebii godhanii turan. Isinis waliin dubbii jarreenii erga hordoftanii booda gaaffiiwwan itti aananiijiranirratti mari`adhaa.

**Caaltuu:** Eessatti dhalattanii guddattan?

**Aadde Galaanee:** Kanan dhaladhee guddadhe bakka Shaashmannee jedhamutti.

**Kadir:** Akka haadha manaatitti hojii maal maal dalagdu ?

**Aadde Galaanee:** Yeroo baayyee hojii manaa jechuun, ijoollee kunuunsuu, mana qulqulleessuu, nyaata qopheessuu fi k.k f dalaga.

**Caaltuu:** Yeroo hojii kana hojjattan rakkoon isin qunnamu yoo jiraate mee nutti himaa.

**Aadde Galaanee** Ijoollee koo kanaan dura rakkoo guddaa kan ture hojiin mana keessaa dalagaa dubartoota qofa ta`ee fudhatamaa ture. Ammallee ilaalchi akkanaa kun guutumaan guututti hin hafne.

**Kadir:** Warri dhiiraa hojii mana keessaa irratti hin hirmaatan jechuudhaa?

**Aadde Galaanee:** Eyyee,yeroo baayyee hojii mana keessaa kan dalagu nuyi dubartoot dha.

**Caaltuu:** Warri dhiiraa immoo maalii hojjetu?

**Aadde Galaanee:** Maatii kiyya yoo ilaaltan kan jiraannu qonnaani. Waan kana ta`eef abbaan mana kiyyaa fi ijoolleen dhiiraa dalagaa mana keessaa irratti baayyee hin hirmaatan.

**Kadir:** Naannoo keessanitti dubartoonni hojii hedduu fi ittigaafatamummaa guddaa qabu jechuudhaa?

**Aadde Galaanee:** Eyyee, dalagaan dubartii baayyeedha. Abbaa manaa hojii na gargaari jedhanii gaafachuuf muuxxannoo fi carraa hin jiru.

**Caaltuu:** Haala kana akkamitti sirreessuu danda`ama isinitti fakkaata?

**Aadde Galaanee:** Walqixxummaan dhiiraa fi dubartootaa akka kabajamugodhuudhaan, hawaasichas waa`ee walqixxummaa barsiisuudhaa fi keessumaa immoo dubartoonni caalatti akka carraa barnootaa argatan gochuudha.

**Kadir:** Gaaffii fi deebii keenya irratti hirmaachuu keessaniif baay`ee isin galateeffanna.

**Aadde Galaanee:** Anis, waan carraa kana naa kennitaniif baay`een isin galateeffadha.

### Gilgaala 9

**Gaaffii fi deebii armaan olitti kenname bu`uura godhachuudhaan gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Maatii keessan keessatti haalli jiruu fi yaada gaaffii fi deebii adeemsifme kana yoo walbira qabdanii ilaaltan maal fakkaata? wal fakkeenya fi garaagarummaa isaa ibsaa?
2. Aadde Galaanee kophaa isaanii hojii kana mara dalaguun maatii isanii ni fayyadamoo ni miidha? maaliif?
3. Abbaan mana aadde Galaanee hojii mana keessaa irratti hirmaachuuf maal gochuuttuu irraa eeggama? Ijoolleen hoo?

Dubartoonni walakkaa hawaasa biyyattii waan ta'aniif mirga isaanii eeguu fi walqixxummaa isaanitti amanuun barbaachisaadha. Lammiileen hunduu ilaalcha gocha walqixxummaa dubartootaa hin deeggarre mormuu fi walqixxummaa dubartootaa deggaruu qabu.

*Dubartoonni gahumsa sammuu ta'ee, qaamaa dhiiraan walqixa qabuu.*

Walqixxummaa saalaa jechuun, dhiirrii fi dubartiin haala fi iddoo hojii hundatti walqixa jechuudha. Fakkeenyaaf, mana keessatti, mana barnootaatti, hojii qonnaa irratti, loon horsiisuu, daldalaa fi itti gaafatamummaa biroo irratti dubartoonni dhiiraan walqixxeedha.

### Gilgaala 10

#### Gaaffilee armaan gadiirratti mari`adhaa.

1. Naannoo keessanitti haala amaleeffatameen hojii dhiiraa fi hojii dubartootaa jedhamanii kan beekaman maal maal faadha?
2. Hojiiwwan dubartoonni dalagan warri dhiiraa dalaguu ni danda`uu?
3. Haala amaleeffatameen hojii dhiiraa kan jedhamanii yaadaman dubartiin hojiechuu ni dandeessi?

### 3.4.2 Dhimoota Mana Barnootaa Keessatti Walqixxummaa Barattoota Dhiiraa Fi Dubaraa Agarsiisan.



**Fakkii 3.4. Barattoonni daree keessatti**

- *Fakkii kanarraa maal agartan ?*
- *Mana barnootaa keessatti walqixxummaan barattoota dhiiraa fi dubaraa kabajamuu isaa maaliin beekama?*

Barattoonni dhiiraa fi dubaraa mana barnootaa keessatti mirga walqixxee qabu. Fakkeenyaaf, gumiiwwan keessatti hirmaachuu, hooggansa mana maree barattoota keessatti bakka bu`ummaa walqixxee argachuu fi kkf irratti mirgi barattoota dubartootaa eeggamuu qaba. Mana barnootaa keessatti mirgi walqixxummaa barattoota dhiiraa fi dubaraa akka mirkanaa`u fi eegamu barattoonni, barsiisoonni, qaamoleen bulchiinsa mana barnootaa, maatiin barattoota fi mootummaan itti gaafatamummaa irra jira.

## Gilgaala II

### Gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Daree barnootaa keessan keessatti lakkoofsi barattoota shamarranii meeqa? Lakkoofsi barattoota dhiiraa hoo meeqa? Lakkoofsaan kamtu caala?
2. Daree barnootaa keessan keessatti lakkoofsi barattoota shamarranii/ dubartootaa/ akka olaanaa ta`u yookiin gad aanaa ta`u sababootni taasisan maal isinitti fakaatu? Gareen mari`adhaati ibsaa.
3. Lakkoofsi barattoota dhiiraa fi dubaraa (shamarranii) akka wal madaalu maaltu ta`uu qaba jettu? Yoo wal madaalee jiraate akka itti fufu mana barnootaa fi maatii keessanirraa maaltu e

## 3.5 Walqixxummaa Aadaa

### 3.5.1. Maalummaa Walqixxummaa Aadaa



*Fakkii 3.5 Aadaa adda addaa agarsiisu.*

- *Barattoota, fakkii armaan oliirraa maal hubattan?*

Aadaa jechuun, gochaalee haala jireenya waliigalaa dhala namaa kan ofkeessatti qabatudha. Waantoonni aadaa ibsan; afaan, amantii, haala dubbii, uffannaa, nyaataa, gaddaa gammachuu fi kkf ta`u.

Itoophiyaa keessatti aadaawwan baay`eetu argama. Aadaan hunduu walqixxeedha. Aadaawwan kunniin iddoodhaa iddootti garaagarummaa ni qabu. Dabalataan, guddina sadarkaa dhala namaa fi haala jireenyaa yeroodhaa gara yerootti jijjiramuu fi akkasumas, dhimmoota dirqamsiisoo ta`aniin aadaan jijjiiramuu ni danda`a. Yeroo ammaa kana aadaawwan biyya keenyaa keessatti argaman hundi walqixxummaan isaanii heera biyyattiin kan kabajamedha.

## Gilgaala 12

**Gaaffilee armaan gadiirratti mari`adhaa.**

1. Aadaa jechuun maal jechuudha?
2. Walqixxummaa aadaa jechuun maal jechuudha?

### 3.5.2 Barbaachisummaa Aadaa Guddisuu

- *Aadaa ofii dagaagsuun faayidaa maal qaba?*

Dhimmoota sirna dimookraasii ibsan keessaa inni tokko walqixxummaa aadaa kabajuudha. Sabaa fi sab-lammoonni fi uummattoonni Itoophiyaa martuu aadaa, afaanii fi seenaa ofii fayyadamuu fi dagaagsuuf mirga wal-qixa qabu. Kabajamuu mirga kana keessatti ummanni tokko aadaa, afaanii fi seenaa uummata biroo barachuu, beekuu fi kabajuun barbaachisaadha. Walitti dhufeenyi walqixxummaa fi jaalala irratti hunda`ee guddachuu qaba. Kanaafuu, aadaa guddisuu fi eeguun kan barbaachisu afaanii fi seenaa keenya akkasumas, haala jireenyaatii fi wantoota faayidaa qabeeyyii ta'an dhalootaa gara dhalootatti dabarsuuf.

## Gilgaala 13

**Gaaffilee armaan gadii deebisi.**

1. Wantoota naannoo keessanitti argaman keessaa kanneen aadaa ibsan tarreessaa

T/L	Gochaawwan aadaan raawwatan keessaa kanneen bu'a qabeessa ta'an	Barmaatilee miidhaa qaqaabsiisan
1		
2		
3		

Barmaatilee naannoo keessanitti argaman keessaa kanneen faayidaa fi miidhaa qaban gabatee armaan gadii dabara keessan irratti kaassuun irratti guutaa.

Naannoolee adda addaa biyya keenyaa keessatti barmaatilee mul'atan keessaa;

#### **A. Kanneen miidhaa qaban jalatti kan ramadaman,**

- Hunba qoonqoo daa'immanii muruu
- Ijoollee dubaraa dhaqina qabuu (kittaanuu)
- Gaa`ela umrii malee raawwatu
- Yeroo booyichaa fi gaddaa qaama of madeessuu fi of miidhuu
- Haala hin taaneen qaama waan qara qabuun muruu

- Cidhaa, afeerraa fi dhimma biroo baasii humnaa olii baasuu

### **B. Kanneen misoomaa fi guddinaaf fayyadan;**

- Hojii walgargaaranii hojjechuu (daboo,jigii)
- Keessummaa kabajaan simachuu angafa ofii kabajuu
- Walgargaarsa yeroo gaddaa (Iddirii) tooftaa qussannoo
- Namoota rakkatan hanga humna ofii gargaaruu fi kkf.

### **Hojii garee**

Naannoo keessanitti barmaatilee barattoota shamarranii fi daa'imman irratti rakkoo fayyaa fidan gareen ta'uun walitti qabaatii gabaasa barreeffamaa fuula tokkoo hin caallee dhiyeessaa.

## **3.6. Hir'ina /Miidhama Qaamaa**

### **3.6.1. Maalummaa Hir'ina /Miidhama Qaamaa**

- *Hanqina qaamaa jechuun maal jechuudha?*
- *Wantoota hanqina qaamaatiif nama saaxilan bal'inaan ibsaa.*

Hanqina qaamaa jechuun, namni fayyaa guutuu qabu tokko waan hojjechuu qabu hojjechuu dhabuu jechuudha. Karaa biraatiin hanqina (hir'ina) qaamaa jechuun dalagaa yookiin sochii tokko sababa hanqina yookaan hubama adda addaatiin raawwachuu dadhabuudha.

Itoophiyaa keessa namoonni hir'ina qaamaa qaban baayyeetu jiru. Namoota hir'ina qaamaa qaban mana barnootaatti, bakka hojiitti, jireenya hawaasummaa keessatti fi kkf irratti loogiin yeroo isaanirratti raawwatamu ni mul'ata. Garuu namoota miidhama qaamaa qaban irratti loogii raawwachuun, ofirraa fageessuun seeraan dhorkamaa fi gocha guddina biyyaa gufachiisuu fi miidhudha. Qaama miidhamtoonni kabaja guutu qabu. Akkuma lammiilee biroo waan biyyaaf faayidaa qabu hojjechuu ni danda'u. Kanaafuu, mootummaa fi hawaasarraa mirga isaanii eeguu fi deggarsa gochuuti irraa eeggama.

### **Gilgaala 14**

**Gaaffilee armaan gadiirratti mari`adhaa.**

1. Namoota qaamaa miidhamtoota ta'aniif deeggarsa maal maaltu godhamuufii qaba?
2. Qaama miidhamtoonni akkuma lammiilee biroo waan biyyaaf fayyadu raawwachuu akka danda'an haaloonni akkamii mijaawuufii qabu?

### **3.6.2. Deeggarsa Qaama Miidhamtootaf Barbaachisan**

- *Qaama miidhamtoonni naannoo keessanitti argaman deeggarsa maal maalii barbaadu?*

Qaama miidhamtootaaf deeggarsi mootummaa, hawaasaa fi dhaabbilee gara-

agaraa irraa taasifamuufii qaban ni jiru. Kanneen keessaas, naannoo jireenyaa fi manneen barnootatti jaalalaa fi kunuunsa addaa isaan barbaachisa. Kana malees, meeshaalee isaaniif barbaachisan guutamufii qabu. Fakkeenyaaf, namoota arguu hin dandeenye (qaroo dhabeeyyii) kitaabbolee “Bireeldhaan” qophaa`an dhiyaachuufii qaba. Namoonni hanqina qaamaa qaban mirgi isaanii eeggame fi wanti barbaadan yoo guutameef, biyya hiyyummaa fi doofummaa keessaa baasuu keessatti waan guddaa gumaachuu danda`u.

*Qaama miidhamtoonni akkuma nama kamiyyuu kabaja guutuu qabu.*



**Fakkii 3.6** Qaama miidhamtooti akkuma lammii kamiyyuu omishuu ni danda`u

### Gilgaala 15

**Gaaffilee armaan gadiirratti mari`adhaa.**

1. Qaama miidhamtoonni yoo mana barnootaa keessan keessa jiraatan isaan gargaaruudhaaf sochiin akkamii taasifameera?
2. Qaama miidhamtoota gargaaruu keessatti gaheefi itti gaafatamummaan keessan maal ta`uu qaba?

## 3.7. Maalummaa Mirga Walqixxummaa Amantii

- *Mirga walqixxummaa jechuun maal jechuudha?*

Amantii jechuun, kan waan hunda uume tokko ni jira jedhanii amanuudha. Jechootaan ibsamuu kan hin dandeenye beekumsaa ol kan ta`e waaqa sodaachuu fi seera isaaf bitamuun amantii jedhama. Amantiiwwan addunyaa irra jiran baayyeen kan barsiisan amala gaarii qabaachuu fi namootaaf waan gaarii gochuudha. Ummatni Ityoophiyaa amantii garagaraa hordofa. Mirgi amantii qabaachuu fi bilisaan hordofuu heeraan kan kabajameedha. Amantiiwwan biyya keenyatti argaman keessaa amantii kiristaana, muslimaa fi amantiiwwan biroo kan aadaan walqabatan ibsamuu danda`u. Lammiileen hunduu sirriitti beekuu kan qaban amantiiwwan hunduu walqixxee ta`uu isaaniidha.

Amantii mataa ofii qabaachuu fi hordofuu danda`uun waantoota maalummaa ummatootaa ibsaniif fi mirgoota namummaa keessaa tokko dha. Mirgi amantii fedhan hordofuun mirgoota baay`ee barbaachisoo ta`an keessatti ramadam. Heerri mootummaa federaalawa Ityoophiyaa namni kamiyyuu amantii barbaade hordofuu akka danda`u ifan kaa`e jira. Mirgi kun kabajamuu waan danda`eef amantii tokko yookaan amantii ofii namni biroo akka hordofu dirqamsiisuuf yaalii taasifamu ni dhorka.

Mirga walqixxummaa amantii jechuun lammiin biyya keenyaa kamiyyuu amantii itti fakaate qabachuu fi amanticha qofaa isaa yookiin garee waliin ta`uun hordofuu mirga qaba jechuudha. Kanaafuu, namni martuu amantii nama biroo osoo hin tuqin yookiin hin dhiibiin amantii ofii bilisaan gaggeessuf mirga qaba. Biyya keenya keessatti amantiin tokko isa kaaniin ol yookaan gadi kan hin taane ta`uun isaa ifaan kan seeraan ibsame waan ta`eef

walqixxummaan amantii mirkanaa`uu isaa agarsiisa.

### **Gilgala 16**

#### **Gaaffilee armaan gadiirratti mari`adhaa.**

- 1. Amantiin maaliidha?**
- 2. Mirga walqixxummaa amantaa jechuun maal jechuudha?**



## **Xumuraa Boqonnaa**

Mirgi walqixummaa dhala namaa mirga bu`uurati. Sabaaa fi sablammoonni fi uummattoonni dhimma isaanii yoo haala fedhii fi filannoo isanitiin raawwatan, mirgi ofiin of bulchuu mootummaan mirkaneesse hojjirra oola jechuu dha Dabalataanis, Uummatoonni yoo afaan isaanii fayyadaman, yoo aadaa isanii dagaagsan fi seenaa isaanii kunuunsan mirgi walqixummaa isaanii ni kabajame jechuudha. Haala kanaan walqabatee, mirgi barumsa walqixa argachuu waan hojiirra oolaa jiruuf guddinaa fi misooma safisiisuu ni dadeessisa.

Walqixummaan saalaa, loogi fi barmaatiilee miidhaa geessisan dhiira fi dubartoota gidduu jiran waan hambisuuf faayidaa qaba. Mirga qaama miidhamtootaa kabajuu fi kabachiis- uun hunda keenyaaf waan faayidaa qabuuf deegaruu fi kunuusun barbaac- hisaadha.

## **Jechoota Ijooa**

**Mirga:** Faayidaa, tajaajila fi kabaja guutuu namni tokko argachuu qabu kan ibsuu.

**Aadaa:** Afaanii, amantii fi haala jireenya uummata tokkoo kan ibsan.

**Saba, sab-lammootaa fi ummatoota:** Hawaasa aadaa, afaanii fi seenaa mataa isaa qabuu fi naannoo tokko keessa wajjin jiraatu.

**Bireelii:** Namoonni arguu hin dandeenye kan barreessu fi dubbisuudhaf itti fayyadaman.

**Loogii:** Gocha seeraan alaa lammii tokko miidhuu fi kan biroo gargaaruuf raawwatamu

**Walqixxummaa:** Osoo wal hin caalin yookiin haala sirrii ta`een sadarkaa gahee(qooda) barbaachisaa argachuu.

**Daboo(Jigii):** Namoota baayyee nyaachisuu fi obaasuun, hojii tokkummaa fi walgargaarsan dalaguu.

## Gaaffilee keessa Deebii

I. Himoota armaan gadii dubbisuudhan kan sirrii ta'e "Dhugaa" kan sirrii hin taane "soba" jechuun deebisaa.

1. Aadaa jechuun, haala jireenya dhala namaa keessaa muraasa kan agarsiisu.
2. Hojii walgargaarsan waliin hojjetamu biyya keenyatti aadaa faayidaa qabeesa baratameedha.
3. Umrii malee herumuu fi fudhuu gochaalee faayida qabeessa ta'an jalatti ramaduu ni dandeenya.
4. Mirgi ofiin of bulchuu ibsituu walqixxummaatti.
5. Mirgi walqixxummaan saalaa dhiira fi dubatoota giddutti loogii fi garaagarummaa akka umamuu kan godhuudha.

II. Yaada roga "A" jalatti kennameef "B" jalatti kan kennaman keessa filachuun waltitti firoomsa.

"A"

- \_\_\_ 1. Walqixxummaa dhiiraa fi dubaraa
- \_\_\_ 2. Ibsituu eenyummaa sabaa fi sab-lammootaa fi uummattootaa
- \_\_\_ 3. Mirga amantii ofii hordofuu
- \_\_\_ 4. Amala gaarii
- \_\_\_ 5. Qaama hawaasaa deegarsa addaa barbaadan

"B"

- A. Hangaftoota kabajuu
- B. Afaan
- C. Walqixxummaa amantii
- D. Walqixxummaa saala
- E. Qaama miidhamtoota

III. Bakka duwwaa armaan gadii ,jecha yookiin gaalee sirrii ta'een guuta.

1. Biyya keenya keessatti naannoo baadiyyatti hojii dabareen walgargaaranii hojjechuun \_\_\_\_\_ jedhama.
2. Daa'imman afaan ittiin afaan hikkatan \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, fi \_\_\_\_\_ irraa barachuu ni danda'u.

IV. Himoota armaan gadii dubbisuudhan deebii sirrii ta'e filadhaa.

1. Kanneen armaan gadii keessaa faayidaa ofiin ofbulchuu sabootaa sab-lammootaa fi uummattootaa, kan ta'e isa kam?
  - A. Naannoo isaanii misoomsuu.
  - B. Mirga uummataa eegsisuu
  - C. Uummatoota biroo wajjin waldanda'uun jiraachuuf
  - D. Hunduu sirriidha

2. Kanneen armaan gadii keessaa mana barnootaa keessatti walqixxummaa barattootaa kan hin ibsine isa kami ?
  - A. Daree keessatti gaaffii barnoota gaafachuu.
  - B. Gumiiwwan adda addaa keessatti hirmaachuu.
  - C. Yeroo barnoota taphachuu.
  - D. Dhimma barattoota ilaaluu irratti yaada kennuu.
3. Barmaatilee mirga namummaa fi kabajaa dubartootaa irratti miidhaa qabu kami?
  - A. Umrii malee heerumsisuu
  - B. Dhaqina qabaa /kittaanuu/ shamaranii
  - C. Hojii dhiirri hojjetu hojjechuu
  - D. A fi B
4. Gargaarsa namoota hir'ina qaama qabaniif godhaman keessatti kan hin ramadane isa kami ?
  - A. Jaalalaa fi kunuunsa
  - B. Ofirraa fageessuu fi loogii raawwachuu
  - C. Meeshaalee barnoota dhiheessuufii
  - D. Walqixxummaa mirga isaanii kabajuu
5. Ibsituu aadaa uummata tokkoo ta`u kan danda`u kami?
  - A. Haala uffannaa
  - B. Haala nyaataa
  - C. Gammachuu fi gadda
  - D. Hunduu sirriidha.

**V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaaba kenni.**

1. Faayidaa afaan ofiittiin barachuun qabu ibsaa.
2. Mana barnootaa keessanitti hirmaannaa dubartoota guddisuu fiitti fufiinsa akka qabaatu tarkaaffiwwan fudhatamu qaban gabaabbinaan ibsaa


# BOQONNAA AFUR

## HAQUMMAA

### Kaayyoo Boqonnichaa:

*Barnootaa boqonnaa kana barattanii yeroo xumurtan.*

- Maalummaa haqummaa ni hubattu.
- Haalawwan haqa dabsanii fi hojimaata loogiif haala mijeessan maal akka ta'an ni beektu..
- Maalummaa fi barbaachisummaa waldaalee hawaasaa ni hubattu.
- Hojmaatni haqaa jiraachuun nageenya naannoo mirkaneessuu keessatti barbaachisaa akka ta'e ni hubattu.
- Maalummaa gibiraa ni hubattu.



**Fakkii 4.1 Madaala**

- *Madaalli gartokkotti dabe maal ibsa?*
- *Madaalli sirrii ta'e hoo maal agarsiisa?*
- *Madaalawwan kana irraa maal hubatta? Madaala isa kam filatta? Maaliif?*

Haqa jechuun dhimmoota adda addaa irratti murtii sirri yookiin, murtii madaala eege kennuu yaada jedhu mul'isa. Gama biraatin yoo ibsinu, haqni murtii loogii yookiin aantummaa irraa bilisa ta'e kennuudha. Haqni eenyuufuu gartummaadhaan osoo hin dhaabbatin yaada dhugaa kennuudha. Dhugaa dubbachuuf, dhugaa bu'uura godhachuun hojjachuu ilaala .

*Haqa jechuun " Murtii sirrii , ta'uu kan qabu, haqa, sirrii ta'uu " jechuudha.*

## 4.1 Haqa

### 4.1.1 Maalummaa Haqaa

- *Haqa jechun maal jechuudha? Waan beektan waraqaa irrati barreessatii dabaree dabareedhaan waliif dubbisaa.*
- *Madaala armaan gadii qalbiidhaan hubadhaati gaafiiwwan jalatti dhihaataniif deebii kennaa.*

### Gilgaala 1

#### Gaaffiiwwan armaan gadiitiif deebii gabaabaa kennaa.

1. Mana barumsaa keessatti dhimmoonni haqa ibsan maal faa akka ta'an tarreessaa.
2. Bulchiinsa maatii keessatti dhimmoota haqa agarsiisan ibsaa.

#### 4.1.2. Barbaachisummaa Haqaa

- *Sadarkaa keessanitti dhimmoota haqummaan itti barbaachisu maal akka ta'an tarreessaa.*
- *Haqni dhala namaatiif ni barbaachisa jettanii ni yaadduu? Sababa keessan tarreessaa.*

#### Maatii Warra Fiqir

Maatiin warra Fiqir bulchiinsa maatii gaariitiin hawaasa naannootiif fakkeenyummaan waamamu. Dhimmoota maatiichaaf maqaa gaarii kennisiisan keessaa tokko bulchiinsi maatii isaanii haqummaan hoogganamuu isaatti. Kanaaf, qabxiwwan armaan gadii akka fakkeenyaatti ibsamu. Maatiin Fiqir maallaqa isaanii seeraan fayyadamu. Dhimmoota barnoota ijoollee isaanii walgorsuu fi waliin mari'achuun murteessu.

Daai'ma fira isaanii ni guddifanna jedhanii fudhatanii fi ijoollee isaanii gidduutti garaagarummaa osoo hin uumin

mana barumsaa tokkotti barsiisu. Mana barumsaatii erga deebi'anii booda ijoollee hundaaf yeroo hojii, qo'annaa, taphaa fi boqonna adhaaf haala walgitiinsaa fi walqixxee ta'een ramaduuf. Fiqir faas dhimmoota isaan ilaalurratti yaada haala bilisa ta'een kennu. Gaafii barbaadanis ni gaafatu. Ijoolleen kunis barumsa isaanitiin ciccimoodha. Darbee darbee hiriyoota isaanii gidduutti tasa walitti bu'insii yoo uumame fala loogumm aarraa bilisa ta'e barbaaduun hiiku.

### Gilgaala 2

#### Dubbisa armaan olii irratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

2. Maatii warra Fiqir keessatti dhimmoota hojii haqummaa ibsan tarreessaa.
3. Fiqir faa barattoota ciccimmoo kan isaan taasise maaliidha?
4. Maatiin bulchiinsa haqaa itti mirkanaa'e hii'aa maal akka nahu tarreessaa

#### Maatii Warra Laaloo

Maatiin warra Laaloo maatii warra Fiqir irraa bulchiinsa adda ta'e qabu. Maatiichi galii guddaa yoo qabaatanis, qabeenya jiru hunda irratti ana qofatu ajajuu qaba kan jedhu abbaa Laaloo kan ta'an obbo Shibbiruudha. Isaan haa ta'u kan jedhan hundi ta'uu qaba. Haatii Laaloo yaada fedhan osoo kennanille kan isaan dhaggeeffatu hin

jiru. Obbo Shibbiriun haadha mana fi ijoollee isaanitiin osoo hin mari`atin nan guddisa, nan barsiisa jedhanii ijoollee fira irraa fudhatan tajaajiltoota mana keessa godhataniiru. Kanaan olittis, obbo Shibbiriun waa`ee barumsa ijoollee dhiiraaf malee kan shamarraniitiif dhimma hin qaban. Ijoollee dhiiraas, yoo ta'e hordoffii cimaa waan hin taasifamneef barumsa isaanitiin dadhaboodha. Kaanaaf, maatii bulchiinsa haqummaan isaa hanqatu kana keessatti nageenyi , jaalallii, waliigaltee fi kkf hin jiran. Ijoolleen isaanis mana barumsaattis ta'ee hawaasa naannoo biratti jeequmsaan kan beekkaman dha. Haatii Laaloo dhiibbaa cimaa obbo Shibbiriun irraan gahuun of jibbanii erga manaa bahan turaniiru. Dhiheenya keessa manni jireenya isaanii gurguramee qoodinsa qabeenyaarra akka jiran bal'inaan haasa'ama.

### Gilgala 3

#### Gaafiiwwan armaan gadii deebisaa.

1. Bulchiinsa maatii keessatti ibsitoota gochaawwan haqa dhabeessa ta`aan ibsaa.
2. Bulchiinsi maatii haq-dhabeessa ta`uun ijoolleen amala akkamii akka qabaatan godhe?
3. Bulchiinsa maatii keessatti haqni yoo hira'ate eenyutu miidhama?
4. Bulchiinsa maatii armaan olitti ibsaman keessaa miseensa maatii kamii ta'uu filataa? Maaliif ?

Haqummaan jiruu fi jireenyaa dhala namaa gaarii akka ta'u gochuudhan faayidaan inni qabu olaanadha. Haqummaan sochii jireenyaa hundaa keessatti fakkeenyaafi, mana barumsaa, ganda, jireenya maatii fi kkf dhimma barbaachisuudha. Namoota jidduuttis garaagarummaa fi loogii kamiyyuu akka hin jiraanne gochuuf oola. Garaagarummaan yoo jiraate meeshaa ittiin sirreefamuudha.

Sadarkaa hiriyyummaatis, haqummaan walitti dhufeenyi namoota jidduu jiru madaala kan eege akka ta'u dha. Akkasumas, tokko ol`aanaa kaan immoo gadi aanaa akka hin taane dhoo-wwa. Hiriyoottan keessan wajjin waliigaltanii kan qo'attan yookiin kan taphattan isin gidduu walitti dhuffeenyi haqarratti hundaa`e jirachuudhan akka ta'e hubataniittu. Haqani tokko miidhamaa tokko immoo humnaa ol fayyadamaa akka hin taane gochuun mirgi lammiilee akka eegamu godha. Sadarkaa maatiitti haqummaan, jireenyi maatii nagaa qabeesaa akka ta'u gochuun jireenyi lamiillee gara fuulduraaf fooyya`aa akka ta'u godha. Maatii warra Fiqirii fi Laaloo armaan olitti ibsame yaadadhaa.

Sadarkaa biyyaatti haqummaan, walitti bu'iinsaa fi komii hawaasa keessaatti uumamu karaa nageenyaattiin hiikuun hojmaata loogii dhabamsiisa. Lammiiileef qabeenyi isaanii hattootaan akka hin saamamne wabii ta'aaf. Guddina, badhaadhinaa fi misooma hawaasaatiif wabiidha. Mirgi lammiilee biyya isaanii

keessatti bilisaan jiraachuu, barachuu fi hojjachuu mirkaneessa. Haqummaan nageenyi biyya keessa akka jiraatuufis wabiidha. Haaluma kanaan daa'imman, dubartiin, haawwonnii fi maanguddoota irra miidhamni akka hin geenye ittisa .

*Haqumman nageenya buusuudhaaf, guddinaaf, badhaadhinaaf walqixxummaa fi walitti dhufeenya ummatoota cimsuuf meeshaa ta'uun tajaajila .*

#### Gilgaala 4

##### Gaaffiiwwan armaan gadii hojjadhaa.

1. Iddoowwan armaan gadii keessatti faayidaa haqummaan qabu tarreessaa
  - A. Jireenya maatii keessatti.
  - B. Walitti dhufeenya naannoo jireenyaatti
  - C. Mana barumsaatti

## 4.2 Qaamolee Haqaa Naannoo Keenyatti Argaman fi Adeemsa kenninsa Haqaa

### 4.2.1 Adeemsa Kenninsa Haqaa Hawaasa Keessatti

- *Kutaa keessatti miidhamni yoo isnirra gahe eenyuutti himattu? Miidhamni isnirra gahuu isaa maaliin mirkanessitu?*
- *Naannoo keessan keessatti namoonni waliigaltee dhabiinsa uumame hiikan jiru? Akkamitti waliigaltee dhabiinsa kana furu?*

#### **Obbo Ballihuu "Abshaalticha"**

Obbo Ballihuun hawaasa isaanii keessatti fakkaeenya nama haqaati. Nam-

oota waldhaban walitti araarsuun ganda keessatti rakkoowwan uumaniif fala ykn furmaata kennuudhaan nageenyi fi jaalalli akka uumamu gochuudhaan namni isaaniin dursu hin jiru. Obbo Ballihuun gocha kana kan raawwatan yeroo tokko tokko kophaa isaanii yeroo biroo immoo namoota biroo wajjin ta'uudhani. Obbo Ballihuun hojii araara buusuu kanaan kan milka'an uumama addaa waan ta'aniifi miti.

Obbo Ballihuun namoota araarsuu danda'uun isaanii karaa fi tooftaa haqa qabeesaa ta'e hordofanii raawwachuu isaanii. Obbo Ballihuun abbootiin dhimmaa lamaan yeroo gara isaanii dhufan hojiin jalqaba raawwatan sababaa fi maadda walitti bu'iinsa isaanii baruudha. Yaada gama lachuu ni dhaggeeffatu. Maalummaa rakkoo sanaa haalan erga hubatanii booda, eenyuufuu osoo hin loogin murtii sirrii kennu. Kanarraa kan ka'e murtiin jaarsummaa obbo Ballihuun kennu namoota baay'ee biratti fudhatama argata.

#### Gilgaala 5

##### Gaaffiiwwan asiin gadiitiif deebii kennaa.

1. Murtiin obbo Ballihuun murteessan hedduun isaanii maaliif fudhatama argatu? Qabxiilee sadi himaa.
2. Adeemsota murtii kennuu obbo Ballihuu tarreessaa. Toftaawwan obbo Ballihuu irraa maal fa`a barattan?
3. Wayita taphattan hiriyootan keessan keessaa tapha keessaniif abbaa murtii kan isiniif ta'u nama amala akkamii qabu filattu? Maaliif?



Haqni iddoo adda addaatti, haala adda addaa fi dhimmoota adda addaa keessatti keennama. Haalli kenniinsa haqummaa haala jiruuf jireenya namootaa guyyaadhaa, guyyaa wajjin kan walqabateedha. Fakkeenyaaf mana barumsaatti, iddoowwan taphaatti, mana keessatti murtiwwan guyyaa guyyaadhaan kennaman yaadadhaa. Murtiwwan kunniin hundi gochawwan haqaan kan ibsamaniidha. Adeemsi kenniinsa tajaajila haqaa rakkoowwanii fi walitti bu'iinsa jiraniif murtii sirrii ta'uu kennun furmaata barbaaduu mul'isa. Haalli kenniinsa murtee kana fakkaatan hundi adeemsa mataa isaanii qabaatu .

Haala kenniin satajaajila haqaa kamiyyuu keessatti qabxiwwan bu'uura beekamuu qaban jiru.

- *Sababa ka'umsa rakkoowwanii hubachuuf kan nama dandeechisu ragaa gahaa sassaabuu,*
- *Dhimmicha haalan hubachuu*
- *Dhugaarratti hundaa'uun loogii tokko malee murtii kenuu.*

### Gilgaala 6

**Gaafiiwwan armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Adeemsi kenniinsa tajaajila haqaa qabxiwwan maal maal hammata?
2. Hawaasa keessan keessatti qaamoleen tajaajila haqaa kennan waldebbii jiru Akkamitti hiiku?

## 4.2.2 Qaamolee Haqaa

- *Maatii keessatti, mana barumsaa keessatti, iddoo jireenyaatti, daree barnootaa keessatti qaamolee tajaajila haqaa kennan ibsaa*
- *Isin maatii keessan keessatti , mana barumsaa keessatti ykn daree keessatti adeemsa kenniinsa tajaajila haqaa keessatti itti gaafatamummaa akkamii baatanii beektu?*

Qaamolee tajaajila murtii haqaa kennan jechuun, qaamolee walitti bu'iinsa fi waldebbii hawaasatiif fala kennan jechuudha. Qaamoleen akkasii kan aadaa fi kan ammayyaa jedhamauudhaan bakka lamatti qoodamanii ibsamu. Qaamoleen kunniin rakkoowwan hawaasa keessatti uumamaniif murtii kennuun qaamaa tajaajila kennidha.

### A. Qaamolee Haqaa Aadawaa



**Fakkii 4.2. Adeemsa kenna murtii haqaa aadawaa**

- *Fakkii armaan oliirraa maal hubattan?*
- *Qaamolee naannoo keessanitti namoota walitti bu'an akka waliigalan godhan ibsaa.*

Tajaajila haqaa haala aadaatiin kennuun, yeroo durii irraa jalqabani walitti bu'insa fi wal dhabbi uummattoota biyyaa keenyaa gidduutti uumaman hiikudhaaf adeemsa aadaawwa hordofuun furmaatni kan kennamudha. Qaamoleen kuniin naannoo adda addaati maqaa adda addaa qabu. Jaarsolii biyyaa, abbotii amantaa, namoota beekamoo fi kkf iddoowwan garaagaraatti kan argaman tajaajila murtii haqaa kennaniindha. Dhaabbilee aadaa kuniin dhiyooti argamuun hawaasaaf murtii haqaa adda addaa kennu. Gochii obbo Ballihuu "Abshaaltichaa" murtii tajaajila haqaa haala aadaawwan kennamuuf fakkeenya tokkodha.

**B. Qaamolee Haqaa Ammayyaawaa**



**Fakkii 4.3 Mana Murtii Waliigala Federaalaa**



**Fakkii 4.4 Waajjira Bul/ Gandaa**



Qaamoleen tajaajila murtii haqaa ammayyaa kennan, lammiiwwan qaamolee mootummaanis ta'e kanneen biroon loogiin akka irra hin geenyee yookiin akka irratti hin raawwatamne eegumsa godhan dha. Lammiiwwan rakkoon murtii haqaa yoo qunname qaamolee kanaaf dhiyeessu. Qaamoleen kunis seeraa fi danbii irratti hundaa'uun fala barbaadu. Dhimmoota dhiyaataniif irratti murtii dabarsu. Qaamolee tajaajila haqaa ammayyaa kennan keessaa murteessa kan ta'an akka armaan gaddititti ibsamani jiru.

Mana murtii hawaasummaa ganda	Waajjiralee/ bufataa poolisii	Manneen murtii
Dhimmoota adda addaa irratti murtii haqaa kennudhan hawaasa tajaajila. Qaamolee tajaajila murtii haqaa ammayya kennan keessaa kan dhiyootti argamuudha	poolisoonni nageenya naannoo fi kan hawaasa qaama eeguudha. Gocha kanaan qaamolee tajaajila murtii haqaa ammayyaa kennanii fi nageenya fi tasgabpii hawaasa eegisan keessatti ramadamu.	Qaamolee tajaajila murtii haqaa biyya tokkoo keessatti argaman keessaa adda durumaan kan ibsaman manneen murtiiti. Manneen Murtii namoota rakkoon yoo qunnamee , loojiin yoo irra ga'ee fi kkf yoo irratti raawwate dhaabbilee tajaajilli murtii haqaa kennaman dha.

### Gilgaala 7

#### Gaafilee armaan gadii deebisaa

1. Adeemsa haqaa mirkaneessuu keessatti gahee qaamolee armaan gadii ibsaa.
  - A. Ganda keessan
  - B. Manneen murtii
  - C. Buufata Poolisii.
2. Miseensonni Poolisii osoo naannoo keessan hin jiraachuu rakkoowwan dhabiinsa tajaajila haqaa gahuu danda'an tarreessaa.

### 4.3. Haalawwan Tajaajila Murtii Haqaa Dhabamsiisan

#### 4.3.1. Seera Kabajuu Dhabuu

- *Seera mana barnoota keessanii eenyutu kabajuu qaba ?*
- *Kanneen seera hin kabajne yoo jiraatan maal ta'u? Tarkaanfiwwan akkamii fudhachuu barbaachisa jettu?*
- *Sadarkaa umrii keessanii kanatti seerota akkami kabajutuu isinirraa eeggama?*

### " Gandoota Chaanar" (Kutaa tokkoffaa )

Gandoonni Chaanar yeroo dheeradhaaf uummatoota ollaatiif fakkeenya jalaa-laa fi nageenyaa turan. Fakkeenya gaarii kan isaan taasisanis hawwaasni martuu garaagarummaa malee seerota gandoota isanii kabajuu isaanii dha. Dabalataanis, sirni murtii haqaa isaanii loogirraa kan bilisa ta'e ture. Walitti bu'insaa fi waldhabbiin yoo uumame yeroodhan falli itti keenname. Sababa kanaaf, Chaanar "Ganda tajaajilli haqaa itti kennamu, biyyaa haqummaan itti mirkanaa'e" jhamuudhan jajamaa turte.

Haata'u malee waggoota muraasa darbanii jalqabee haalli tokko tokkoo ganda Chaanar keessati akka durii ta'uu dhaban. Dhaabbilee hawaasa keessatti haqa eegsisan kabaja dhaban. Seeraa fi dambii cabsuun erga jalqabame tureera. Bulchootni gandaa

seeran ala murtii dabarsuu jalqabaniiru. Hawaasni waajjiraalee mootummaa irraa tajaajila kan argatu qarshii, firoomaa fi kkf ta'eera. Waan barbaadan humna fi qarshiin yookaan firaan argachuun erga jalqabee tureera. Yakki saamichaa fi reebichi baay'atee jira. Yakkamtoota akka salphatti humna nageenyatiin qabuun hin dada'amne. Yoo qabamanis battalumatti mana hidhaatii hiikkamu. Miidhaa fi gadadoo uummatarra ga'uuf qaamni tajaajila murtii haqaa kennu cimaan hin jiru. Qabeenyi hawaasichaa fakkeenyaaf, bakkeewwan jallisii fi mana jireenyaa itti ijaarratan, bosonii fi kkf namoota dhuunfatiin qabama jiru. Qaamooleen tajaajila haqaa aadaa fi ammayyaa kennan loogii fi dhiibbaa hoggantotatiin seeraan ala murtii kennu. Haalli kunis jiraattoota ganda sanaa yaaddesse jira. Haala kanaan "ganda jaalalaa, biyya jaalalaa, kan turte Chaanar" maal taatti laata?

### Gilgaala 8

**Barreeffama armaan olitti kenname bu'ura godhachuun gaaffilee armaangadii deebisaa.**

1. Ganda Chaanaritti rakkoon kan uumamee sababa maaliin? Bal'inaan tarreessaa.
2. Gochaalee murtii haqaa cabsan jettan tarreessaa.

Haqni akka cabu kan taasisan keessaa inni tokko seera kabajuu dhabuudha. Seera jechuun, naamuusa kabajuu jechuudha. Seerri bakka kamiyyuu jiru lammiileen kabajamu qaba. Seerri bakka hundaa fi sochii jiruufi jireenya keessatti argama. Maatii keessatti, mana barnootatti daree keessatti, bakkee taphaatti bakka hojii fi kkf seerri ni argama. Mana barnootatti yoo seerri hin kabajamiin hojiin barnootaa bu'a qabeessa ta'uu hin danda'u. Kanaafuu, barattoonni barnoota seeran waan hordofuu hin dandeenyef jiruun isaanii kan fuulduraa ni bada. Taphonni hunduu seera mataa isaanii qabu. Tapha tokkoo taphachuuf hirmaatonni martuu seera kabajuu qabu. Seerichi yoo hin kabajamin taphni kan addaan citu qofa osoo hinta'in rakkoo hamaa fiduu danda'a. Sadarkaa maatiilee yoo ta'e maatiin seera ittiin bulmaata maatii hin hordofne rakkoo keessaatti kufuun isaa waan hin oollee.

Waa'een ganda Chaanar kan armaan oliti dubbistan kanaaf fakkeenya ta'a. Seeronni sadarkaa biyyaatti bahan lammiileen kabajamu qabau. Yoo kana hin ta'in raawwiin haqaa jiraachuu hin danda'u. "Yoo seerri hin jiraatin biyyi ni miidhamti" kan jedhu kana sirritti ibsuu danda'a. Seera kabaju dhabuurraa kan ka'e namoota dhuunfarraa, hawaasa fi biyyarraa miidha fi dhiibbaa guddaatu gaha. Kanaafuu, namoonni ofiif, guddina hawaasaa fi biyyaaf jecha seera kabajuu qabu. Rakkooleen

haaloota adda addaatiin uumaman sababa seera kabujuu dhab-u namootaatiin.

### Gilgaala 9

#### Gaaffilee armaan gadiitiif deebii gabaaba keennaa

1. Bakkeewwan armaan gadii keessatti qabxiilee haqaa cabsuudhaf sababaa ta'an Kan jettan ibsa .
  - A. Daree barnoota
  - B. Manneem barnoota
  - C. Maati keessa
2. Seera kabajuu dhabuun mana barnootaa fi gandatti miidha inni fidu ibsaa.

#### 4.3.2. Hojimaata Loogii Raawwachuu

- *Gochaalee loogii bakkeewwan armaan gadiitti raawwataman jettan tarreessaa.*
  - A. Maati keessatti
  - B. Manneen barnootaati
  - C. Daree barnoota keessatti.
- *Namoonni loogii maalif raawwatu?*  
*Qabxiilee sababaa ta'u jettan ibsaa.*

Haqummaan akka dhabamu kan godhan keessaa inni lamaffaan gochaalee loogii raawwachuudha. Gochaaleen loogiin faallaa gochaalee haqaati. Yoo loogiin hawaasa keessatti babal'ate tajaajilli haqaa ni hi'rata. Gochaalee loogii jechuun, karaa seeran ala ta'ee gocha tokko miidhee tokko fayyadu raawwachuu jechuun ibsamuu danda'a.

Namoonni tokko tokko firoomaan, afaaniin, sanyiidhan, amantaadhan, walitti dhiyeenyaa fi qarshii fudhach uudhaa fi kkf loogii ni raawwatu. Gochaaleen loogii bakka adda addaa fakkeenyaaf, mana barnootatti, gandatti, dhaabbilee haqaa fi kkf keessatti raawwatamu ni danda'u. Gochaaleen loogii kunniin seerri akka hin kabjamee gochuudhan gochaaleen murtii haqaa akka hin raawwatamne gufuu ta'u. Haata'u malee gochaaleen loogii bakka kamittu raawwataman fudhatama hin qaban.

### Gilgaala 10

#### Gaaffilee armaan gadiirratti mari'adha.

1. Gochaalee loogii dhabamsiisuuf maaltu isinirraa eeggama?
2. Gochaalee loogii mana barnootatti raawwatamu dhabamsiisuuf maaltu godhamu qaba?

#### 4.3.3. Rakkoolee Gochaaleen Loogii Dhaqqabsiisan.



Fakkii 4.6. Lolaa fi hanna



**Fakkii 4.7. Butii**



**Fakkii 4.8. Qabeenyaa  
Baleessanii baqachuu**

- *Fakkiiee armaan olitirraa maal hubattan? Gochaalee akkamituu raaawatama jira?*
- *Gochaaleen akkana kun gochaalee haqaati moo gochaalee loogiti? Maalif?*
- *Gochaalen akkana kun akka hin raawwatamne lammiileen maal gochuu qabanu ?*

### **“Gandoota Chaanar” /kutaa lammaffaa/**

Hallii ganda Chaanar yeroodha yerootti itti caalaa deemuun yaadessaa fi to`annaan ala ta`aa waan dhufeef jiraachudhaaf sodachisaa ta`e jira. Eeggumsi fi tokkummaan duraan ture waan badeef yeroo adda addaa uumatoota ollaatiin weerarama jiru. Akka yeroo durii

daa`imman dirree irratti taphachuun, beeyiladoonni burraaqun hin jiru. Buttaanis waan cimeef shamarran mana barnootaa deemuu dhiisanii jiru. Haadhooliin gara gabaa deemuu yoo yaadan sodaatu itti dhagahama. Darbee darbee nammoonni ajjeefamaa akka jiran ni dhaga`ama. Namoonni ganda isaanii dhiisanii baqachuu jalqabanii jiru. Dhumarras gandoonni kun duw-waa ta`an. Akkuma salphaatt diigamanii badan. Yeroo amma namoonni karaa gandoota diigaman kanaan darban “Chaanar ganda jaalalaa, biyya

#### **Gilgaala 11**

**Barreeffama armaan olitti kenname  
bu`uura godhachuun gaaffilee  
armaan gadiif deebii kenna.**

1. Seera kabajuu dhabuu fi gochaaleen loogii miidhaa isaan fidan tarreessaa?
2. Jiraattonni ganda Chaanar rakkoon akka hin uumamne maal gochuu qabu ture? Qabxii lama ibsaa.

jaalalaa” jechuun qoosu, baacu.

### **Gochaaleen Loogii Rakkoowwan Armaan Gadii Uumuu**

- Lammiiwwan faayidaa lammuum-maa biyyaa isaanii irraa akka hin arganne godha. Fakkeenyaaf, mana barnootaa keessatti yoo loogin jiraate daa'imman baruumsa barbaachisaa dhabuu danda'u. Loogin yoo dhaabbilee fayyaa keessaa

jiraate tajaajila wal'aansa ga'aa argachuun rakkisaa ta'a.

- Gochaaleen loogii maatii keessaa yoo jiraatan jireenyi rakkisaa ta'a. Kana malees, gochi loogii seerri fi herrii mootummaa akka hin kabajamne gochuun lammiwwan mootummarraa akka amantaa dhaban taasiisa. Jeequmsi akka ka'u sababa ta'a. Kanarraa ka'uudhan nageenyi fi tasgabbiin biyyaa ni booraha. Qabeenyii lammiwwanii namoota humna qabaniin ni saamama. Darbee darbee miidhan qaamaa fi lubbuu irratti raawatamu danada'a .

## Gilgaala 12

### Gaafilee armaan gadiirratti mari'adha.

1. Gochaaleen loogii jiraachun lammiwwan irratti miidhaa maal akkamiifida?
2. Gochaale loogii balleesuudhaf lammi biyyaatirraa maaltu eeggama?

## 4.4. Dhaabbilee Hawaasummaa

### 4.4.1. Maalummaa Dhaabbilee Hawaasummaa



**Fakii 4.9 Dhaabbilee Hawaasummaa**

- *Dhaabbilee armaan olii maalumma isaanii fi faayidaa isaan kennan ibsaa ?*
- *Dhaabbileen armaan gadii naannoo keessan jiraachuu yookiin jiraachuu dhabuu isaanii mirkaneessaa.*

T/L	Dhaabbilee	Ni jiru	Hin jiru	Gosa ogeessota dhaabbilee kana keessa hojjetan
1	Mana barnootaa			
2	Bufata Fayyaa			
3	Waajjira gandaa			

Dhaabbilee hawaasumma jechuun, dhaabbilee (waajjiroolee) naannoo tokkotti hawaasaf tajaajila adda addaa kennuudhaf dhabbataniidha. Dhaabbileen armaan olii gabatee keessatti ibsaman fakkeenya dhaabbilee hawaasumaati. Dhaabbileen kun hawaasaf tajaajila adda addaa faayidaa qabanii fi barbaachisa ta'an ni kennu. Fakkeenyaaf, manni barnootaa isin amma keessatti barachaa jirtan tajaajila barnootaa kennuudhaf kan hojjetameedha. Buufataalen fayyaatis, akkasuma rakkoowwan fayyaa hawaasaf wal'aansa kennuudhaf kan hunda'anidha.

- *Haqummaan tajaajila dhaabbilee hawaasummaa maalin ibsma?*

Dhaabbileen hawaasummaa kan dhabbatan hawaasa hundaa loogii malee akka tajaajilaniifi. Dhabbilen kunis tajaajila haqaa fi wal qixxummaa irratti hunda'ee kennu qabu. Tajaajila haqumma jechuun soorressa, hiyyeessa, angoo kan qabu, angoo kan hin qabne, fira kan qabu, fira kan hin qabne fi kkf osoo hin jedhini tajaajila lammiileen dhaabbatoota kanaraa barbaadan haala barbaachisuun kennu jechuudha.

### Gilgaala 13

#### Gaaffilee armaan gadii deebisaa

1. Dhaabbilee hawaasummaa jechuun maal jechudha?
2. Dhaabbileen hawaasaf tajaajila akkamii kennu?

### Gilgaala 14

#### Gaaffilee armaan gadii deebisaa

1. Dhaabbileen hawaasummaa tajaajila haqaa ta'e akka hin kennin waantoota gufuu ta'an ibsaa?
2. Tajaajila haqa yoo hin kennine ta'e rakkoowwan uumamuu danda'an maalfaadha?.

#### 4.4.2. Haqummaa Tajaajila Dhaabbilee Hawaasummaa

- *Haqumma tajaajila dhaabbilee hawaasummaa jechuun maal jechudha?*



## 4.5. Gibira (Ashuuraa)

### 4.5.1. Maalumaa fi Faayidaa Gibiraa



**Fakkii 4.10** Haala kaffaltii gibiraa

- *Namoonni fakkii keessatti walgahan maal godhaa jiru isinitti fakkaata?*
- *Jecha gibira jedhu dhageessanii beektuu ? Yoo beektan ibsaa*

#### **Gaaffii Kadijjaa**

Kadijjan erga "maalumma dhaabbilee hawaasummaa "barattee booda dhaabbilee naannoo isaani jiran eenyu akka hojjate beekuu barbaadi. Gaaffi kanarratti abbaa ishii obboo Alii waliin marii gootee jirti. Mariin kun waa'ee dhaabbilee hawaasummaa beekumsa argatterratti dabalataan" maalummaa gibiraa" akka hubattu gargaare jira. Mariin abbaa fi intalli taasisan kun kutaa lamaan dhiyaatee jira.

#### **Gaaffii Kadijjaa (Kutaa tokkoffaa)**

**Kadijja:** Abbaa koo manneen barnoota, buufataalee fayyaa fi qonnaa, karaa fi kkf. naannoo keenyatti argaman eenyutuu hojjate?

**Obbo Alii:** Kan ati kaaste kanneen bay`inaan kan hojjate mootummaadha.

Mootummaa jechuun, nageenya ummataa kan eeguu fi qaama misooma adda addaa akka raawwatu bakka bu'ummaa umma-taan kennameefiidha.

**Kadijja:** Abbaa koo mootummaan hojii kana hunda raawwachuudhaaf qarshii eessaa fida?

**Obbo Alii:** Mootummaan kan kana raawwatu qarshii yookiin gibira lammiwwanirraa walitti qabuuni.

**Kadijja** Abbaa koo gibira jechuun maal jechuudha?

**Obbo Alii** Gibira jechuun, lammiwwan galii argatanirraa hir'isuun qarshii Mootummadhaaf kafalanidha. Mootummaan gibira walitti qabuun misooma dhaabbilee hawaasumaa (karaa, bishaan, ibsaa, bilbila kkf) ijaara. Nageenya biyyaa ni eegisisa

**Kadijja:** Abba koo namni martu gibira ni kafalaa?

**Obbo Alii:** Eeyye, qotee bulaan, daldaalan, hojjetaan mootummaa, hojjetaan warshaa, dafqaan bulaan, hidhataan gibira kafaluu qabu.

### Gilgaala 15

**Marii armaan oliitti kenname bu'uura godhachuudhaan gaaffilee armaan gadii deebisa.**

1. Gibira jechuun maal jechuudha?
2. Gibirri yoo seeran hin kafalamin rakkoowwan uumamuu danda'an maal faadha jettanii tilmaamtu?
3. Mootummaan qarshii gibiraan walitti qabu hojii maalirra oolcha?

### *Gaa fii Kadijjaa (Kutaa lammaffaa)*

**Kadijjaa:** Abbaa koo namni martuu gibirri kafalu wal-qixaa?

**Obbo Alii:** Intala koo lammiin hundi gibira wal-qixa hin kafalu. Gibirri tokko kafalu tokkorraa addaa. Kafaltiin gibiraa galiirratti hunda'aa, galii guddaa kan argatu guddaa kafala, kan galii xiqqaa argatu akkasumatti xiqqaa kafala jechuudha.

**Kadijjaa:** Abbaa koo ati gibira kafaluu qabdu kafaltee jirtaa?

**Obbo Alii:** Sirriti kaa. Ani abbaan kee namoota hunda dura dirqama koo baheera jedhanii nagahee ittiin kafalan fuudhanii itti agarsiisan.

**Kadijjaa:** Abbaa koo gibirri yoo seeran hin kafalamin rakkoo maal fida?

**Obbo Alii:** Namoonni yoo gibira yeroo fi seeraan hin kafallin daa'imman akka keessanii barachuu hindanda'an. Buufataalen fayyaa waan ijaaramuu hin dandeenyeef hawaasni dhibeedhaan miidhama. Karaan, boolli bishaanii,

ibsaan fi kkf. babal`achuu hindanda'an. Kanaafuu, misoomnii fi guddinni biyyaa ni gufata.

**Kadijjaa:** Abba koo biyyoonni guddatan yookiin qarooman jedhaman kan guddatanii fi qarooman lammiwwan isaani waan gibira kafalaniifii?

**Obbo Alii:** Eeyyee, intala koo lammiwwan isaanii waan ciminnaa hojjatanii fi gibira irraa eeggamu waan kafalaniif mootummaan abbaa maatii tokkoon wal-fakkaata. Abbaan maatii tokkoo meeshaalee barbaachisa ta'an akkuma maatiidha guutu, mootummaan hawaasa isaaf hojii adda addaa hojjeta. Kanas kan hojjetu gibira lammiwaanirraa walitti qabuuni

**Kadijjaa:** Abbaa koo amma dhaabbilee hawaasummaa eenyu akka hojjetu fi maalummaa gibiraa hubadhee jira. Kanan hubdhellee boru hiriyoota kiyyatti nan hima. Anis fuula duratti guddadhee yoon hojii qabadhe gibira narraa eeggamu mootummaadhaaf nan kafala

**Obbo Alii:** Ishoo ishoo intala koo akka kana gootu nan amana.

### Gilgaala 16

**Barreefama armaan olii buu'ura godhachuun gaaffile armaan gadii deebisaa.**

1. Faayidaalee gibiraa ibsaa
2. Gibirri lammiwwan kafalan maal bu'uura godhachuun murtahaa?
3. Gibirri yoo seeraan hinkafalamiin daa'imman akka keessanii irratti rakkoo akkamiti uuma?

## **Xumuraa Boqonnichaa**

Haqaa jichuun, yaada dhugaa kennuu yookiin dhugaan hojjechuu ibsa. Haqummaan jireenyaa fi sochii hawaasaa keessatti dhimma barbaachisaadha. Haqummaan haali jireenya maati tokkoo akka tasgabahuu kan godhuudha. Tajaajila murtii haqaa kennuun lammiiwwan gidduutti loogiin akka hin uumamne gochuudhan walqixxummaa cimsa. Biyya nageenya qabduu fi guddatte ijaarudhaaf haqummaan barbaachisaadha. Haqummaan akka cimu lammiiwwan sadarkaa kamirrattuu seera kabajuu qabu. Wantoota gocha haqaa gufachiisanirraa of eeguu qabu.

Gochaaleen loogii yoo raawwataman ifaan mormuun gahee lammii gahuumsa qabu tokkootii. Kanaafuu, haqaan hojjechuun dhaabbilee tajaajila hawaasaaf kennan keessatti cimu qaba. Dhaabbileen hawaasummaa akka babal'atan lammiiwwan haaluma galii isaanitiin gibira irraa eeggamu mootummaadhaaf kafaluu qabu. Walumaagalatti hawaasa tokko keessatti gochaaleen haqaa akka ciman lammiiwwan jireenya maatii keessatti, mana barnootatti, naannoo jireenyatti, bakkeewwan hojii fi kkf keessatti waan hojjetan haqummaan raawwachuu qabu.

## Jechoota Ijooa

**Haqaa** Gocha (dalagaa) loogiirraa bilisa ta'e/dhugaa

**Walitti bu'iinsa** Waliigaluu dhabuu / wal loluu

**Loogii** Murtii /gocha/ tokkoo miidhee tokko fayyadu

**Miidhaa** Waan haqa hin taane namarratti raawwachuu /hubaatii

**Dhaabbilee** Qaamolee yookaan waajjiraalee dalagaa tokko akka raawwatan angoon kennameef.

**Murtii** Dhimmoota adda addaa irratti murteessu /yaada kennuu

**Madaala** Mallattoo walqixxummaa fi haqqummaan ittiin ibsamu

**Amala** Gochaa fi haala nama tokkoo kan ibsau

**Ogeessa** Barumsaa fi beekumsa gahaa kallattii adda addaan kanneen qaban

## Gaaffilee keessa Deebii

I. Himoota armaan gadii dubbisuudhan kan sirrii ta'e "DHUGAA" jechuudhan kan sirrii hintaane immoo "SOBA" jechuun deebisaa.

- \_\_\_ 1. Tajaajila murtii haqaa kennuun guddina biyyaatiif faayidaa hin qabu.
- \_\_\_ 2. Dhaabbileen tajaajilli haqaa haala aadaan kennan murtii haqaa cimsuudhaaf fayyadu.
- \_\_\_ 3. Qaamoleen poolisii qaama tajaajila murtii haqaa ammayyaa kennan keessatti hin ramadaman.
- \_\_\_ 4. Dhaabbilee hawaasummaa baballisuudhaaf gibirri madda gali olaanadha.
- \_\_\_ 5. Gochaaleen haqaa sochii jireenya namootaa keessatti faayida hin qabn

II .Yaada "A" jalatti tareefameef " B" jalaa jalaa fillachuun walitti firoomsa.

“A”

- \_\_\_ 1. Seera kabajuu dhabuu
- \_\_\_ 2. Haqummaa
- \_\_\_ 3. Jaarsummaa
- \_\_\_ 4. Dhaabbata hawaasummaa
- \_\_\_ 5. Mana murtii

“B”

- A. Tajaajila haqaa aadaa
- B. Murtii sirrii ta'e
- C. Dhaabbata tajaajila haqaa kennu
- D. Barfachuu
- F. Buufata fayyaa

III. Gaaffilee armaan gadii dubbisuudhaan bakka duwwarratti jecha yookiin gaalee sirrii ta'e guutaa.

- 1. Dhaabbilee tajaajila haqaa ammayyaa sadan \_\_\_\_, \_\_fi \_\_\_\_ dha.
- 2. Dhaabni hawaasuma lammiwwaniif beekumsa babal'isu \_\_\_\_ jedhama.
- 3. Qarshii lammiwwan haala galii isaanitiin mootummaadhaaf kafalan \_\_\_\_ jedhama.

IV. Gaaffilee armaan gadiitif deebii sirrii ta'e filadhaa.

- 1. Hojiimaanni haqaa kan barbaachisu naannoo kamitti?  
A. Maatii                      B. Mana barnootaa                      C. Ganda                      D. Hunduu deebiidha
- 2. Kanneen armaan gadii keessaa murtii haqaaf gufuu kan ta'un isa kami?  
A. Soba                      B. Haqummaa                      C. Dhugaa                      D. Murtii loogi hin qabne
- 3. Qaamni hawaasaa gibira kafaluu kan qabu isa kami?  
A. Daldaalaa                      B. Hojjetaa mootummaa                      C. Qoteebulaa                      D. Hunda
- 4. Dhaabbata tajaajila hawaasummaa kennu kan ta'e kami?  
A. Buufata fayyaa                      B. Waajjira Poolisii                      C. Mana barnoota                      D. Hunda
- 5. Kanniin armaan gadii keessaa bu'aa hojiimaata haqaa kan hin taane isa kami?  
A. Bittinfamuu maatii                      C. Wal qixxummaa  
B. Nageenyaa fi guddina                      D. Waljaalachuu

V. Gaaffilee armaan gadiitif deebii gabaaba kennaa

- 1. Mana barnoota keessatti haqummaan akka mirkanaa'u isin amala akkamii qabachuu qabdu?
- 2. Gibiri yoo seeraan hin kafalamin rakkoowwan ni uummaan jettan

# BOQONNAA SHAN

## JAALALA BIYYAA

**Kaayyoo Boqonnichaa :**

*Barattoonni barnoota boqannaa kanaa erga xummuraniin booda;*

- Maalummaa jaalala biyyaa ni qayyabattu.
- Walqunnamtii lammummaa fi jaalala biyyaa jiduu jiru ni beeku.
- Gochaalee jaalala biyyaa miidhan addaan ni baafatu.

- *Fakkiin kun waa'ee jaalala biyyaa ergaa inni dabarsuu isbsa.*
- *Naannoo keessanittii jaalala biyyaatin walqabatee wantoota jedh-aman walaloo gaggabaaboo Ummanni itti fayyadamu, sirbootaa fi faaruwwan beektan daree barnootaa keessatti fiduudhaan barattoota daretii dhiyeessaa.*

**Fakkeenya, Jaalalan biyyi ni ijaarama, Beekumsaan ummanni ni badhadhaa, Ogummaan ummanni ni boona .**

### 5.1. Jaalala Biyyaa

#### 5.1.1. Maalummaa Jaalala Biyyaa



**Fakkii 5.1. Ibsitoota Jaalala Biyyaa Keessaa Tokko**

Jaalala biyya jechuun, biyya ofiif yaa-duu sirriitti jaalachuu jechuudha. Miseensonni maatii tokko fedhii fi ilaacha adda addaa qabatanillee, akka maatiitti waliigalteen, waljaalala fi waldanda`uun wajjin jiraatu. Miseensonni maatii kun mirga fi dirqama walqixxee qabachuu isaan ni hubatu. Haaluma kana fakkaatuun, saboonni, sablammoonni fi uummatoonni Itoophiyaa aadaa ,afaan fi amantii adda addaa qaban mirga fi dirqama walqixxee qabachuu isaanii heerri keenya mirkaneeseera. Kanaafuu, jaalalli biyya isaanii qaba ol`aanaa ta'a. Daangaan biyya keenyaa sabaa fi sablammootaa

fi uummattoonni Itoophiyaa akka jira-  
atoota maatii tokkotti keessa jira-  
ataniitti tajaajila. Kanarraa ka`uun sa-  
baa fi sablammoonni fi uumma tto-  
onni Itoophiyaa jaalalan waldanda`uu fi  
walkabajuun jiraacha jiru.

### Gilgaala 1

**Gaaffilee armaan gadi kutaa keessatti  
irratti mari`adhaa.**

1. Namni tokko biyya isaa jaalata yoo jennuu  
maal jechuudha?
2. Biyya keenya kan jaalanuuf maaliif ?

### 5.1.2. Amaalota Jaalala Biyyaa Ibsan



**Fakkii 5.2** Waltajjillee jaalala biyyaa itti  
muuxatan keessaa tokko

#### • **Fakkiirra maal hubatan?**

#### **Obboo Guutamaa fi Ijoolee Ollaa Dooccoofaa**

Obboo Guutamaan nannoo Afincoo  
Barrii jiraatu. Afincoo Barri kan

jedhamuu Finfinnee keesaa naannoo  
Siddist Kiilootti argama. Ijoollen naa-  
nnoo kana jiraatan obboo Guutamaa  
baayee waan jaalataniif “Abbaabbii”  
jedhaniit waamu. Bara 1928 A.L.H.  
yeroo biyyi xaaliyaanii Itiyooophiyaa  
weerarte obboo Guutamaan (Abba-  
abbiin) Raayyaaa Itiyooophiyaa waliin  
duulaniit turan. “Abbaabbiin” Raayyaa  
weerartuu xaaliyaanii osoo waraananii  
nama miila isaanii tokko dhabaniidha.  
“Abbaabbiin” abaabayuu Dooccooti.  
Dooccoon umriidhaan wag-gaa kudha  
afur (14) yoo ta’u, Abb-aabbiif jaalala  
guddaa qaba. Hiriy-yoonni Dooccoo  
Haluuf, Zamzam, Taa-ntuu, Midhaksa  
fi Nitsihit, jedhamuu. Dooccoo fi  
hiriyyoonni isaa Abbaabbii waliin  
taphachuu waan jaalataniif ye-roo  
maraa akkanatti mari’atuu.

**Zamzam:** Abbaabbii miilli kee kun ma-  
al isin dhukkubee ?

**Abbaabbii:** Intala koo Zamzam , kan  
muramee dhibame osoo hin ta’in,  
bilisummaa biyyaa kootiif jecha weer-  
artoota xalyaanittiin osoon loluuti.

**Zamzam:** Abbaabbii biyyaa keessan  
baay’ee jaalattu jechuudhaa.?

**Abbaabbii:** Biyyaa ofii caalaawaanti  
jaallatamu maaltu jira.

**Taantuu:** Abbaabbii nuti jaalala biy-  
yaa keenyaa akkamiin ibsannaa?

**Abbaabbii:** Mucaa cimaa ,gaaffii gaarii  
nagaafate. Jaalallii biyyaa maati fi  
naannoo irraa jalqaba .Abbaa fi haa-

dha kabajuu, ollaaf amala gaarii qabaachuu, hanga humna ofiitin qulqulina naannoo eeguu, barumsaaf dur-sa kennuu, meeshaalee dhuunfaa fi garee seeraanqabuun jaalala biyyaa qabaachuu kan agarsiisaniidha.

**Midhaksaa:** Abbaabbii ani akka keessan loltuu osoo ta'ee gaarii mitii?

**Abbaabbii:** Yaada gaaridha, Midhaksaa, biyyaa kan eegduu garuu dir-ree waraana deemuu qofaan miti. Fakkeenyaaf, ijoollee naannoo kanaa kan nageenya uumataa jeeqan gorsuun, amala gadheen biyyaa fi uummata midhauurraa of eegu fi gochalee gaariin fakkenya ta'un biyyaa eeguudhan walqixa.

**Nitsihit:** Abbaabbii diinni biyyaa yoo dhufe maal gochuu qabnaa?

**Abbaabbii:** Nitsihit, diinni biyyaa weerartoota qofa miti. Weerartoonni yoo dhufan uummanni wal ta'ee ofirraa deebisa. Diinni guddaan biyyaa; Beelaa fi hiyyummaadha. Har`a diinni guddaan keenyaa hiyyummaa waan ta'eef lammiin martuu dursee kan waraanu qabu isa kana.

**Hiluuf:** Hiyyummaa akkamitti waraanna?

**Abbaabbii:** Hiyyummaa kan waraannu barachuu fi jaalala hojii guddifachuudhan. Qabeenyii mootumaa fi uumataa akka hin mancaane gochuudhan hiyyummaa mo'achuun ni danda'ama. Naannoo keenyatti ujummoo bishaanii cabee bishaan yoo dhangalaa'e qaama dhimmi ilaalatutti

beeksisuudha. Ibsaa karaarr-aa caccbsuu, Gochaalee balaa ibid-daa fiduu danda'anirraa fagaachuu, naannoo keessan qulqulessuu fi kunuunsuun isinirraa eegama.

**Doocoo:** Abbaabbii, har`aa irraa eegallee biyya keenya jaalachuun fi wantoota isin nu gorsitan hunda hojiirraa oolchuudhaaf waadaa isinii seennaa jedhe. Hundi isaanii sagalee tokkoon, eeyyee Abbaabbii, hundi keenya walfaana waadaa ni galla jedhan.

**Abbaabbii:** Guddadha! Guddadha! Ijoollee kiyya ,borattoota ciccimoo ta'aa. Horaa, daraaraa, Boruu abdi biyya kanaa kan taatan isini.

## Gilgaala 2

**Marii armaan olitti dhiyaatee bu'uureffachuun gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Haala marii Abbaabbii fi hiriyoota Doocootiin jaalala biyyaa jechuun maal jechuudha?
2. Kan marii keessatti dhiyaate irratti dabaluuudhan dhimmoota jaalalli biyyaa ittiin ibsamu terreessaa?
3. Akkuma daangaan biyyaa Raayyaan eegamuu ,qabeenyii biyyattiillee seera ala manca'uu irraa yoo eeggame hiyyummaan humna hin godhatu. Dhimmoota lamaan kana irratti barattoota daree waliin mari'adhaa.



Lammiin, biyya kiyjaa nan jaaladha jedhu jaalala biyya isaaf qabu gochaa agarsiisuu qaba. Dhimmoota jaalala biyyaa ibsan armaan gadii lammiiilee hunduu hojjiirra oolchuutu irraa eegama.

- ***Biyyi keenya Itiyoophiyaan bakka bu'insa kan hin qabnee fi seenaa isheetiin kan boontu ta'u beekudhaan irra caala akka guddattu gochuu.***
- ***Wanta uummata fayyaddu hojochuu.***
- ***Aadaa, afaan, amantaa fi ilaalcha sabaafi sablammootaa kabaajuudhaan waldana'uun nageenyaa waliin jiraachuu.***
- ***Sadarkaa biyyota guddatan (misooman) irra gahan, irra gahuudhaaf cimani hojochuu.***

## 5.2. Gochaalee Jaalala Biyyaa Miidhan


***Jechamoonni armaan gadii ergaan isaan dabarsan maal akka ta'ibsa.***

1. Kan aabbaan alaa qilleensa
2. "Yoo ani du'e margi hin margin"
3. Yoo manni abbaa kee saamamu waliin saami .
4. Malaammaltummaa fi hattuun balbala hin jaalatu.

### ***Abraar Qastoo***

Barattoonni mana barnoota "Yehiwuqate wagane" cimina isaaniin beekamoodha. Manni barnootaa kun qoru-

msa biyyoolessaa kutaa 8<sup>ffaa</sup> tiin manneen barnoota naannoo jiran keessaa waggoota darban sadaniif walitti fufan 1<sup>ffaa</sup> bahee jira. Barattoonni barumsaan qofa osoo hin ta'in amala gaaridhanillee ni beekkamu. Abraar Qastoo barataa mana barumsa kanaati. Abraar Qastoo mana barnootatti kan beekamu ciminaa fi amala gaaridhaan osoo hin ta'in amala gadhee qabuuni. Abbaan isaa obboo Hayidar bariisaa mana barumsa kanaa yoo ta'an, barattoota biratti maqaa Qastoo jedhamuun beekkamu. Abraar abbaa isaa Qastoo dhan boonudhaan mana barnootaa keessatti ballesaa baay'ee raawwatee jira. Fakkeenyaaf, kitaabolee abbaan mana kitaabatii ergifate keessaa kuteef yookin tarsiiseeti fudhata. Gaafilee qormaata abbaa jalaa hatee barattoota kutaa sadeettaffaatti utuu gurguratu argamee jira. Yeroo tokkoo gaafilee qormaata abbaa jala hatuun intala adaadaa isaa kan ta'e Zeenabaaf kennee ture. Daree keessaallee meeshaalee barattootaa hatee fudhachuun isaa itti mirkanaa'ee jira. Ibsaa daree isaanii keesa jirullee furrisaan cabsuun isaa beekkamee jira. Biqiltoota mana barnoota keessa jiran yeroo beyiladoonni naannoo dallaa seenanii mancaasan ana hin galchu jechuudhaan badii kanaaf sababa ta'ee jira .



**Fakkii 5.3 Qabeenyaa mancaasuun lammii biyya jaallatu irraa hin egamu**

Amallii Abraar "Qastoo" kan guyyaa guyyaan badaa deeme kun yaaddoo kan itti ta'e barattoonni daree isaa dhi-mma kana dura bu'aa mana bar-nootichaatti dhiyeesudhaan walii galt-eerraa gahaniiru.

### Gilgaala 3

Barreefama armaan olii bu'ura godhachuudhaan gaaffilee armaan gadiitiif deebii kennaa.

1. Barattoonni daree Abraar "Qastoo" kan dura bu'aaf mana barumsaaf dhiyeessan yakki Abraar mata duree kami waliin deemuu danda'a? mallattoo (X) agarsiisaa.
  - A. Malaammaltummaa fi firummaan walii ooluu \_\_\_\_\_.
  - B. Qabeenya uumataa mancaasuu dhaan \_\_\_\_\_.
  - C. Gochaalee badii daree keessatti agarsiisuu \_\_\_\_\_.
  - D. Maaltu nagashe jechuudhan balleesaa bira darbuu \_\_\_\_\_.
  - E. Uummata naannoof kabaja kennuu dhiisuu \_\_\_\_\_.
2. Balleessaa abbaa Abraar barsiisaa Hayidariif balleessaa ta'uu kan danda'an sababoota sadii ibsaa.
3. Gochaalee fi amalli gadheen Abraar "Qastoo" jaalala biyyaa miidhuu fi miidhuu dhabuu isaanii barsiisaa keessan waliin mari'adhaa.

## 5.3. Maalummaa Meeshaalee Tajaajila Walee

### 5.3.1. Meeshaalee Tajaajila Walee Mana Keessatti Argaman

- **Meeshaalee manaa fi naannoo keessanii kan namoonni waliin itti fayyadaman terreessaa.**



Meeshaalee walee kan jedhaman meeshaalee nama tokkoo oliif yookiin gareedhaan faayidaa kennaniidha. Meeshaaleen walee namoota dhuunfaaf osoo hin ta'in namoota bay'ee kan tajaajilanidha. Namoonni kan jiraatan meeshaalee dhuunfa irratti dabalataan meeshaalee walee itti fayyadamuudhaani. Miseensonni maatii tokko keesaa jiraatan meeshaalee waliin itti gargaaraman qabu. Meeshaaleen kunniinis, uffata, kitaabolee, meeshaalee itti bilcheffataanii fi ittiin nyaatan fi meeshaalee qulqulina ittiin eeggatan ta'uu danda'u. Meeshaaleen kunniin miseensota maatii hundaanuu ofegganno-

odhan qabamuun isaanii barbaach-isaadha. Miseensota maatii kees-saa tokko yoo kan ofeggannoo godhu ta'ee tokko immoo faallaa kana yoo ta'e nageenyi isaanii ni boora`a. Ofeggannoo dhabuudhaan meeshaa cabe bakka buusun yookiin suphisiisuun baasii dabaluuudhan bajata maatii kana irratti rakkoo uuma. Kanaafuu, miseensonni maatii martuu meeshaalee waliin itti fayyadamaniif ofeggannoo barbaachisaa gochuu qabu.

#### Gilgala 4

##### Gaaffilee armaan gadiif deebii kennaa .

1. Meeshaalee waliini(walee) jechuun maal jechuudha?
2. Meeshaalee waliini kan mana keessatti argaman ibsaa / tarreessaa.

### 5.3.2. Meeshaalee Mana Barumsaa

#### Keessatti Tajaajila Walee Kennan

- ***Meeshaaleen mana barnootaa keessatti argaman maal fa'a akka ta'an ibsaa.***

"Bakka hin duune kan dhalli nama itti guddatu kana seenaa" kan jedhu balbala maneen barnootaa baay'ee irratti barreeffamee ni mul'ata. Manni barnootaa burqaa beekkumsa hin duunedha. Dhaabbata barnoota kana keessaa meeshaalee walee baay'ee argama. Baratan kammiyyuu meeshaalee kaneen ofeggannoodhaan qabuuf

dirqama qaba. Teessoowwanii fi minjalonni yoo caban miidhaan kan hundaa'uu ta'a. Manneen fincaanii yoo ofeggannoodhan (Seeraan) hin qabamin barattoonni ni rakkatu; barattoonni yoo dhibaman immoo maatii fi mootummaa irra baasiin mana yaalaa irra egamaa. Dareen barnootaa yoo qulqullina hin qabamne hordoffii barnoota barattootaa irratti miidhaa fida . Manni barnootaa dhaabata beekumsaa dhaaloota kaleessaa, ha`raa fi boruu kan walitti fidu waan ta'eef meeshaaleen waliinii kan mana barnootaa seera fi ofeggannoodhaan qabamuu qabu.

### 5.3.3. Of Eggannoo Meeshaalee

#### Tajaajila Waleetiif

#### Taasifamuu Qaban

- ***Meeshaalee waliitiif of eggannoo gochuun maaliif barbaachisaa?***

Meeshaalee mana keessatti ittiin fayyadamnu kan nuuf guutan maatii (warra) keenya . Meeshaalee naannoo fi mana barnootaatti itti fayyadamnu kan nuu guutan immoo ummataa fi mootummaadha. Gibirii fi taaksiin uummata irraa walitti qabamu meeshaalee faayidaa waliinii qaban kaneen guutuutiif oola. Lammiin kamiyyuu Meeshaalee faayidaa waliinii qaban kaneen of-eggannoo fi qulqullinaan qabuu qaba . Iddoon kosiin itti gatamu yoo qulqullinaan hin qabamin jiraattota naannoo sanaarra rakkoon

fayyaa irra gahuu danda'a. Sararri ibsaa, bilbilaa fi bishaan ofeggannoodhan yookiin seeraan qabamuu

dhabuun kan miidhamu uummata. Haala hiyyumma biyyi keenya kanaan baasiin hin barbaachisne yoo baay'ate hiyyummaan keenya ittuma cima. Waan kana ta'eef, lammiin hunduu meeshaale waliin itti fayyadamuuf ofeggannoo barbaachisa gochu qaba. Seeraan ala itti fayyadamuudhaan kan meeshaalee walee mancaasee yookiin balleessee seeran adabama.

### Gilgaala 5

#### Gaaffiiwwan armaan gadii deebisaa.

1. Meeshaalee tajaajila dhuunfaa kennan keessaa afur barreessi.
2. Naannoo isin jiraatanitti meeshaalee Ummanni waliin itti fayyadamu keessaa sadi barreesudhaanhaala qabiinsa isaanii irratti gareen mari'adha.
3. Meeshaan mana barnoota keessanii kan cabe, cabuu isaatiif rakkoon yookiin miidhan uummame yoo jiraate mari'adha.

## 5.4. Hiyyumma Fi Boodatti Hafummaa Keessaa Bahuu

### 5.4.1. Ibstoota Hiyyummaa fi Boodatti Hafummaa

Haati “Hin jiru “jetti mucaan buddeena jedha. Quufaan nyachuun eessa jira rakkoon hiyyummaa hamaadha.

( Walaloo ummataa )

- ***Walaloon kun hiyyummaan hamaa ta'uu isaa haala kamiin akka ibsee mari'adhaa.***

Hiyyummaa jechuun wantoota jiraa-chudhaaf nu barbaachisan kan akka nyaataa, uffataa mana jirenyaa fi k.k..f. haala guutuu ta'een argamuu dhabuudha. Boodatti hafummaa yookiin duubatti hafuu jechuunis, sadarkaa oomishuu, dalagaa fi jireenya biyyoota misoomanii irra hin ga'iin hafuu yookaan ga'uu dadhabuudha.

- ***Dhimmoota yookiin wantoota hiyyummaa fi boodatti hafummaa ibsu jettanii yaaddan kaasuu-dhaan daree keessatti irratti mari'adhaa.***

Biyyi keenyaa biyyoota hiyyeeyyii jedhman keessaa ishee tokkodha. Hiyyummaa keenyaaf sababoota kana ta'an keessaa tokkoo cimnee hojjechuu dhabuu keenyadha. Hiyyumma immoo yeroo maraa maxxantuu nama taa-sisaa. Ummanni hiyyummaa keessa jiru miidhaa namaa fi uumaatiin salphaatti saaxilamuu danda'a. Ijoollee maatii yookaan naannoo keenya keessa jiratan tokko tokko yoo ilaalle hiyyummaa yookiin rakkoo maatii isaanirraa kan ka'e barachuu kanneen hin dandeeye ni jiru. Ijoollee baay'een nyaata mada-alamaa hin argatan, Ummanni hiyyu-mmaa fi boodatti hafummaan miidhamee, jireenyi isaa gad-aana ta'a. Kun immoo rakkoon fayyaallee hordofsiisuu nidada'a.

### **Galgaala 6**

#### **Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Ijoolleen sababa hiyyummaa barachuu hin dandeenye oolman isaanii maal akka fakkaatu mari'adhaa.
2. Rakkoowwan boodatti hafummaan dhufan keessaa sadi ibsaa.

### **Gilgaala 7**

#### **Gaaffiwwan armaan gadii deebisa.**

1. Sochiiwwan misoomaa kan naannoo keessanitti mula'atan keessaa sadi ibsaa.
2. Sochiiwwan misooma saffisaa biyya keenyaa keessatti mula'atan keessaa lamaan tokkoo ibsaa .

#### **5.4.2. Tarkanfiiwwan Hiyyummaa fi Boodatti Hafummaa Keessaa Bah-uudhaaf Fala Ta'an**

- ***Tarkanfiiwwan hiyyummaa fiboodatti hafumma keessaa bahuudhaaf fala ta'u jettan ibsaa.***

Hiyyummaa fi boodatti hafumma keessaa bahuudhaaf falli inni ijoon cim anii hojjechuudha. Guddachuudhaaf yookiin sadarkaa ol'aanaarra gahuu dhaaf kaka`umsi fi jaalalli hojii lamm iilee keessatti uumamuun baayy`ee barbaachisaadha. Imaammatoonni fi tarsii moowwan mootummaan qophah anillee lammiiwwan kan hojiidhaaf kakaasaniidha. Tarsii moowwan fi imaammatoonni gaarii diriirani garuu, lammiiileen hojiidhaaf kaka`umsa isaan qaban gadi aanaa taanaan misooma ariifachiisaa fi guddina fiduun hin dan d'amu.

#### **5.4.3. Tajaajila Fedhii Irratti Hundaa'e**

- ***Tajaajilli fedhiirratti hunda'e jechuun maal jechuudha?***
- ***Namoonni dhuunfaa yookaan waldaaleen tajaajila fedhiirratti hunda'e kennuu irratti hirm-aatan maal maal akka qaban ibsuun irratti mari'adhaa.***

#### ***Gocha Gaarii Fedhiirratti Hundaa'ee Rawwatame***

Dorgaggoo biyya tokkoo jiraatu tokkootu ture. Mana jireenyaa dargaggoo kana bira kan darbu toora baaburaatu jira. Dargaggon kun yeroo hunda karaa kana bira dhaabbatee harka afarsuudhan imaltoota babaaburaa jaalalan nagahaa waan gaafatuuf imaltoonni hundi ni jaalatuun. Keessumaa immoo konkolaachiftoonni Baaburaa waan siritti isa beekaniif darbee darbee kennaa xixiqqoo kenaniifi darbu. Guyyaa tokkoo garuu dagaggon kun waan nama rifachiisu tokko arge. Riqichi ma-

na isaanitii gadii haaburri irra ce'uu digamee arga. Yeroon Baaburri itti dhufus dhiyaatee ture. Rakkoon uummame kun yoo durfamee konkolaachisaatti hin himamin fi baaburii yoo hin dhabatin imaltoota hunda irra balaan akka qaqqabu dargaggoon kun ni hubate. Kanaafuu, shamizii diimataa uffate baasee harkatti qabatee dhufaatii Baaburaa eeguu jalqabee. Baburri dhufee naannoo kana yoo gahu darga-ggoon kun baabura faana kaachu-dhaan shamizii afarsaa "Dhaabi riqichi cab-eera "jedhee konkolaachisaatti iyyuu jalqabee. Kankolaachisaa fi imaltoonni guruu akkuma yeroo biraa nagah-aa waan gaafatu itti fakkaatee harka afarsuudhan nagahaa gaafatan. Mucaan kun shamizii isaa afarsaa, boohaa, iyyullee namni dhagaheef hin jiru .Dhumarraa Baaburri kun gara riqicha cabeetti hiiqaa wayita dhufu mucaan kun Baabura kana harkaan dhaanaa dhaabuudhaaf yaalii osoo godhuu guffatee waan jalatti kufeef lubbuun isaa dabarte. Haala mucaa kanaa hordofaa kan ture konkolaachisaan Baaburicha suuta jedhee dhaabudhan aaree bu'ee dhimmicha yoo hubatuu edaa dargaggoon kun kan lubbuu ofii dabarsee imaltoonni akka hin dhumneef ture. (Seenaa miyaawaa Biyyoota Baay'etti Dubbatamu)

Tajaajilli fedhiirratti hunda'ee kaka'uumsa mata ofiittin namoota biroo gargaaruudhaa yaalii taasifamedha. Tajaaj

jila fedhiirratti hunda'e kanarratti lammiileen hundi hirmaachuu qabu. Tajaajilli akkanaa kun ijoolummaarraa eegalee gocha gaarii dagaagaa deemuu qabu dha Namni kami iyyuu fedhii keenyaan ala waan tokko akka rawannu nu hajajuu hin danda'au. Garuu lammii keenya gargaaruuf kaka'umsi keenya jiraachuu qaba. Namoonni qarshiidhaan, beekumsa qabaniin, yookin gorsa kennuudhaan tajaajila kana kennuu ni danda'u. Fakkeenya, namoota rakkina qaban fi fayyaa hin qabne kan naannoo keenyaa gargaaruun ni danda'ama. Dallaa mana barnootaa keenya keessatti wantoota hir'atan guutuudhaa feedhii keenyaan ka'uudhan waan humna keenyaa gumaachuu ni dandeenya.

### Gilgala 8

#### Barreeffama armaan olitti kennamee bu'ura godhachuudhan gaaffilee armaan gadii deebisaa

1. Barreeffamani kun wa'ee gocha gaarii dargaggoo kanaa maal barsiisa ?
2. Mucaan kun osoo gocha kana raawwachuu baatee maaltu uumama ture?
3. Namoonni gaarii akkuma dargaggoo kanaa faayidaa nama biroonii jecha lubbuu isaanii aarsaa godhu. Isin immoo naannoo fi mana barnoota keesanitti fedhii keesaniin waan humna keesaniin ni gumaachituu? Mee irratti mari'adhaa.
4. Waa'ee hirmaanaa fedhii irratti hunda'ee fi naannoo keesanitti hirmaanaa maalii akka gochuu dandeessan barsiisaa keesan waliin mari'adhaa.

## 5.5. Lammuummaa

Nyaatullee, dhugullee, Kufullee ,ka'ullee Enyuntu hin beekamu, biyya isaa malee

- ***Walaloon uumataa kun ergaa inni dabarsu barsiisaa keessan waliin irratti mari'adhaa .***

Lammummaa jechuun, miseensummaa seera qabeessa biyya tokko qabaachuu jechuudha. Namni tokko lammii biyyaa tokko yoo ta'u, seeraa fi heera mootummaan biyyattii baasutti buluu qaba. Lammii ta'uu isaatiin namni tokko mirga isaa hundaati akkuma fayyadamu qabuu dirqama isa raa eegamulee bahuu qaba. Lammiin tokko dhimma biyya isaa irratti adda durummaadhaan hirmaachuu qaba. Gochaalee biyyaa fi uummata miidhan irraas of eeguu qaba. Namoota fi gochaalee miidhaa raawwatan ciminaan mormuu gahee isaa ta'a. Rakkooleen wayita uumaman ariitiidhaan qaama seeratitti beesksisuudhaaf itti gaafatamummaa fi dirqama lammummaa qaba.

### Gilgaala 9

#### Gaaffiwwan armaan gadii deebisaa

1. Lammummaan maaliidha ?
2. Lammiin ltyoophiyaa akka lammummaati wantoon irraa eeggaman maal maal faadha?
3. Jechamni " Biyyi kiyyaa maal naaf goote osoo hin ta'ini, ani biyyaa kiyyaaf maalan godhee jedhii gaafadhu " jedhu ergaa maal dabarsaa ?

## 5.6. Alaabaa Biyyoolessaa

### 5.6.1. Maalummaa fi

#### **Barbaachisummaa Alaabaa Biyyoolessaa fi Faaruu Biyyoolessaa**



**Fakkii 5.3 Barattoonni sirna kabaja alaabaa irratti yommuu argaman**

- ***Suuran kun ergaan inni dabarsu maalii ?***

### **Saraawiti fi Hiriyoota Isaa**

Saraawiti fi hiriyoonna isaa sadan mana barumsa sad 1<sup>ffaa</sup> Yehibrat Ambaatti barattoota kutaa 5<sup>ffaa</sup> ti. Barattoonni afran kunniin mana barumsaa keessatti amala hin taanee waan agarsiisaniif yeroo baay'ee adabamanii jiru. Keessattuu ganama ganama osoo barnnoonni hin eegalamin sirna alaaba raawwatamu irratti ni jeequu . Guyyaa tokko tokkoo barattoonni yoo faaruu sirna alaaba faarfatan isaan faaruu biroo faarfachuudhan jeequmsa fi gochaa hin taane raawwatu. Guyyaa

biroo immoo barattoota hiriirarraa jiran xuxuquudhan akka jeequmsi uummamu godhu. Bakka bu'uttonni gummi barnootaa lammummaa fi amala gaarii jeequmsa barattootaa afranii kana arguudhan barattoota kaneen waamanii dubbisanii jiru. Alaabaa fi faaruun sirna alaabaa eenyummaa biyyatti tokkoo waan agarsiisaniif kabajuun akka barbaachisuu barattoota kaneen gorsan. Haala faaruu fi alaabaa biyyattin walqabateen seenaawwan biyyoollessaa faayidaa qaban raawwatamuu isaa itti himan. Gootonni biyyaa keenyaa blissuumman biyyaa keenyaa akka kabajamu alaabaa biyyatti qabachuudhan qaama fi lubbuu isaanii arsaa gochuu isaanii bal'inaan itti himan. Alaabaan biyyatti bakkeewwan ispoortiin itti adeemsi-famuu fi waltajjiwwan addunyaa irratti fannifamuun hiika guddaa akka qabu ragaa baay'ee kaasuun itti himuu yaalan. Marii bal'aa akkanaa booda dargaggoonni afran dogoggora guddaa raawwachuu isaanii beekuu fi amanuudhan dhiifama gafatan. Lammata dogoggora akkasi akka hin raawwanne waadaa seenaan. Dogoggara hiriira sirna alaabaa irratti raawwataniif barattoota mana barnoota hunda hiriira sirna alaabaarratti akka dhiifama gaafantan waadaa galan.

### Gilgala 10

**Barreeffama armaan olii bu'ee rafachuun gaafilee armaan gadii deebisaa.**

1. **Balleessaa barattoonni afran sirna alaabaarratti raawwatan irraa maal barattan?**
2. **Barattoonni akkasii kun mana barumsaa keessan jiruu ? yoo jiraatan sirna alaabaarratti balleessaan isaani rawwatan maal fakkaata ?**
3. **Gocha miseensonni gumii barnoota lammummaa fi amala gaarii raawwatan irraa maal barattani?**
4. **Mana barnootaa keessan keessatti alaabaa fi faaruu isaa ilaalchisee akka beekumsa barbaachisa argatan yoo maal godhame wayyaa?**

Alaabaan biyyaa tokkoo akka mallattoo biyyaatitti hiikaa guddaa qaba. Fakkeenyaaf lammiileen hundi dhimma biyyata ilaalatu irratti akka akka wal faana dhaabatan gochuu irratti bu'aa guddaa qaba. Alaabaan biyyaa mallattoo bilisummaa, gootummaa, wal degaruu fi eenyummaati. Ummanni Itiyoophiyaa biyya isaa alaabaa isaa-rraa addaan baasee akka hin ilaaltee seenaa wayita gaariis ta'e yeroo rakkoo irraa hubachuun ni danda'ama. Yeroo sirni mootummaa cunqursaa fi rak-kisaa ture illee ummanni alaabaa isaaf dur-sa kennmudhan hoggantoota sirnicha



irratti duuludhan bilisumma isaa lab-see jira. Kabaja alaabaa biyyaa isaaf

jecha qaamaa fi lubbuu isaa aarsaa godhuudhan wareetoota alaa qaaneessee deebisee jira.

Alaabaan biyyoolessaa maneen barnoota keessatti, dhaabata mootummaa fi dhuunfatti, Manneen amantaatiitti, Waajiroota eembaasiwwan Ityoophiyaa biyyaa adda addatitti, walgahii gurguddaarratti, diree ispoortirratti, fuula waraanarrattii fi iddoo biraatitti yoo fannifammee faaruu biyyoolessaa waliin biyyatti bakka bu'uun cinaatti miira jaalala biyyaa lammiilee dammaqisa.

Alaabaan keenya uummatummaa, aadaa ajaayibsiisaa fi abbaa ambaalee boonsaa sabaa fi sablammootaa fi uummattootaa akkasumas, abbaa qabeenya uumamaa miidhagaa fi gootummaa keenya guddisee kan mul'isu dha.

Faaruu alaabaa keenya alaabaan keenya wayita miidhaginaan ba'uu fi bu'u faarfamu kabajni bilisaumaa biyya keenyaa akka ol guddatu taasisa.

## Gilgala 11

### Gaaffilee armaan gadiirratti mari'adha.

1. Alaabaan biyyoolessaa biyya bakka bu'a jechuun maal jechuudha?
2. Yeroo alaaban Ityoophiyaa fannifamu gammachu nati dhagahamee" mataduree jedhuun walqabsiisun waan dhuunfan isin muudhate hiriyoota kessanitti himaa
3. Haala qabiinsaa alaaba mana barnoota yookiin naannoo keessanitti argamuu gabaasa gabaaba barreefamaan dhiyeesun irratti mari'adha. Alaban seeran qabame moo duloome cicite? Yoo cicite jiraate gochi kun seera moo seeraa miti?

## **Xumura Boqonnichaa**

Boqonnaa kana keessatti wa'ee jaalala biyyaa barattanii jirtu. Jaalalli biyyaa kan guddatu yookiin kan cimu sochii bu'aa qabeessa mana jireenyaa, naannoo fi mana barnootatti goonun. Gochaalleen jaalala biyyaa miidhan maal maala akka ta'eenillee boqonnaa kana keessatti ibsamani jiru. Namni kamiyyuu amantaan, aadda fi afaanin osoo addaan hin baasiin jaalachu fi kabajuu qabu. Haqummaa fi walqixxummaan mirkanaayee hiyyuumma fi boodatti hafummaa keessaa ba'uun akka danda'amu lammiin kamiyyuu hojiitti amanuu fi meeshaalee waliin itti fayyadamnuf of eggannoo gochun irraa eeggama.

Lammummaan biyya tokko keessatti miseensummaa seeraa qabaachuu ta'uu ibsamee jira . Lammiin kamiyyuu mirga isaaniwaan argachuu qabu qofa gaafacuu osoo hinta'in dirqama isaa ba'uu qaba. Alaabaa fi faaruu isaa kabajuunis lammii hundarraa kan eegamu ta'uun dagatamuu hin qabu

## Jechoota Ijooa

**Biyya birmadummaa qabdu** – Biyyaa mirgi addunyaa leessa, faayidaan fi kabajaan eeggameef bilisummaa qabdu.

**Malaammaltumma** – Seeraan alaa nama biroo fayyaduun bu'aa yookaan faayidaa seeraan alaa argamu.

**Walaloo Ummata** – Walaloo dhalootarraa gara dhalootaa darbu eenyu akka barreesse kan hin beekamne

**Goota**- Nama biyyaa eegudhu bakka bobb'e hundatti hojii bu'a-qabeessahojechuu fi k.k.f.

**Saardoo**- Dhandhama soogiddaa kan qabu, iddoo tokko tokkitti gosa margaatti kan ramadamu.

**Gibiraa fi Taksii**- Daldaalaa , fi itti fayyadama meeshaaleetiin wal qabsiisee qarshii mootummaan waldaalee, dhaabbilee fi lammii biyyatti irraa misoomma walitti qabuu

**Imaammaata**- Seera fi dambii mootummaan raawwii gocha tokkoof baasu.

**Tarsiimoo** – Qajeelfama Mootummaan raawwii gocha tokkootiif baasu.

**Sub-qunnamti** – Burqaa oddeeffannoo kan akka raadiyoo, gaazexaa , televiiyoona, k.k.f.

## Gaaffi keessa deebii

### I. Himoota armaan gadii dubbisuudhaan kan sirrii ta'e " DHUGAA" kan hin ta'in "SOBA" jechuun deebisaa.

1. Aadaan sabootaa sablammoota fi uummattootaa osoo wal-hin caalsifamin wal-qixa ilaalamu qaba.
2. Lammiin darbullee biyyi hin dabartu.
3. Qabeenyi mana barnoota keenyaa yoo manca'e kan miidhamu mootummaadha.
4. Malaanmaltummaan rakkoo keessaa bahuudhaaf karaa qaxaamuraati.
5. Lammiin hundi mirga wal-qixa hin qaban.
6. Alaabaan biyya tokkoof mallattoo bilisummaati.

### II. Yaada "B" jala jiru kan "A" jala jiruun walitti firoomsaa.

A	B
_____ 1. Mootummaa bilisaa	A/ Dalagaa fehii ofiittin raawwatamu
_____ 2.Lammummaa	B/ Eenyummaa Ummataa
_____ 3 Malaammaltummaa	C/ Faayidaa seeraan ala argamu
_____ 4 Fedhii gaarii	D/ miseensummaa biyya tokko
_____ 5 Aadaa	E/ Birmadummaa
_____ 6 Qabeenya uumamaa	F/ Albuuda

### III. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhaa.

- \_\_\_\_\_ 1 Walqixummaan sabootaa, sablammootaa fi uummattootaa kan mirkanaa'u.
- A. Sab-qunnamtiidhaan baruumsi waan kennamuuf
  - B. Afaan isaanii qofti waan kabajamuuf
  - C. Aadan isaani waan walitti makamuuf
  - D. Naannoo ofii waan qabaniif
  - E. Dhiibbaa tokkoo malee hiree ofii waan ofiin murteessataniif
- \_\_\_\_\_ 2. Lammiin biyya tokkoo
- A. Heera biyyaatti ni bula
  - B. Mirgi dimookiraasummaa ni eggamaaf
  - C. Dirqma ofii bahuun irraa eggama
  - D. Mirga nama biroo kabajuu qabna.
  - E. hunduu deebii ta'u ni danda'u

\_\_\_\_\_ 3. Meeshaa waliin itti tajaajilaman ta'uu kan hin dandeenye

- A. Deeskii mana barnootaa
- B. Televiziyoonaa mana jireenya
- C. Qarabaa qeessaa ittiin muratan
- D. Kameeraa maatii
- E. Ujummoo bishaanii kan naannoo

\_\_\_\_\_ 4 kanneen armaan gadii keessaa tokko maalaammaltummaa jedhamuu ni danda

- A. Badhaasa barataa cimaadha kennamu
- B. Dhimma raawwachiisuuf qarshii nagahee seeratiin kafalamuu.
- C. Firummaan firaattiin hojii qaxxaramuu
- D. Nama tajaajilaan nu gammachise badhaasuu

#### IV. Bakka duwwaawwan armaan gadii jecha yookiin gaalee sirrii ta'een guuta

1. Biyyi keenya biyya bilisaa yoo jennuu \_\_\_\_\_ jechuu keenya dha.
2. Ummanni biyya keenyaa qabeenya biyya isaanii irraa walqixa \_\_\_\_\_ ta'uu qaban.
3. Mallattoon enyummaa biyya tokkoo \_\_\_\_\_ jedhama.

#### V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa

1. Lammummaan maalii ?
2. Meeshaa tajaajila waliin jechuun maal jechuudha?
3. Jaalallii biyyaa akkamiin ibsama?

# BOQONNAA JAHA

## MIIRA ITTI GAAFATAMUMMAA

### Kaayyoo Boqonnichaa:

#### Boqonnaa kana erga xumurtanii booda

- Maalummaa itti gaafatamummaa ni hubattu.
- Gosoota itti gaafatamummaa ni barttu.
- Hojii gaarummaan, amanamummaan fi haqummaan raawwachuudhaan sadarkaa sadarkaadhaan itti gaafatamummaa lammummaa isain irraa eegamu akkamiin akka ba'u akka dandeessan ni beektu.

### 6.1. Maalummaa Itti Gaafatamummaa Fudhachuu



*Fakkii 6.1 Barattoonni mana barumsaa keessatti biqiltoota bishaan yeroo obaasaniifi kunuunsan*

#### **Fakkii armaan olii irratti gochi barattootaa maal agarsiisa?**

- **Faayidaan biqiltoota dhaabuu maal faadha?**

### *Mooraa Magariisa*

Aadde Caaltuu fi Obbo Gaashawu wal fudhanii ijoollee afur horaniiru. Obbo Gaashawu ogeessa wayyaa dha'u yoo ta'u aadde Caaltuun immoo barsiistuu sadarkaa tokkoffaa ti. Ijoolleen isaanii Biruuk, Galaanee, Beezaa fi Gammachuun mana barumsaa mootummaa sadarkaa lammaffaatti barumsa isaanii baratu. Maatiin kun hojii gareen hojjetta. Ijoolleen kunneen hojji manakeessaa qoodachhuudhaan toorban toorbaniin wal jijjiiruun wal gargaaranii hojjatu. Hojii dhiiraa fi dubaraa jechuun waliif qooduun maatii kana keessatti fudhatama hin qabu. Yeroo isaanii qixa sirrii ta'een qoqqoodanii waan itti fayyadamaniif yeroo barnoota itti qo'ataan gahaa qabu. Kana malees akka fedhii isaaniitiin misooma irrattis ni bobba'u. Biruuk fuduraa enna misoomsu, Beezaan immoo kanniisa horsiisti. Gammachuun lukkuu yammuu horsiisu, Galaaneen immoo ogummaa abbaa ishee isa ta'e wayyaa dhoofti. Mooraan isaanii magariisaa fi omishi adda addaa kan keessatti mul'atu waan ta'eef namoonni naannoo "Mooraa Magariisaa" maqaa jedhuun waamu. Jiraattonni naannoos omishaalee isaanii irraa bituun fayyadamu.

Ijoolleen kunneen galii gurgurtaa omisha kana irraa argamuun jireenya maatii isaanii haala gaariin deggaru. Baasii adda addaa barnootaa fi wantoota biroof barbaachisan gara caalu galii misooma isaanii irraa argamuun guuttatu. Dabalataanis waldaa gargaarsa maanguddootaa miseensota afooshaa ganda isaaniitiin ijaarame keessatti miseensa ta’anii hojjetu. Kaffaltii miseensummaas ni kaffalu. Mana barumsaa isaanii keessattis gumiiw-wan keessatti fedhiidhaan hirmaachuun muuxannoo isaanii hiriyoota isaaniif hiru. Ijoolleen kunneen yeroo fi beekumsa isaanii qixaan itti fayyadamuun bu’aa qabatamaa waan agarsiissaniif mana barumsaa fi ganda isaanii keessatti maqaan isaanii akka fakkeenyaatti kan ka’u dha.

### Gilgaala 1

#### **Barreeffama armaan olii bu’uura godhachuun gaaffiilee armaan gadiif deebii kennaa.**

1. **Biruukii fi obboleewwan isaa gocha itti gaafatamummaa isaanii kan ba’an akkamiin ture?**
2. **Hojii dhiiraa fi dubartootaa jechuun addaan qooduun sirriidha moo sirrii miti?**
3. **Bakka jireenyaa fi mana barumsaa kee keessatti itti gaafatamummaa qabda? Yoo jiraate maal maal akka ta’an hiriyoota keetiif ibsi.**

Dirqama itti gaafatamummaa fudhachuu jechuun dhimma tokko kaka’umsa

ofiitiin ykn qajeelfama kennamu sirnaan rawwachuuf itti gaafatamummaa fudhachuu fi bahachuu jechuudha. Namni hunduu ogummaa qabuu fi hojii hojjetu irratti bu’aa gaarii buusuun irraa eegama. Itti gaafatamummaan akkaataa fi sadarkaa ogummaatiin adda addummaa qaba. Fkf, Maatiin ijoollee horatanii guddisuudhaan, ogeessotni fayyaa dhukubsataa yaaluun, barsiisonni barsiisuun, raayyaan ittisaa biyya eeguun, qonnaan bulaan qotuu fi omishuun, barattoonni barachuun itti gaafatamummaa adda addaa irratti bobba’uu isaanii agarsiisa. Bu’uura kanaan barattoonni manneen barnootaa keessatti koreewwan adda addaa keessatti hirmaachuun itti gaafatamummaa fudhatanii rakkoolee mudatan hiikuun gumaacha gochuudhaan muuxannoo goonfachiisuu qabu.

Sadarkaan itti gaafatamummaa adda adda ta’us, namni kamiyyuu hojii itti bobba’e irratti bu’aa galmeessisuuf itti gaafatamummaa fudhachuuf dirqama qaba. Hojiin nama hundaa bu’aa gaarii yoo qabaate ofiifis, hawaasaafis itti aanees guddina biyyaaf faayidaa qaba. Kanaafuu, umurii barattummaa keessanii keessatti hojiin keessan mataan isaa barumsaa waan ta’eef qabxii gaariidhaan xumuruuf kaayyoo qabaachuu qabdu.

Kanatti dabaluuudhaanis, bakka jiraattutti hanga dandeessetti itti gaafat-

amummaa fudhachuun maatii keetiif hojii gargaarsaa hojjechuu qabda. Qabeenyi, yeeroo fi humni maatii keetii marti guddina keetiif aarsaa kan godhaniif akka ati lammii gaarii taatee bu'aa agarsiisiistuuf ta'uu isaa hubachuun sirraa eegama. Kanaafuu, dandeetti fi ogummaa qabduun itti gaafatamummaa fudhattee bu'aa gaarii agarsiisuun maatii kee gammachiisuun mallattoo dirqama lammummaa ba'uu ti. Itti gaafatamummaa fudhachuun mana barumsaattis gocha raawwata-muu qabu dha. Qabeenya waliinii kan ta'an akka hin mancaaneef kunuunsuun dirqama barataa hundaa waan ta'eef miira abbummaatiin kunuunsa godhuun hunduma irra eegama. Kana malees, hubaatii daa'immanii fi dubartoota irraa gahu mormuu fi ittisuun mana barumsaattii eegalee wanta daga-aguu qabudha.

## Gilgaala 2

### Gaaffiilee armaan gadii deebisaa.

1. Itti gaafatamummaa ba'uu jechuun maal jechuu dha?
2. Hojiin fedhaan hojjetamu itti gaafatamummaa ofii ba'uudha moo miti? Akkamiin?
3. Barattoonni qabeenya mana barumsaa maaliif kunuunsu?
4. Hubaatii daa'immanii fi dubartoota irra gahu ittisuun eessaa eegala?

## 6.2. Maalummaa Waadaa fi Barbaachisummaa Isaa

“Kan jedhan hafuu mannaa kan dhalan baduu wayya.”

- ***Walaloo armaan olii irratti hundaa'uun waadaa jechuun maal jechuudha?***
- ***Waadaan maaliin ibsama?***
- ***Namni waadaa gale kabaju maal jedhamee waamama?***

### ***Dukkana Gannaa***

Roobni gaafa Adoolessa 30 roobe baay'ee cimaa ture. Jiraattonni Ganda Lebuu 01 bakka hojiitii gara mana isaaniitti galuuf sababaroba kanaan rakkatanii dhiisifatan. Namoota lolaa fi dukkanni rakkise keessa tokko ogeessa ijaarsa manaa kan ta'e Amaaree dha. Osoo roobni isa dhahuu daddafee yoo tarkaanfates dukkanichi itti ulfaachaa waan deemeef daandii fi bakka qonnaa addaan baasuu dhabe.

Rakkoon kun waan itti cimeef kallattii ifa xiqqoo itti argeetti gara mana tokkootti deeme. Daddabalee gaafa waamu maanguddoon tokko owwa-atanii haala isaa ifa baatirii isaaniitiin gaafa hubatan baay'ee gaddaniif. Mana isaanii akka bokkaa dhiyeessu eeyyamaniif. Amaareen garuu haati manaa isaa da'umsaaf waan geesseef akka dhiphachaa isa eegdu ibseefii baatirii isaaniitii fi dibaabee akka ergisanuuf gaafateen. Maanguddoonis ganama ba-



rii akka deebisuuf waada seensisanii waadaa gales akka eegu irra deddeebi'anii hubachiisan. Amaareenis waada gale kana akka raawwatu ibseefii galateeffatee gara ganda isaatti deeme.

Mana isaa gaafa gahu akkuma duraan yaade haati manaa isaa, Achaammeen balbala irra dhaabatee osoo isa eegduu arge. Kana booda gara mana isaanitti ol deebi'anii irbaata nyaatanii, bunaa dhuganii nagaan gara ciisichaa deemani. Bari'uu gaafa gahu Achaammee ciniinsuun qabate. Amaareenis baay'ee dhiphate. Olloota isaa dadammaqsee haati manaa isaa ciniinsuun akka qabamte itti hime. Akka aadaa keenyaatti, ollaan marti gargaaruuf arifatani qaqqabaniif. Barii barraaqa keessa maanguddoo sanaaf waadaa seene akka hin cabsineef haadha manaa isaa olloota isaatti imaanaa kennatee figichaan qajeele. Gocha isaa kanaan olloonna isaa tokko tokko Achaammee dabalatee qeeqaniin. Akka gara jabinaattis fudhatan. Inni garuu dibaabee fi baatirii ergifate deebisuuf akkuma fiigichaan deeme deebi'ee ariitiin wayita dhufu, Achaammeen mucaa dubaraa deessee osoo ililchani qaqqabe.

### Gilgaala 3

**Seenaa armaan olii bu'uureffachuun gaaffilee kanaan gadii deebisaa.**

1. Gaarummaan kan mu'latu gocha eenyuu keessatti?
2. Waadaan maanguddichaa fi Amaaree gidduutti galame akkamiin raawwate?
3. Amaareen yammuu haati manaa isaa ciniinfattu gara mana maanguddichaa deemuun isaa gara jabinamoo miti?
4. Seenaa kana keessatti haqummaan akkamiin ibsame?
5. Seenaa kana keessatti maanguddichaan nama gaarii yoo jenne Amaareen immoo maal jenna?

Waadaa jechuun namni waan dubbate tokko akka raawwatu nama gara bir-aaf wal amantaaf jecha ittiin walii galudha. Waan dubbate kan raawwatu inni dhugumaan nama amanamaa yammuu jedhamu waan nan raawwadha jedhe raawwachuu kan dadhabe sobduu jedhamee tuffatama.

Waadaan namni gara hojii bu'a qabeessaatti akka fuuleffatu umna ta'a.. Namni marti ofiisaatiif, maatii isaatiif, hawaasaa fi biyya isaatiif waada galuu qaba. Waadaan hojiitti yammuu jijjiiramu gahee lammummaa bahachuu ni agarsiisa. Jijjiirama jireenya hawwaasatiif, babal'ina qaroominaa fi guddina biyyaaf waadaa seenuun lammiwwanii barbaachisaa dha. Sababni isaas waadaan humna sammuu namaa gara gochaatti sochoosu dha.

Mana kee keessatti gahee hojii keetii haala gaariin yoo bahatte fi barumsa kee haala gaariin hordofuu yoo dandesse nama kabajamaa jedhamta. Waadaa kabajuun kan jalqabu maatii kaaseeti.

Mana barumsaa keessattis haaluma kanaan raawwachuun yoo danda'ame hirmaannaan adda addaa dabalaa deema. Fkf, barataa ta'uun mataan isaa waadaa dha. Sababni isaa bu'aa gaarii fi ga'umsa barbaachisu irra gahuuf barattoonni kan raawwachu qaban yeroo hundayyuu jabaatanii barachuu dha. Dabalataanis musee daree fi dura bu'aa gumiiwwanii ta'anii filatamuun tajaajiluuf waada galuun itti gaafatamummaa ofii bahachuuf kaka'umsa qabaachuu dha.

#### Gilgaala 4

#### Gaaffiiklee itti aanan deebisaa.

1. Waadaa jechuun maal jechuu dha?
2. Namni waadaa hin kabajne maal jedhama?
3. Faayidaan waadaa maal faadha?

### 6.3. Maalummaa Gaarummaa, Amanamummaa fi Haqummaa

- ***Gaarummaa, amanamummaa fi haqummaa jechuun maal jechuu dha?***

1. Gaarummaa
2. Amanamummaa
3. Haqummaa

#### ***Uqqubii Cuuloo fi Hiriyoota Isaa***

Magaalaa Finfinnee irraa gara kibbaatti gandoota gudguddoo lamatu jiru. Isaanis Labbuu fi Laaftoo jedhamu. Gandoota lamaan kanneen gidduu dirree bal'aa fi daandii guddaatu jira. Gannas ta'e bona jiraattoonni hedduun kallattii adda addaa irraa gara dirree kanaatti yaa'u. Cuuloonii fi hiriyoonni isaa shanan immoo iddoo kanatti kophee namootaa qulqulleessuun waggaa guutuu jabinaan hojjetu.

Cuuloo fi hiriyoonni isaa kaayyoo fi mul'ata qabu. Karoorri isaanii gurguddoon immoo barachuu fi suuqii banachuudha Galmaan gahumsa kaayyoo isaanii aadaa qusannoo hordofu. Galii guyyaa guyyaan hojjetanii argatan keessaa saantima shantamaa ni qusatu. Cuuloon dura bu'aa, Araggaa barre-essaa, Tulluun immoo qarshii qabaa waldaa qusannichaa ta'anii filamaniiru. Ga'e-en hojii Araggaa ji'a ji'aan carraa waraqaa irraatti maqaan barressee maree dhiyeessuu dha. Haata'u malee, itti gaafatamummaa itti kenname dagachuudhaan qarshii lama lama fudhatee haaluutti ka'e. Kunis waraqaalee maru irratti maqaa nama tokkoo irra deddeebi'ee barreessuun carraan dorgommii malee nama tokkoof akka bahu gochuu dha.

Miseensota keessaa yeroo gabaabaa keessatti dubbisuu fi barreessuu tatt-

aaffii isaatiin kan danda'e Girmaan, waan inni irra deddeebi.ee barreesse dubbisee saaxileen. Cuuloo fi hiriyoonna isaa dhimma kana qulqull-eessuun Araggaa imaanaa irrisuu fi nama haqa qabeessa akka hin taane mirkaneessan. Yeroo kana sababa Girmaan haqa dubbate Araggaa reebuunii barbaade. Hiriyoonna isaas imaanaa waan hirriseef qeeqaniin. Araggaa dogoggora raawwateef gaabbee dhiifama gaafate. Cuuloonii fi hiriyoonna isaa biroonis hojii gaarummaan alaa waan hojjeteef amanamummaa dhabuu isaa ibsuudhaan dogoggora isaa irraa akka baratu gorsanii dhiifama godhaniif. Aangoo barreessummaa garuu Girmaaf kennani.

### Gilgaala 5

**Dubbisa armaan olii bu'uureffachuun gaaffiilee kanatti aananii jiran deebisaa.**

1. Akka seenaa kanaatti imaanaa irrisuun dhumni isaa maal?
2. Gochi Girmaa maal agarsiisa?
3. Araggaa aangoo barreessummaa irraa ka'uun isaa sirrii man sirrii miti?

Gocha kamiiniyyuu gaarummaan, haqummaa akkasumas, amanamummaa hojjechuu jechuun kara naggaa fi kabaja qabuun gowwoomsaa tokko malee waan isa sirrii ta'e ibsuu ykn raawwachuu jechuudha. Amanamummaan itti gaafatamummaa ofii gah-

umsaan bahuu yoo ta'u haqummaan immoo waadaa gochaan raawwatanii argamuu ibsa. Yaadarimeewwan kunn-een walitti hidhamiinsa qabu. Kanaafuu inni tokko isaa biroo kees-satti ni mul'ata.

Gaarummaan, amanamummaanii fi haqummaan amaloota gochoota gaariidhaaf bu'uura ta'ani dha. Dirree hojii kami irrattiyyuu namni bobba'e hundi dandeettii fi beekumsa haala barbaachisaan raawwachuudhaan bu'aa isaa yoo agarsiise itti gaafatamummaa isaa gaarummaa fi amanamummaan karaa haqa qabeessaan bahateera jechuu dha. Kanaan alatti ofittummaadhaa fi imaanaa hir'isuun hojii balleessuun kan nama qaanessuu fi biyya miidhu dha. Kanaafuu, lammii gahumsa qabu ta'uuf gaarummaa, amanamummaa fi haqaan hojjechuuf qophii sammuu taasisi. Mana keessatti, naannootti akkasumas mana barumsaatti muuxxannoo itti gaafatamummaa ba'uu gab-bifadhu. Kunis mallattoo lammummaa keessaa tokko waan ta'eef.

### Gilgaala 6

**Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e kenni.**

1. Ofittummaa jechuun maal jechuudha?
2. Lammiin gahumsa qabu maaliin ibsama?
3. Hirmaannaa mana barumsaa keessatti haa-lota gaarummaan, amanamummaa fi haqummaan ittiin ibsaman walitti himaa.

## 6.4 Barbaachisummaa Itti Gaafatamummaa Bahuu



**Fakkii 6.2 Naannoo ofii kunuunsuun ittigaafatamummaa ofii bahuu dha.**

- ***Faaxumaanii fi Waldeen bo'oo lolaa cuqqaalame osoo hin harre ta'ee hubaatiin fayyaa namaa irratti uumamu maali jetta?***
- ***Rakkina naannoo hiikuuf tattaa-ffiin godhamu maal jedhama?***
- ***Faaxumaanii fi Waldeen rakkina naannoo isaanii hiikuuf tattaa-ffiin isaan godhan maal jedhama?***

### ***Asteerii fi Gaarummaa Ishee***

Mana barumsaa Birihaan Corraa keessatti gumiiwwan adda addaa jiran gidduutti waggaa waggaan dorgommiiwwan ni adeemisifamu. Waggaa darbe kan mo'atee fi badhaasame

Gummii wal gargaarsaa ture. Dura teessuun gumichaa, Asteer Abarraa, barattuu kutaa torbaffaa turte. Qajee-lfamaa fi hubachiisa tokko malee hojii mana keessatti raawwachuu qabdu hunda hala gaariin raawwatti. Yeroo hunda barii kaatee lukkuuwwaniif callaa kennitee bakka bultii isaanii qulqulleessitee balfaa isaanii immoo akka xaayootti hundee fuduraaleetti bittinsiti. Sareen isaanii akka miila diriirfatuuf hiidhaa isaa irraa hiiktee erga gadhiistee booda mana qulqulleessiti. Isa boodas qoqophoofttee ciree ishee erga nyaattee booda gara mana barumsaa isheetti ariitiin deemuudhaan yeroon geessi. Kanaafis, haatii fi olloonna isaanii, “Beektuu yaada namaa” jedhanii ishee ajaa’ibsiifatu.

Mana barumsaattis gumiin keessaitti filatamte bu’a qabeessa akka ta’u jabinaan hojjetti, miseensotas walitti qabdi. Mana barumsaa ishee bakka bu’uun dorgommii gaaffii fi deebii itti hirmattee injifachuun qarshii kuma tokko badhaasamteetti. Qarshii badhaasaan argattes gummii walgargaarsaatiif kennuudhaan hojini gaarii akka hojjetamu gooteetti. Gumichis barattoota rakkina qaban addaan baasuun gargaarsa godhaaf. Barattoonni hiyyeeyyiin kunneen yeroo boqonnaa isaanii hanga dandeettii isaaniin hojjechuun akka of gargaaran deggarsa qarshii fi gorsaa ni godhamaaf. Kunis akka isaan aadaa hojii gabbifatanuuf bu’uura ta’eraaf.

Kana malees, Asteer miseensa koree misooma dargaggootaa taatee gandaa ishee keessatti hirmaatti. Bakka gandii kenneef irratti omisha omishuun bu'aa argamuun namoota HIV/AIDSn miidhaman gargaaru. Ji'a ji'aan hojii bo'oo qulqulleessuu, naannoo qulqulleessuu fi sochii barnoota farra AIDS keessatti gahumsaan hojjetti. Namoota dhukkubaan miidhamanii fi maanguddoota garalaafinaan waan gargaartuuf namoota baay'ee biratti kan galateeffatamtee fi kan eebbifamte dha. Kanaaf Asteer umurii ishee osoo hinta'in hojiin ishee guddaa waan ta'eef "haadhee" jedhamtee waamanti.

### Gilgaala 7

**Dubbisicha irratti hundaa'uun gaaffiilee armaan gadii deebisi.**

1. Ittigaafatamummaa bahuu jechuun maal jechuu dha?
2. Asteer manatti, mana barumsaa fi naannoo isheetti gochaawwan rawwate maal fa'a akka ta'an tarreessi.
3. Akka Asteer isinis itti gaafatamummaa keessan ni ba'attuu? Akkamiin?

Akkuma duratti ibsame itti gaafatamummaa ba'achuun kaka'umsa ofiitiin ykn namoota birootiin akka raawwatamu hojii kenname ga'umsaa fi amanamummaan hojjetanii agarsii-

suudha. Namni marti dhuunfaadhaanis ta'ee gareen itti gaafatamummaa isaa ba'uuf dirqama qaba. Barataa hanga taatetti barumsa kee karaa seera qabeessaan barachuu fi ga'u-msaan xumuruun itti gaafatamu-mmaa ati ba'achuu qabdu dha. Kunis kan ta'eef barumsi bu'uura guddinaa fi jijjiiramaa waan ta'eef. Itti dabalees, hojii maatii fi kan naannoo irratti namoota biroo waliin hirmaannaa gochuun immoo itti gaafatamummaa garee ba'uu dha. Misooma naannoo keessatti hirmaachuun kaka'umsa ofiitiin itti gaafatamummaa ofii ba'uuf fakkeenya kan ta'uudha.

Itti gaafatamummaa ofii ba'uun jijjiirama yaadaa, jireenyaa, qaroominaa, misoomaa fi walumaagalatti bodatti hafiinsa jalaa bahuuf baay'ee barbaachisaa dha. Lammiin hundi gaarummaan, amanammummaa fi haqummaan hojii itti hirmaatan irratti itti gaafatamummaa isaanii kan ba'an yoo ta'e guddinaa fi jijjiirama argamsiisuun kan hin oolledha.

### Gilgaala 8

**Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii barbaachisaa kenni.**

1. Bu'uurri qaroominaa fi guddinaa maali?
2. Itti gaafatamummaa isin irraa eegamu akkamiin ba'attu?
3. Hojiiwwan kaka'umsa ofiitiin hojjetman tarrees

## 6.5 Maalummaa Qabeenya Uumamaa fi Hambaalee Seenaa



*Fakkii 6.3 Finca'aa Xiis Abbaayi*



*Fakkii 6.4 Dhagaa Xiyyaa*

- *Fakkii armaan olii hubachuudhan gaheen dhaabbilee tajajila haqaa kanneenii maal akka ta'e ibsaa?*
- *Finca'aan Xiis Abbaayi maaliin beekama?*
- *Siidaawwan dhagaa Xiyyaa eessatti argamu? Waa'ee siidichaa waan beektan tarreessaa.*

- *Fakkiwwan lamaan keessaa kamtu qabeenya uumamaa, kamtu immoo hambaa seenaa akka ta'e ibsaa.*

### *Badhaasa Caaltuu*

**Obbo Dajanee:** Mucaa koo Caaltu waan ati barbaadde si badhaasuuf yaadeera. Maal akkan sii godhu feeta?

**Caaltuu:** Yaa abbaa koo kan ati na badhaastu maaliifi?

**Obbo Dajanee:** Kutaa keessaa tokkof-faa waan baateef fi barumsa kee sirriitti waan xumurtee itti gaafatamummaa kee waan ba'ateef gammadeen si badhasuuf karoofadheera.

**Caaltuu:** Sin galateeffadha Abbaa koo, badhaasni koo bashannana osoo naa ta'ee nan filadha.

**Obbo Dajanee:** Kun yaada gaariidha, Caaltu eessatti si geessu?

**Caaltuu:** Biyya keenya keessa qabeenya uumamaa fi bakkeewwan seen adda addaa jiraachuu isaanii baranneera. Isaan keessaa tokko tokko osoo na daawwachiistee nan gammada.

**Obbo Dajanee:** Yaada gaariidha Caaltu. Haata'u malee qabeenya uumamaa jechuun maali?

**Caaltuu:** Qabeenya uumamaa jechuun qabeenya lafa irraa fi jalaa akkasumas, bishaan keessa uumamaan argamanidha.

**Obbo Dajanee:** Akka gaariitti hubatteetta Caaltu. Hambaa seenaa kan jedhamu hoo maal?

**Caaltuu:** Hambaaleen seenaa immoo ummataa baroota dheeraa keessa kan

hojjetamanii fi dhalootaa gara dhalootaatti kan daddarban kanneen akka masaraa mootummaa, siidaawwan, fakkiwwanii fi kkf dha.

**Obbo Dajanee:** Gaariidha. Yaada bu'uraa qabateetta. Kutaa itti aanutti immoo bal'inaan baratta. qabeenya uumamaa fi hambaalee jiran keessaa waggaa kanatti lama si daawwachiisuu nan danda'a.

**Caaltuu:** Baay'ee natti tole ,Abbaa koo. Waa'ee bakkeewwan seenaa fi naannoo isaanii gabaasa walitti qabeen hiriyoota kutaa kootiif dhiyeesuuf nan qophaa'a. Eessana geessuuf yaaddetta, Abbaa koo?

**Obbo Dajanee:** Bara kana Sooddootti kan argamu siidaawwan dhagaa Xiyyaa fi haraoo

Wanci si daawwachiisa. Harroowwan fi wantoonni keessa isaaniitti argamanhundi qabeenya uumamaati.

**Caaltuu:** Sin galateeffadha Abbaakoo. Anis gabaasa koo barreessuuf dabtara yaadannoo koon qopheessa.

#### Gilgaal 9

Haasaa armaan olitti taasifame bu'-uura godhachuun gaaffiilee armaan gadii deebisaa.

1. Abbaan Caaltuu kan gammadan maaliifi?
2. Qabeenyaalee uumamaa fi hambaalee seenaa beektanu yoo jiraatan maalummaa isaanii fi eessatti akka argamanu ibsaa.
3. Qabeenya uumamaa jechuun maal jechuu dha? Ambaaleen seenaahoo?

Maalummaa qabeenyaalee uumamaa fi hambaalee seenaa haalaan hubachuuf tokkoon tokkoon isaanii ilaaluun ni mala.

Qabeenya uumamaa jechuun dhalli namaa wantoota uumamaan jiran hunda osoo ogummaa fi muuxannoo isaniitiin hin foyyessin akkuma uumamanitti kan jiran jechuu dha. Isaanis dacheen olitti, dachee keessa, galaanaa fi haroo keessatti argamu. Fkf, kanneen dachee olitti argaman: bosona, biqiltoota adda addaa, bineeldota, simbirroota, lagggeen, fincaa'aa lagaa fi kkf ta'u. Qabeenyaaleen lafa keessaa immoo albuuddan dhangala'oo fi jajjaboo kan akka warqee, meetii, sibiila, gaasotaa fi k.k.f.-dha. Akkasumas bishaan keessa kan jiraatan kanneen socho'anii fi hin sochoone hund qabeenyaalee uumamaati.

Qabeenyaalee uumamaa biyyi keenya ittiin beekamtu keessaa:

- Laggeewwan; Fincaa'aa, Abbayyaa , Awaash, Takkazee, Gannaalee fi kan biroo
- Harroowwan; Caamoo, Awwaasaa, Laangaanoo, Xaanaa fi kan biroo
- Bineensota fi simbirroota paarkii Awaas, Baalee, Necci Saar, Tullu-uwwan seemeen kessatti argaman akka fakkeenyaatti kan ibsaman-iiidha.

Qabeenyaalee uumamaa misoomsuun jireenya dhala namaaf hedduu bar-

baachisaa dha. Guddina ummataaf gumaacha ol'aanaa qaba. Lammiin hundumtuu qabeenyaalee uumamaa haala gaariin beekke misoomsuu akka sumas, eeguuf dirqama qaba. Kunis itti gaafatamummaa ofii ba'uu keessaa isa tokkodha. Fkf, bosona kunuunsuun salphaa dhumatti bakka mana jireenyaa tokkoo tokkoo namaa irraa eegala. Isin mooraa keessan keessa mukkeenii fi biqiltoota dhaabuu, naannoon magariisa'aa akka ta'u taasisuun, biyyeen naannoo lolaadhaan dhiqamee akka hindeemnee fi biqiltoonni akka hinbanne gargaara. Haala kanaan namni hundumtuu gahee isaa yoo hojjete biqiltoota keenya badii irraa baraaruun ni danda'ama.

Bishaan laggeeniis ta'ee haroowwan qixa sirriin hojii irra yoo oolan misoomaaf deggarsa guddaa ta'a. Bosona kunuunsuun bineensonni fi allaattiiwwan jiraachuuf wabii yammuu ta'u hojii qonnaatiifis baay'ee barb-aachisaa kan ta'e biyyeen akka dhiq-amee hinbanne gargaara.

Hambaalee seenaa jechuun bu'aawwan ogummaa namoonni jireenya isaanii keessatti hojjetani dha. Bu'aawwan kunneen dhaalootaaf darbuudhaan seenaa fi ragaa ta'uun tajaajilu. Mee-shaaleen kunniin qaroomina fi sadarkaa hubannoo namoota bara sanaa ni ibsu. Wantoonni hambaalee seenaa jedhaman kunneen meeshaalee aadaa fi amantaa, siidaawwan, mana amantii,

masara mootummaa, masgiidota, fakkiwwanii fi kkf faadha.

Hambaalee kunneen eegumsii fi kunuunsi yoo godhamuufii baate ni manca'u. Manca'iinsa hambaalee im-moo manca'iinsa seenaati. Hambaaleen seenaa qabeenya walee keenya waan ta'aniif isaan eeguun dirqama lamummaa keenyaa ti. Seenaa boonsaan biyya keenyaa kan sirritti ibsamu hambaalee akka ragaatti dhiyeeffannun.

Namni kamiyyuu qabeenyaalee waggoota shantamaa fi isaa ol ta'an kennaan ykn dhaalaan yoo argate akka hambaaleetti ilaaluu fi kunuunsuuti irraa eegama. Kana waan ta'eefis hambaalee seenaa dhuunfaas ta'ee kan walee ibsan addaan baasanii beekuu fi eeguun dirqama keenya. Kun akka milkaa'uu, hambaaleen akka hin mancaane, hin harcaane, hin hatamne fi hin gurguramne ittisuun barbaachisaa ta'a. Kunis kan barbaachiseef hambaaleen keenya ibsitoota eenyummaa keenyaa waan ta'aniif.



## Gilgaala 10

### Gaaffiilee armaan gadii deebisaa.

1. Qabeenya uumamaaf eegumsi yoo hin godhamne hubaatiin inni hordofsiisu maali? Fakkeenyaan ibsaa.
2. Dugummaa, dandeettii fi sadarkaa qaroomina namootaa kan mul'isu maali?
3. Bakkeewwan bebbeekamoo, hambaalee seenaa ykn qabeenya uumamaa dubbis-icha keessatti tuqaman keessaa naannoo keessanitti kan argaman qo'achuun barattoota kutaa keessaniitiif ibsaa.
4. Qabeenyaalee uumamaa fi hambaalee seenaa eeguu fi kunuunsuu irratti gahe-en keessan maal ta'uu qaba?

## 6.6. Dhukkuba HIV/AIDS

HIV/AIDSn dhukkuba daddarbaa hanga yonaatti dawaan hin argamnee fi kan qaama nama dadhabsiisuu dhaan dandeetti ittisaa dhibee qaamaa xiqqeessuun du'aaf nama saaxiludha. Dhukkubni daddarbaan kun babal'achuun kallattii addunyaa hunda akkasumas biyyootaa fi ardiilee hunduma keessaa tamsa'ee jira. Dhibeen kun baadiyyaa hanga magaalatti baballachuudhaan hubaati ga'een biyyi keenya adda dureeti ibsamti.

Dhukkubni kun haadhaa fi abbaa yoo ajjeesu maatiin ni miidhama. Ijoolleen ni bittinnaa'u. Barumsa isaanii itti fufuus hindanda'an. Rakkina irraa kan

ka'e jireenya daandiiraaf saaxilamu. Haalli kun guddina dhaloota bor biyya guddisuu ni gufachiisa. Biyyi keenyas lammii omishuu fi misoomsu dhabdi. Kanaafuu, babal'ina dhukkuba kanaa dhaabuu fi ittisuuf karaan inni ittiin daddarbu beekuun barbaachisaadha. Karaa daddarba isaa eega beektanii booda dhukkubichaan akka hin faalamne of eeggannoo gochuun itti gaafatamummaa ofii ba'uu dha Akkataa inni ittiin daddarbus akka armaan gadii ibsameen.

### 6.6.1. Kaaraa AIDSn Ittiin Daddarbu

1. Lilmoo namni AIDS ykn vaayirasichaan faalame ittiin waraameen namni nagaan yoo waraaname.
2. Dhiigni nama HIVn faalamee gara nama fayyaatti yoo makame.
3. Meeshaalee qara qaban kan namni dhiigi isaa faalame ittiin fayyadame namni fayyaan yoo fayyadame.
4. Rigaa ilkaanii (buruushii) namni Vaayirasichi keessa jiru itti rigateen namni nagaan yoo itti fayyadame

## Gilgaala 11

### Gaaffiilee armaan gadii irratti mariyadhaa.

1. Malootni AIDS ofirraa ittiin ittisan maal faa dha?
2. Maatiin AIDSn du'uun ijoollee akkamiin miidha?

## Xumura Boqonnichaa

Lammiin marti qabeenya biyya ti. Kun kan ta'eefis qabeenyi biyya tokkoo inni guddaan nama waan ta'eef. Lammiin biyya misoomsuu kan danda'u immoo itti gaafatamummaa isaa haalaan bahachuun yoo danda'e qofa. Kan itti gaafatamummaa isaa haalaan ba'u immoo hojii itti kenname ykn fedhaan fudhate hunda irratti bu'aa fida. Amanamummaa fi humna qabuun hojii isaa raawwachuu waan danda'uuf nama amanamaa fi waadaa isaa eeguu jedhamee beekama.

Itti gaafatamummaa ofii bahachuun haaloota ittiin ibsamau keessa tokko immoo hambaalee fi qabeenyaa biyyaa ta'an miira abbummaan kunuunsuu fi eeguu dha. Qabeenyi biyyaa seeraan misoomaaf yoo oole qaroominaa fi badhaadhinaaf bu'uura dha. Kunuunsii fi eegumsi yoo hin godhamneef garuu misooma isaa irra badiinsi isaa waan caaluuf rakkoo olaanaa fida. Kanaaf akka fakkeenya ibsuu kan dandeenyu biyyeen naannoo keenyaa ariitii guddaadhaan dhiqamaa deemuu isaa ti.

Hambaalee keenyaaf kunuunsii fi eegumsi isaan barbaachisa. Baroota adda addaa keessa hojjetamanii ragaalee seenaa ta'uudhaan bara keenya gahaniiru. Dhaloota itti aanuuf immoo akka darban hundumti keenya itti gaafatamummaa keenya ba'uu qabna.

Akkuma duraan ibsame lammiwwan qabeenya biyyaa guddaa dha. Isaanis barumsaa fi ogummaadhaan of misoomsanii lammii bu'aa buusu ta'uun irraa eegama. Haa ta'u malee barachuudhaafis ta'ee omishanii biyya gabbisuuf duraan dursee fayya qabeessa ta'uun murteessaa dha. Dhukkuba HIV/AIDS isa ariitii guddaa dhaan addunyaa irra tamsa'aa jiru kana ittisuuf murtee ejjenoo qabu fudhachuun barbaachisaa dha. Karaan inni ittiin daddarbu beekudhaan rakkoo kana irraa of eeguun AIDS ittisuun itti gaafatamummaa ba'uu keessa isa tokko dha. Of eeguu dhabuu fi wallaalummaan badii guddaa geessisaa yoo jiraateyyuu AIDSiin diina keenya isa injifachuu dandeenyu ta'uu isaa beekuu qabna.

## **Jechoota Ijoo**

**Itti gaafatamummaa fudhachuu** Hojii qixa sirriin raawwachuu

**Waadaa** -Abdii waa raawwachuu ykn jecha wal amantaa

**Gaarummaa**-Gocha gaarii qajeelummaan kan keessatti calaqqisu.

**Amanamummaa** -Waadaa galan kabajuu

**Haqummaa**- Dhugaan hojjechuu

**Qabeenya uumamaa**- Qabeenya beekumsa namaatiin hin uumamne

**Hambaalee seenaa**- Qabeenya seenaa fi qaroomina baroota darbanii ibsuu kan danda'uu fi dhaloota irraa dhalootatti kan darban.

**HIV/AIDS**- Dhukkuba nama ajjeessuu fi daddarbu hanga yoonatti dawaan kan hinargamneef.

**Meeshaalee qara qaban**- Meeshaalee gogaa qaama namaa salphaattimurudanda'an

## Gaaffiilee Keessa Deebii

**I. Himoota armaan gadii dubbisuun sirrii yoo ta'e "dhugaa" dogoggora yoo ta'e immoo "soba" jechuun deebisaa.**

1. Waadaa galuun amantaa walii kennuu dha.
2. Uumama kunuunsuun itti gaafatamummaa ga'eessotaa ti malee kan dargaggootaa miti.
3. Hambaalee eeguun itti gaafatamummaa ba'uu dha.
4. Haqummaan ibsituu dhugaa ti.
5. AIDS ittisuun itti gaafatamummaa waliin hariiroo hinqaba.

**II. Himoota "A" jalatti tarreesamaniif "B" jalatti warra tarreesaman waliin firoomsi.**

**"A"**

1. Adda durummaan
7. Hamba
8. Itti gaafatamummaa bahuu
9. Qabeenya uumamaa
10. Amanamummaa
11. 'AIDS'
12. Waadaa

**"B"**

- A. Abdii waa raawwachuu fi jecha wal amantaa
- B. Ogummaa namootatiin kan hin hojjetamne
- C. Dhukkuba daddarbaa
- D. Fakkeenyummaa
- E. Ragaa seenaa
- F. Bu'aa hojii agarsiisuu
- G. Sobuu dhiisuu
- H. Maaltu na dhibe jechuu

**III. Iddoo duwaa armaan gadii jecha ykn gaalee sirrii ta'een guutaa.**

1. Qabeenyi durii kan barootaa fi seenaa akkasumas aadaa fi barsiifata ibsu \_\_\_\_\_ jedhamuun beekama.
2. Dhukkuba addunyaa irratti ilmaan namootaa fixaa jiru dawaan hanga yoonaatti kan hinarganneef \_\_\_\_\_ jedhama.
3. Qabeenyi teekinooloojii fi ogummaa saayinsiitiin hin hojjetamne \_\_\_\_\_ jedhamee waamama.

**IV. Gaaffiilee armaan gadii eega dubbistee booda deebii sirrii ta'e filadhu.**

1. Himoota armaan gadii keessaa itti gaafatamummaa ba'uun kan ittiin ibsamu.
  - A. Barumsa haalaan barachuu fi firii garii galmeessisuu.
  - B. Yeroon qo'annaa akka hin xiqqaannee hojii mana keessaa irratti hirmaachuu dhiisuu.
  - C. Misoomaa fi qulqullina naannoo gahee hojii bulchiinsa gandaa qofa jechuu.
  - D. Qulqullina ofii eeguu fi daree ofii qulqulleessuu dhiisuu
2. Hambaalee kunuunsuun itti gaafatamummaa eenyuu ti?
  - A. Qo'attoota seenaa
  - B. Hooggantoota mootummaa
  - C. Lammii hunda
  - D. Hunduu deebii dha.

3. Gandamsa fi jeedala diimtuun
  - A. Hambaalee biyyaa ti.
  - B. Qabeenya uumamaatii fi biyyaa ti.
  - C. Ardii kamirrattiyyuu ni argamu.
  - D. Hambaalee fi hawwattoota do'attootaa ti.
  
4. Guddinaa fi qaroomina biyyaatiif faayida qabeessa kan ta'e
  - A. Barachuu lammiiwwanii
  - B. Meeshaalee teekinooloojii jabanaatti fayyadamuu
  - C. Hojii beekumsaan deggaranii bu'aa quubsaan xumuruu
  - D. Hunduu deebii dha.
  
5. HIV/AIDS irraa of eeguu dhabuun
  - A. Of eeggannoo fi itti gaafatamummaa ba'uu dha.
  - B. Lubbuu ofiif yaaduu dhiisuu fi itti gaafatamummaa ba'uu dhiisuu dha.
  - C. Dursa xiyyeeffannoo barumsaa fi qo'annoodhaaf kennuu dha.
  - D. Waadaa kabajuu dhiisuu dha.
  
- V. Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kennaa.**
  1. HIV/AIDSn nama irraa gara namaatti akkamiin darba?
  2. Waadaa fi amanamummaa jechuun maal jechuu dha? Maaliin ibsama? Fakkeenyaan deggari.
  3. Barattoonni qabeenya uumamaa naannoo isaanii jiru akkamiin kunuunsuu danda'u?

# BOQONNAA TORBA AADAA HOJII CIMAA

## Kaayyoo Boqonnichaa

- Boqonnaa kana eega barattanii booda
- Maalummaa aadaa hojii cimaa ni hubattu.
- Maalummaa namuusa ogommaa ni beektu
- Hojii hojjechuun kabaja ta'uu isaa ni hubbattu.
- Barbaachisummaa kabaja hojii fi aadaa hojii cimaa ni beektu.



*Fakkii 7.1 Namoonni ogummaa adda addaa irratti hirmaataa jiran agars-iisa.*

## 7.1. Maalummaa Hojii Uumuu



- **Rakkoowwan dhiyaatan irraa yaada hubatte ibsi.**
- **Gochaawwan ogeessota fakkiwwan kunneen irratti argituu waan beektu hiriyoota keetiif kutaa keessatti himi.**

Hojii uumuu jechuun dandeettii waa uumuutti fayyadamanii omisha ykn galii argamsiisuuf kan dandeessisu gosa hojii haaraa uumanii hojjechuu jechuu dha.

### ***Mana Hojii Sibiilaa Xiqqittii***

Dimbuun barataa kutaa 5<sup>ffaa</sup> ti. Yeroo mara hojii manaa haala gaariin waan hojjetuuf barsiisonni isaa qaxalee jedhanii jajjabeessuun. Garuu, darbee

darbee uccuun isaa xuriin itti bu'aa waan tureef sababa isaa ni gaafatuun.

Dimbuunis mooraa isaanii keessa mana hojii sibiilaa keessatti hanga humna isaa abbaasaa waan gargaaruuf ta'uu ibseefii ture. Barsiisonnii fi barattoonni mooraa Dimbuufaa keessa qaamaan argamanii waa'ee dhuma kanaa ilaaluuf fedhii horatan.

Gaaf tokko Dimbuun barsiisaa fi hiriyoota isaa daawwannaaf gara mana isaatti geessuuf gaafii dhiyeesse. Isaanis afeerraa isaa fudhatanii gara mana Dambuufaa deeman. Achi akkuma gahaniin mooraa Dimbuufaa keessa mana tumaa sibiilaa xiqqoo tokko argan. Naannoo sanattis abbaa Dimbuu dabalatee hojjettoota shan uffata hojii gugurraacha'e uffatanii hojjetu turan. Hojjettoonni kunneen meeshaalee adda addaan sibiila yammuu muran, diimessan fi tuman argan. Naannoo sanatti namni tokko yammuu hojjetu kan biraa immoo dhaabatee hin ilaalu. Hundumtuu jabeenyaan dadafanii hojii isaanii raawwatu.

Barsiisaanii fi hiriyoonni Dimbuu waan arganitti baay'ee gammadan. Hojjettoonni sun hojii isaanii kan kabajanii fi yeroon kan raawwatan ta'uu isaa sochii isaani irraa hubatan. Mooricha keessatti meeshaalee hojjetaman, balbalaa fi foddaa fi maamiltoota hojjechiisan baay'inaan argan. Barumsa torban darbe baratan "Aadaa Hojii Cimaa"

mata duree jedhu yaadatan. Barsiisaan isaanii daree keessatti kan barsiisan mana hojii sibiilaa xiqqoo kana keessatti gochaan argan. Barsiisaanii fi barattoonni Dimbuun mana barumsaati yeroo deebi'u meeshaalee dhiyeesuudhaan ergamee tajaajila akka kennu abbaa isaa irraa gaafa dhaaga'anu caalaatti dinqisiifatan.

### Gilgaala 1

#### Dubbisa armaan olii bu'uureffachuun gaaffiilee kanatti aanan deebisaa

1. Yaada seenicha irraa hubattan barattoota kutaa keessaniif himaa.
2. Hojjettoota mana hojii sibiilaa Dimbuufaa irraa maal barattu?
3. Gocha Dimbuu irraa maal hubattu?

### *Hojiif Hidhadhaa!*

Hiyyummaa, wallaalummaa fi gadadoo irree wal ta'een hojjennee akka injifannu hundumti keenya gara hojiitti duuluu qabna. Guddinni biyyaa har'aa eegala waan ta'eef namni hundi akka kanniisaa gurmuudhaan, akka mixii immoo walqabatee ogummaa fi beekumsa qabuun socho'uu qaba. Hirkattummaan qaanii ta'uu isaa beekuun osoo hin hojjetiin nyaachuuf yaaduun hafuu qaba. Xinnaa fi guddaa osoo hin jedhiin hojii kabajanii jibatani hojjechuudha Tokkummaa uumuun hojiif yoo hidhanne guddina hawwinu goonfachu ni dadeenya.

## Gilgaala 2

**Dubbisa olii bu'uureffachuun gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Dubbisicha erga dubbistanii booda yaada hubattan gabaabinaan barreessaa.
2. Dubbisicha keessatti hirkattummaan qaanii dha yammuu jedhu maala jechuu isinitti fakkaata? Irratti mariyaadhaa.

### 7.1.2 Hojii Uumanii Jiraachuuf Haal-lan Bu'uuraa Barbaachisan

Barreeffamni armaan gadii waa'ee dubbartii tattaafattuu fi hojii uumtuu tokkoo kan himu dha. Seenicha dubbisaatii waan hubattan barsiisaa keessanitti himaa.

Sannaayit Faqqadaa daa'imummaa isheetti gaaf tokko waa'ee hojii dhuunfaa eegalan abbaa fi haati ishee osoo mariyatanuu dhageessi. Aluma sani hojii dhuunfaa ishee uumuuf yaadni tokko burqeeff. Innis waraqaa caccalaqq isu namoonni itti fayyadamanii gatan funaananii gurguruu ture.

Naannoo Sannaayit jiraattu namoota uccuu aadaa faayaan babbareechanii hodhanii gurguruun kan jiratanu ture. Namoonni kunneen waraqaa caccalaqqisan hodhaa uccuu bareechuuf waan barbaadaniif maamiltoota warqaalee calaqqisan Sannaayiti irraa bitan hedduutu uumame. Haaluma kanaan

yeroo gabaabaa keessatti qarshii dal-dala biraa ishee jalqabsiisuu dandeessisu walitti qabde. Boodas uccuu boraatii ogummaa harkaan miidhagsitee hojjetee gurguruu irratti bobbaate. Itti aansees humna qarshii ishee guddisuun gara hojii biraatti tarqaanfate.

Suuta suutas wayyaa hodhuudhaan leenjitee mana hodhaa uccuu dhuufaa banuuf dandeesse. Bifa kanaan uffata misirrootaa hedduu kireessuun burqaa galii ishee guddiste. Hojii ishee fooyyeessuuf kan ishee dandeessisu meeshaalee uccuu hodhan bituuf dandeesse. Saannaayit yeroo ammaa naannoo isheetti ogeettii beekamtuu wayyaa hodhitu ta'uuf dandeesseetti.

## Gilgaala 3

**Dubbisa armaan olii bu'uureffachuun gaaffilee kanatti aanan deebisaa.**

1. Seenicha keessatti Sannaayit hojii uumuu kan yaade sababa maaliitiini?
2. Seenaa Sannaayit irraa maal maal barattan? Ijoolllee kutaa keessaniitti himaa.
3. Isin immoo gara fuul duraatti hojii gosa akkamii hojjechuuf yaaddu? Garee gareedhaan ta'atii mariyadhaa.

Namni hundumtuu gosa hojii fedhe uumuu fi fooyyessuun sadarkaa guddaa gahuu danda'a. Namni tokko hojii uumee jiraachuuf jalqaba qabxiileen bu'uuraa isa barbaachisan isaan armaan gadiiti.



1. Hojiin kabaja ta'uu hubachuu – hojiin xiqqaa ykn guddaa dha jedhanii osoo hin filatiin hojiin kabaja ta'uu isaa amanuu fi hojii kamiyyuu hojjechuuf of qopheessuu.
2. Kaka'umsa ofii Namni tokko hojii uumuu fi hojjechuun narra jira jedhee hojiif yoo of qopheesse.
3. Tattaaffii guddisuuhajii uumuuf uumama hojii yeroo yeroon fooyyessuu fi gabbisuuf tattaaffii wal irraa hincinne taasisuu.

#### Gilgaala 4

##### Gaaffiilee armaan gadii deebisaa

1. Hojii waliin hojjechuun faayidaa maalii qaba?
2. Waa'ee hojii gareen hojjetanii kuta keessatti kaasaatii mariyadhaa.
3. Namoonni waa'ee kabaja hojii yammuu dubbatan dhageessanii beektuu? Yaadannoo keessan irratti tarreessaatii barsiisaa keessaniif dubbisaa.

Dhalli namaa jireenya isaa yeroodhaa gara yerootti fooyyessaa fi jijjiiraa kan dhufe hojiidhaani. Namni waan jabaatee hojjeteef jireenya boodatti hafaadur jiraachaa ture irraa gara isa fooyya'aa fi ammayyaatti c'euu danda'eera.

Bu'aawwan teekinoolojii har'a arginu kunneen hundi bu'aa hojii dhala

namaati. Aadaan hojii ummata tokkoo ciminaan yoo guddate biyyaa fi lammii isaa gara sadarkaa guddinaatti ceessisuu fi kanaanis ofii fi maatii isaa gargaaruu danda'a.

Hojii xiqqoo ykn guddaa jedhanii filachuun barbaachisaa miti. Akkasiin guddinnii fi badhaadhinni dhufuu hindanda'u. Filannoon hojii guddaa yookaan xiqqaa jedhu jiraachuu hin qabu. Hojiin kamiyyuu kabajamaa dha. Argitanii ijoolle! Isin fakkeenyaaf hojii uumuuf ni yaaddu ta'a. Kun waan guddaa dha. Garuu yaaduun qofaa

waan barbaadamu uumuu hindanda'u. Hojii uumuudhaaf isa yaaddan sana osoo hin tursin gara gochaatti jijjiiruu qabdu.

#### Gilgaala 5

##### Gaaffiilee armaan gadii deebisaa

1. Hojii umanii jiraachuuf karaa keessaniin wantoonni isin barbaachisan maal maal fa'a? Yaadannoo keessani irratti tarreessaatii barsiisaa keessaniif dubbisaa.
2. Aadaa hojii cimaan misooma biyyaatiif gumaacha inni qabu ibsaa.

### 7.2.1. Osoo Hin Hojjetin Nyaachuu Jechuun Maal Jechuu Dha?

- *Ijoolle, hojii isin mana barumsaati deebitanii hojjetan jira? Hiriyoota keessaniitti himaa.*

- *Qo'annaa boodas hanga humna keessanii maatii keessan gargaartanii beektuu? Mee hojiiwwan hojjetan yaadannoo keessan irratti barreessaatii barsiisaa keessaniif dubb-isa.*
- *Osoo hin hojjetin nyaachuun garii akka hin taane kan ibsu fakkeenya tokko barsiisaa keessanitti himaa.*

Osoo hin hojjetin nyaachuu jechuun bu'aa hojii namoonni biroon itti dhama'anii fi dadhaban fayyadamuu jechuudha. Namoonni ofis ta'ee maatii isaanii gargaaruuf hojiitti hirmaachuu qabu. Namni kamiyyuu maatii isaaf haa ta'uu hawaasaaf miseensummaa isaan hojii yoo hin hojjenne ba'aa ta'e jechuu dha. Osoo hin hojjetin nyaachuun immoo namoota biratti gocha saalfachiisaadha. Namni hojii jaalatu ofis ta'ee biyya isaaf waan fayyadu hojjeta waan ta'eef namoota biratti kan jaalatamuu fi kabajamu dha.

### Gilgaala 6

#### Gaaffilee armaan gadii irratti mariyadhaa

1. Osoo hin hojjetin nyaachuu jechuun maal jechuu dha?
2. Hojii hojjechuun kan nu barbaachisu maaliif?
3. Osoo hin hojjetin nyaachuun kan miidhu eenyuunidha?

### 7.2.1. Rakkoolee Osoo Hin Hojjetiin

#### 7.2.2 Osoo hin hojjetin nyaachuun rakkoo qaqqabsiisu

- *Hanga dandeettii keessaniitti hojiiwwan hojjetamuu malu jettan tarreessaa.*

Hojiin wabii jireenya dhala namaa ti. Namni osoo hin hojjetin jireenya guutuu ta'e, nageenya qabu, jiraachuu hin danda'u. Namni jiraachuuf yoo xiqqaate nyaata, uffannaa fi mana jireenyaa barbaada. Fedhii bu'uuraa kanneen guuttachuufis hojjechuu isa barbaachisa. Hojjechuu osoo danda'uu kan hin hojjenne eenyuun birattuu fudhatama hinqabu. Haa ta'u malee namoonni tokko tokko osoo hin hojjetin fi hin dadhabin jiraachuu fedhu. Namoonni akkasii kan namoonni biroo hojjetan nyaatu. Kun gocha sirrii miti. Ofii osoo hin hojjetin kan namoonni biroon hojjetan waan hirmataniif gah-een warra hojjetootaa xiqqoo ta'a.

Sababa kanaan namni marti dandeetti isaatiin hojjechuuf yoo tattaafate malee haalli jireenya namaa foyya'uu hin danda'u. Guddinni biyyaas hin jiraatu. Namoonni hojii tokkoyyuu osoo hin hojjetin jiraachuu barbaadu yoo ta'e hirkattummaan ni babal'ata. Hirkattummaa jechuun qabeenya itti hin dhama'in harka namoota biroo keessaa eeguu fi ittiin jiraachuu jechuu dha. Kanaafuu, akka barsiifata ta'ee kan namoonni biroon itti dadhaban nyaachuun hafuu mala.

**Gilgaala 7****Dubbisicha bu'uureeffachuun  
gaaffiilee asitti aanan deebisaa.**

1. Osoo hin hojjetin nyaachuun rakkoo maalii akka fidu irratti mariyadhaa.
2. Hirkattummaan karaa itti dhufuu danda'u keessaa lama ibsaa.
3. Hojiin wabii dhala namaa ti jechuun sababa maaliitiini?

**7.2.3 Osoo Hin Hojjetiin Nyaachuu  
Jibbuu**

- ***Osoo hin hojjetiin nyaachuun maaliif tuffatama?***

Osoo hin hojjetiin nyaachuun waan yaraa fi namoota birattis gocha nama jibbisiisu dha. Sadarkaa maatii fi biyyaattis yoo ta'e rakkoolee gufuu guddinaa fi misoomaa ta'an keessaa tokko dha. Kanaafuu, osoo hin hojjetiin nyaachuu tuffachuu fi kanneen waan akkasii fedhan barsiisuudhaan hundumtuu hojjetee akka jiraatu jajjabeessuu barbaachisa.

Seenaan armaan gadii hiriyooni lama osoo hin hojjetin nyaachuu irratti kan waliin haasa'an dubbata.

Dubbisicha sirriitti dubbisaatii yaada argattan kutaa keessatti irratti mariyadhaa.

***Magartuu fi Mooraa Mana Isaanii***

Magartuu fi Uchaangaan hiriyoota waliiti. Hiriyooni lamaan kun gaaf tokko mana Magartuutti hojii manaa osoo hojjetanii Uchaangaan mooricha keessatti abaaboo dhaabamee fi fuduraalee adda addaa argee magariisummaa isaan baay'ee ajaayibsiifate. Magartuunis akkas jedhee gaafate, “Magartu, biqiltoonni mooraa keessan keessaa ni bareedu, haala gaariittis biqilaniiru, eenyutu isaan kunuunsa?”

Magartuunis biqiloota kanneen iddoo biraatii fidanii kan dhaaban abbaa ishee ta'uu fi isheenii fi obboleessi ishee immoo dabareedhaan bishaan obaasanii kunuunsuudhaan akka hojjetanu itti himte. Uchaangaan kanaa duraan mana isaa keessatti hojii hojjetee waan hin beekneef baay'ee ajaayibsiifatee “Ijoollee xixiqqoon hojii ni hojjetuu?” jedhee gaafate. Magartuunis

ajaayibsiifachaailaalaanii, “Dhugumaan ijoollee xixiqqoon akka nama gudguddaa hojii ulfaataa hin hojjetan. Haata'u malee hojiiwwan sasalphaa hojjechuu baruu qabu. Humnaa fi ogummaa isaaniitiin hojii hojjechuun barbaachisaa ta'uu isaa ijoollumma isaanii irraa eegalee amananii gochaan agarsiisuu malu” jetteen. Uchaangaan hanga yonaatti maatii isaa keessatti hojii humni isaa danda'u waan hin hojjenneef gaabbee namoonni biroon kan hojjetan waan nyaachaa tureef gadde. Yeroo kanaa kaasee Ucha-

ngaan hojii humna isaatiin hojjechuu danda’u hojjechuudhaan maatii isaa gargaaruu eegale.

### Gilgaala 8

**Dubbisa armaan olii bu’uureffachuun gaaffiilee armaan gadii deebisaa.**

1. Seenaa Magartuu fi Uchaangaa irra maal barattani?
2. Daa’imman hojii hojjechuu danda’an irratti qooda fudhachuu isaaniin kan fayyadu eenyuu?
3. Murtiin Uchaangaa inni dhuma maal ture?

Namoonni hojii mataa isaanii fi naannoo isaanii fayyadu irratti bobba’ani osoo hin hojjetiin nyaachuu kan tuffatanii fi jaalala hojii kan qaban ta’uu qabu. Yaada kana fakkaatu kan qaban ofii isaanii qofa osoo hinta’in namoonni biroos osoo hin hojjetiin nyaachuu akka jibban fi hojjetanii akka argatan kanneen dadammaqsan dha.

Namni jiraachuu kan qabu hojii dandeettiin isaa eeyyamuuf irratti bobba’ee bu’aa argatuun ta’uu mala. Bu’aa hojii isaaniitiin ofis ta’ee biyya isaanii misoomsuu waan fedhanuuf namoonni kunneen osoo hin hojjetin nyachuu kan tuffatanidha. Haata’u malee namoonni tokko tokko kan namni biraa itti dadhabe taa’anii nyaachuu barbaadu. Kun garuu

sadarkaa nama dhuunfaatti, maatii fi biyyaatti miidhaa kan fidu waan ta’ee ciminaan balaaleffatamuu qaba. Karaa gara biraatiin namoonni osoo hin hojjetiin nyaachuu balaaleffatan namoota biroof fakkeenya gaarii ta’u.

### Gilgaala 9

**Gaaffiilee armaan gadii deebisaa**

1. Gochi tuffatamaan isa kami? Maaliif tuffatamaa ta’e?
2. Kan namni biraa itti dhama’e akka hin nyaanneef gara fuul duraatti maal godhuu qabdu?
3. Hojii mana keessaatti gaheen keessan maali?
4. Namni tokko hirkataadha kan jedhamu yoomii fi maal yoo ta’e dha?

## 7.3 Mirgoota Hojii Heerawaa

- ***Lammiwwan hojii isaan hojjechuu danda’anii fi hindandeenye kan filuuf eenyu dha?***

Hojii hojjechaa jiraachuun mirga lammii hundaati. Namni kamiyyuu jiraachuuf hojjechuu qaba. Daa’immanis hojii humna isaaniin walgitu irratti hirmaachuu qabu. Garuu hojii umurii fi dandeettii isaaniin ala ta’ee irratti hirmaachisuun seeraan nama gaafachiisa. Waan kana ta’ee namni kamiyyuu hojjetee jiraachuu kan isa dandeessisus mirga heerria mootummaan deeggarama ni qaba. Namni mirga hojjechuu hin qabne mirga jiraa-

chuu hin qabu jechuu dha. Sababni isaas jireenyi dhala namaa fi hojiin kan addaan hin baane waan ta'aniif

### 7.3.1 Mirga Hojii Fedhan Bakka Barbaadametti Hojjechuu.



**Fakii 7.2 Nammoota ogummaa adda addaatti bobba'an.**

- ***Hojjetoonni fakkicha irratti argitan gosa hojii isa kami irratti kan bobba'an isinitti fakkaata?***

Isin gara fuulduraatti maal hojjetanii akka jiraattan feetu?

Lammii hundumaaf kan eeyyamame mirgi hojjechuu heera mootummaan deeggarama kanneen armaan gadii of keessatti qabata.

1. Lammiin biyyaa kanaa kamiyyuu gosa hojii fedhee fi filate hojjechuuf mirga qaba. Namni marti fedhii hojii wal fakkaatu hin qabu, tokko qonnaan bulaa kan biraa barsiisaa, tokko ogeessa fayyaa yoo ta'u kan biroo immoo fedhii kan biraa qaba. Haaluma kanaan moggaasni ogummaallee kan namni itti bobba'een ta'ee akka fedhii isaatti gargar ta'a. Namni kamiyyuu lammummaa isaatii gosa hojii filate irratti bobba'uun mirga heera moot-ummatiin kennameefi dha.
2. Namni kamiyyuu ogummaa fedhe filachuu fi bakka barbaade deemee hojjechuuf mirga qaba. Kana jechuun lammiin kamiyyuu hojii barbaade filatee biyyattii keessatti kallattii kamiiniyyuu deemee hojjechuu danda'a. Ogummaa tokko tokko keessatti hirmaachuu fi omishuuf iddo odhaa iddootti garaagarummaa qabaachuu danda'a. Fakkeenyaaf, namni suphee hojjetu tokko bakka ture irraa bakka biyyeen suphee baay'

inaan argamutti jijjiirratee hojii isaa itti fufuu danda'a.

3. Namni kamiyyuu qabeenyaa dhuunfaa horachuu akkasumas mirga abbaa qabeenyummaa qaba. Kunis lammiin tokko gosa ogummaa fedhe bakka barbaadetti bobba'ee hojjechuu, qabeenya dhuunfaa horachuu fi mirga abbaa qabeenyummaa eegsifachuuf mirga heera mootummaatiin taa'e qaba.

Mirgoonni armaan olitti heeraman lammilee maraaf haala walqixa ta'een kan kennaman yoo ta'u lammiin hundumtuu hojjetee akka jiraatu mirga guutuu kan gonfachiise dha. Namni mirgoota kanneenitti fayyadamee yoo hojjete jireenyi isaa ni jijjiirama, sadarkaan jireenya maatii isaa ni fooyya'a, guddinni maatii immoo guddinaa fi misooma naannootii fi biyyaa ni fida. Lammiileen biyya tokkoo mirga hojjechuu isaanii fayyadamanii yoo waliin hojjetan biyyi ni misoomti, sadarkaan jireenya hawaasaas ni fooyya'a.

### 7.3.2 Mirga Qabeenya Dhuunfaa Horachuu

- ***Qabeenya dhuunfaa jechuun maal jechuu dha?***
- ***Namni tokko qabeenya dhuunfaa horachuuf kan danda'u akka miini?***
- ***Qabeenya dhuunfaa maatii kees-sanii kan ta'an tarreessaa.***

Qabeenya dhuunfaa jechuun qabeenya namni tokko dhuunfaa isaatti qabu dha. Fakkeenyaaf, mana jireenyaa, beeyillada, meeshaalee qonnaa fi kkf kan haammatu dha. Lammiin Itoophiyaa kamiyyuu bakka kamittiyyuu hojji fedhe hojjetee jiraachuu ni danda'a. Bu'aa hojii isaattis mirga fayyadamuu ni qaba. Kana irraas bu'aa hojjetee argatu irraa qabeenya horachuu fi itti ajajuuf mirga qaba.

## 7.4 Ogummaa fi Maalummaa Naam-usa Ogummaa

- ***Ogummaa yammuu jedhamu maal fa'a of keessatti haammata?***
- ***Naamusa ogummaa jechuun maal jechuu dha?***

Ogummaan hojii beekumsaa fi dandeettii maataa isaa gaafatu dha. Fakkeenyaaf, Qanna, gaazixeessummaa, bar siisummaa, abbaa seerummaa fi kkf. Dandeettii ogummaa jechuun hojii tokko irratti bobba'uuf kan dandeessisuu waa'ee ogummaa sanaa beekumsaa fi ga'umsa qabaachuu jechuu dha.

Naamusa ogummaa jechuun immoo ogummaan tokko yammuu raawwatu ogeessichi qajeelfama fi hojimaata hordofuu qabu jechuu dha. Ogummaan hunduu qajeelfama mataa isaa qaba. Haata'u malee, qajeelfamoonnii naamusa ogummaa hunda keessatti argamanii ni jiru. Qajeelfamoonni kunneen ogeessa hund biratti kabajamuu fi

iddoo barbaachisaa argachuu kan qaban dha. Isaanis hojii kabajuu, gaarummaan tajaajiluu, maamilaaf amanamaa ta'uu, haqummaa, dirqama ogummaa bahuu, ogummichatti fayyadamanii kan biroo miidhuu dhiisuu, loogii irraa bilisa ta'uu fi kkf.

Tajaajilamaan kamiyyuu ogeessa tajaajila barbaachisaa ta'e kennuu fi hin kennine yeroo gabaabaa keessatti beekuu ni danda'a. Ogeessa tajaajila gaarii kenne ni kabaja. Maamila yeroo hundaa ta'uufis ni tattaafata. Karaa gara biraan immoo naamusa ogummaa isaa kan hin kabajne ni balaaleffata. Kana caalaas mirga isaa ifaan gaafachuu ni danda'a. Haala kanaan yoo itti fufame kisaaraaf saaxilama

#### 7.4.1 Qajeelfamoota Ogummaa Kabajuu

- ***Qajeelfamoota hojiitiif bitamuu jechuun maal jechuu dha?***

Ogummaan hundumtuu bu'aa mataa isaa qaba. Hojiin ogeessi tokko hojjetu bu'a qabeessa akka ta'uuf dursanii qajeelfamaa fi naamusa ogummaa sanii haalaan beekuu barbaachisa. Fakkeenyaaf, qonnaan bulaan tokko omisha gaarii akka argatuuf lafa isaa laaffisuu, isa boodas sanyii facaasuu fi kunuunsa taasisuutu irraa eegama. Adeemsa akkasii hanga hordofetti ofiisaa fi maatii isaa nyaachisuu akkasumas, gurguree wantoota isa barbaachisan

biroo bitachuu danda'a. Garuu adeemsa kana yoo hin hordofne bu'aa barbaadu hin argatu jechuu dha.

Barsiisaanis barattoonni isaa baratani beekumsaan ijaaramanii bor lammii fooyya'aa godhuuf dursee jaalala hojii, yeroo kabajuu fi barattoota hirmaachisuu fi jaalachuun barsiisuu qaba. Kana ta'u baannaan garuu, barattoota beekumsa barbaadamuun ijaaree lammii garii gochuu hindanda'u.

#### 7.4.2. Dhimmoota Bu'uuraa Ogeessa Tokko Irraa Eggaman



**Fakkii 7.3 Leenjii ogummaa**

- ***Namoonni fakkii kana irra jiranu kan leenj'aniif maaliif?***
- ***Leenjiin alatti ogummaan maal fa'aan gabbachuu danda'a?***

Hojiin tokko bu'aa gaarii kan fidu ogeessichi ofii isaa ogummaa isaa guddisuuf tattaaffii taasisuuni. Bu'a qabeessummaa hojii guddisuuf dand-eettii ogummaa gabbisuun barbaa-

chisa. Yeroo yeroon leenjiiwwan dandeettii gabbisuu dandeessisan fudhachuun bu'aa hojii ol kaasa. Kana-

malees waa'ee ogummichaa namoota beekan fi beekumsa qaban gaafatanii hubachuun ni mala. Dandeettii ogummaa gabbifachuuf namni tattaafatu ogeessa cimaa ta'a. Bu'aan isaas guddaa fi qulqullinnia kan qabu ta'a. Omisha qulqullina qabu ogeessi omishu tajaajilamtoota biratti amanamummaa argata.

Kanaafuu, hojjetaan kamiyyuu ogummaa itti bu'aa gaarii argachuu fi hawaasaaf tajaajila barbaachisu kennuuf naamusa ogummichi barbaadu guutuu qaba. Waan kun yeroo hojiirra oolu ogeesichi maatii fi naannoon isaa ni fayyadamau jechuu dha. Ummaticha amanamummaa fi naamusa ogummaa gaarii dhaan tajaajiluun immoo biyya gara guddinaa fi misoomaatti ceesisa.



## Xumura Boqonnichaa

Namni kamiyyuu jiraachuuf yoo xiqqaate nyaata, mana jireenyaa fi uffata isa barbaachisa. Fedhii kana guuttachuuf immoo hojjechuu qaba. Namni yoomiyyuu hojii osoo hin tuffatin yoo hojjete ofii isaa irra darbee naannoo fi biyya isaaf waan faayida qabeessa raawwachu danda'a. Har'a hojiin xiqqoo fakkaatu beekumsaa fi naamusa ogummaatiin yoo gargaarame bu'aa guddaa argamsisuu danda'a.

Hojiin akkuma wantoota biroo uumamuu danda'a. Ta'us hojii uumuuf dursa fedhiin hojii, kaka'umsaa fi tattaaffiin dhuunfaa baay'ee barbaachisaa dha. Haaloonni kunneen yoo jiraatan hojii salphaa tokko uumuuf ogummaa beekumsaan gabbisuu fi naamusa ogummaa goonfachuun gara adeemsa hojii olaanaatti ce'uuf ni danda'ama. Hojii hojjetanii jiraachuun mirga lammii hundaa akkuma ta'e osoo hinhojjetin nyaachuun immoo tuffatamaa fi qaanessaa dha.

Lammiileen biyya tokkoo ogummaa itti bobba'an irratti jabaatanii yimmuu hojjetan bu'aan isaanii ni guddata. Adeemsa kanaan biyyi karaa misoomaa irra buuti jechuu dha. Guddinnii fi misoomni biyyaa argamsiisuun immoo hiyyummaa fi bodatti hafummaa balleessuuf gargaara. Haala kanaan biyyi ni badhaati. Ummanni ishees jireenya gaarii jiraachuu danda'a.

## Jechoota Ijoo

**Hirkataa** – Dhamaatii fi dadhabbi namaa birootiin kan jiraatu, galii nama biraatiin kan bulu.

**Tuffatamaa**– Gocha sirrii hintaane, amala namni fudhachuu hindandeenye.

**Ogummaa** – Beekumsaa fi dandeettii waa’ee hojii tokkoo.

**Muuxannoo** – Dandeettii ogummaa tokko irra deddeebi’anii hojjechuun argamu.

**Qajeelfama** - Hojii tokko raawwachuuf kallattii namoonni hordofuu qaban, ittiin bulmaata hojichaa

## Gaaffiilee Keessa Deebii

I. Himoota armaan gadii dubbisuun sirrii yoo ta'e "dhugaa" dogoggora yoo ta'e immoo "soba" jedhaatii deebisaa.

1. Hojiin bu'uura jireenya ilma namaa ti.
2. Namni tokko hojii yoo qabaate hojii kan biraa uumuun isa hin barbaachisu.
3. Of danda'anii jiraachuun faayidaa qabeessummaan isaa mataa ofii qofaaf.
4. Osoo hin hojjetiin namoonni biroo kan hojjetan nyaachuun qaanii miti.
5. Hojii barbaadan hojjechuunii fi qabeenya dhuunfaa horachuun mirga lammii hundaa ti.

II. Warra 'A' jalatti tarreeffaman kanneen 'B' jala jiran waliin walitti firoomsi.

'A'

1. Ogummaa
2. Dandeettii ogummaa
3. Mirga hojii
4. Qaanessaa.
5. Qabeenya dhuunfaa
6. Naamusa ogummaa
7. Hojii garee

'B'

- A. Mirga hojjetanii jiraachuu lammiwwani
- B. Gocha namoonni waliin raawwatan.
- C. Kabaja ogeessi tokko ogummaa isaatiif kennu
- D. Gosa hojii beekumsa mata isaa danda'e.
- E. Qabeenya lammiin tokko ogummaa isaatiin horatu
- F. Beekumsa hojii tokko irratti bobba'uuf barbaachisu
- G. Tajaajilamtoota hirmaachisuu
- H. Gocha hawaasni hin fudhanne, tuffate

III. Himoota armaan gadii dubbisuun bakka duwwaa jecha ykn gaalee sirriidhaan guutaa.

1. Dandeettiin ogummaa kan argamu \_\_\_\_\_
2. Hojii uumanii hojjechuun barbaachisaa kan ta'e sababa \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ tiini.
3. Ogummaan tokko hojii irra akka ooluuf qajeelfamni ogesichi kabajuu qabu \_\_\_\_\_ jedhama.

IV. Gaaffiilee armaan gadii dubbisuun deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Ogeessi tokko tajaajila gaarii kennuuf gabbifachuu kan qabu isa kami?
  - A. Naamusa ogummaa
  - B. Dandeettii ogummaa
  - C. Hojii haaraa uumuu
  - D. Hunduu deebii dha.
2. Kan armaan gadii keessaa qaanessaa fi tuffatamaa kan ta'e isa kami?
  - A. Hojii dabalataa hojjechuu
  - B. Tattaaffii ofiitiin hojii uumuu
  - C. Hojjechuu osoo danda'anii bu'aa dadhabbii nama biraa nyaachuu.
  - D. Dandeettii ogummaa gabbisuu.

**3. Hojii uumuuf kan barbaachisu isa kami?**

- A. Hojiif of kakaasuu
- B. Gargaarsa nama biroo fedhuu.
- C. Qarshiin hanga argamutti eeguu
- D. Ogummaa barachuuf qophii ta'uu dhabuu.

**4. Namni hojii hin hojjenne dhuma irratti maal ta'a?**

- A. Maatii fi biyyaaf ba'aa ta'a.
- B. Gara sadarkaa guddaatti ce'a
- C. Naamusa ogummaa kan qabu ta'a.
- D. Hojii uuma.

**5. Namni hojii hojjechuu kan qabu maaliif?**

- A. Jiraachuu fi fedhiisaa dabalataa guuttachuu
- B. Ofii fi maatii isaa gargaaruuf
- C. Ogummaa isaatiin naannoo fi biyya isaa gargaaruuf.
- D. Hunduu deebii dha.

**V. Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kennaa.**

- 1. Bu'a qabeessummaa hojii jechuun maal jechuu dha?
- 2. Ogeessi tokko naamusa ogummaa hinqabu kan jennu maal yoo ta'e dha?

# BOQONNAA SADDEET OF DANDA'UU


**Kaayyoo Boqonnichaa:**  
Boqonnaa kana barattanii erga xumurtanii booda

- Maalummaa of danda'uu ni hubattu
- Faayidaa ofitti amanuu ni beektu
- Namoota biroo irraa barachuuf of qopheessuun maaliif akka fayyadu ni hubattu.

## 8.1. Maalummaa Of Danda'uu



*Fakkii 8.1 Of danda'uu*



*Fakkii 8.2 Hirkattummaa*

- *Fakkiiwwan lamaan keessaa of danda'uu kan agarsiisu fakkii isa kami?*
- *Of danda'uudhaaf mana fi mana barumsaa keessan keessatti hojiiwwan hojjetan dabareedhaan ijoollee kutaa keessaniitiif himaa.*

### *Barattoota Ciccimoo*

Barattoonni qaxaleen bakka kamittuu ni argamu. Ofumaan irribarraa dammaqanii barii ka'u, ariitiidhaan uccuu isaanii uffatanii, fuula dhiqatanii, ciree nyaatanii qoqophaa'anii, nagaan maatii isaaniitti dhaamanii, gara mana barumsaa deemu. Barsiisonni yeroo barsiisan ni dhaggeeffatu, waan hin galleef ni gaafu, gaaffii gaafatamaniif deebii isaa ni kennu. Beekumsi isaanii akka guddatuuf kitaabilee ni dubbisu.

### **Gilgaala 1**

1. Dubbisa armaan olitti dhiyate dubbisaatii gaalee gochaalee of danda'uun ittiin ibsamu addaan baasaa.
2. Barreessituu /saa tokkoo fi nama marii adeemsisu tokko filadhaa. Kanaa boodas faayidaa of danda'uu irratti mariyadhaa. Yaadoota marii irratti ka'an barr-eessaatii barsiisaa keessaniitti kennaa

Of danda'uu jechuun humna, beekumsaa fi dandeettii ofii haalaan beekanii qixa sanaan waan danda'amu hunda kaka'umsa ofiitiin cimani hojjechuu dha.

Maatii, hiriya, dhaabbata miti mootummaa ykn mootummaa irraa gargaarsa osoo hin eegin qarshii, beekumsaa fi humna ofiitiin hojii bu'a qabeessa ta'e raawwachuun ibsitoota of danda'uu keessaa isa guddaa dha. Fkf. Ijoolleen:

- **Barumsa isaanii jabinaan yoo hordofan, wayitii qormaataa qop-hii barbaachisaa yoo taasisan, osoo hin hatiin yoo hojjetan.**
- **Hojiwwan manaa barsiisonni kennan dhiibbaa maatii malee yoo hojjetan**
- **Meeshaalee barnootaa ofeeggannoodhaan yoo itti fayyadaman.**
- **Yeroo mana barumsaa seenanii fi bahan yoo kabajan, dimshaas-humatti wantoota isaan barbaachisan humna qabaniin kan raawwatan yoo ta'e, "of danda'aaniiru" jechuun ni danda'ama.**

Fakkii 8.1. irra mucaan jiru siree ofumaa hafuun isaa of danda'uu isaa agarsiisa. Karaa gara biraatiin immoo Fakkii 8.2 irraa immoo haati isaa yeroo ilma isheetiif siree haftu, kun mucichi kan of hin dandeenye ta'uu agarsiisa. Kanaafuu, namoonni ijoolummaa irraa eegalanii miira of danda'uu

gabbifachuun jireenya isaanii gara fuul duraa akka sirraa'u taasisa.

Karaa gara biraas, namni kamiyyuu ilaalcha mataa isaa qabaatee ejjennoo isaan waan tokko raawwachuun kan danda'uu, yoo kan of danda'uu fi nama biroo irratti kan hin hirkanne yoo ta,edha. Nama gara biraa irratti hirkataa ta'ee jiraachaa ilaalcha mataa ofii hordofuunii fi ejjennoo dhuunfaa qabachuun rakkisaa dha.

## Gilgaala 2

### Gaaffilee armaan gadii deebisaa

1. Barataan tokko mana barumsaa keessatti of danda'uuf hojii akkamii hojjechuutu irraa eegama?
2. Barattootaa, mana keessan keessatti wantoota of dandeessanii raawwatan ibsaa.

## 8.2. Ofitti Amanamummaa

- **Ofitti amanuu jechuun maal jechuu dha?**

### *Ashabbirii fi Haadha Isaa*

Aadde Ayyalach mucaa isaanii Ashabbiriin waamanii "Yaa mucaa kool har'a baay'ee na dhukkubeera. Uccuu seeraa mana barumsaa bor uffattu hin miicamne. Maal naa wayya? Mee ollaadhaa nama miicu haa barbaadu" jedhaniin. Innis, "Arme maaliif nama

kadhatta?” jedheen. “Maalin godharee? Yoo siif miicame malee bor barumsa irraa hafuu keeti.” jedhaniin. Yeroo kana Ashabbir baay’ee dinqisiifatee, “Ani mataan koo maaliif hin miicuu?” jedheen. “Yaa mucaa koo! Atillee hin dandeessu” jedhaniin. “Yaa arme edaa ati gowwaa dha, ani yeroo ati miiccitu argee uccuun akkamiin akka miicamu bareera. Obboleettii kootiinis immoo na barsiisi jedheenii na barsiisteetti. Kanaafuu, ani nan miicca” jedheen. Haati isaa garuu waan hin amanneef “Hin ta’u” jedhaniin. Ashabbir garuu, uccuu miicuu akka danda’u waan mirkaneeffateef “Arme dhimma hin qabaatin” Yoo na amanuu dhabadee fuula kee duratti dhidhiyeessen miicca” jedheen. Kanaan waan walii galaniif haati osoo ilaalanii uccuu isaa miicuu jalqabe.

Haati isaas, “Ashuu mucaa koo, naa guddadhu! Ati baay’ee kormee dha. Jedhi egaa anis hanga mataan koo natti fooyya’utti galeen ciisa” jedhaniin.

### Gilgaala 3

#### Dubbisa armaan olii bu’uura godhachuun gaaffiilee asii gadii deebisaa

1. Akka dubbisichaatti gaalee ofitti amanuu jedhu ibsaa.
2. Ashabbir uccuu miicuu nan danda’a jedhee ofitti akka amanu kan godhe maali?
3. Ofitti amanuuf maaltu barbaachisa?

Ofitti amanuu jechuun dandeettii ofii haalaan beekuudhaan hojii hojjetan irratti sirrii ta’uu danda’uu dha. Ofitti amanuun waa’ee ofii hubannoo qabaachuu irraa kan burquu fi miira hojiif nama kakaasu dha. Fkf, barataan tokko barumsa isaa haala gaariin yoo hordofe hojii manaa barsiisaan isaa kenneef haala gaariin yoo hojjetee fi karoora baafachaa yoo qo’ate yeroo qormaataa ofitti amanee hojjechuu ni danda’a. Ofitti amanuuf jabinaan hojjechuu fi beekumsa gabbifachuun wantoota bu’uuraa ti. Seenaa armaan olitti dhiyaate irraa Ashabbir, haati fi obboleettiin isaa yammuu uccuu miican hubachaa waan barateef ofuma isaatii uccicha miicuu akka danda’u shakkii hinqabu ture. Ofitti amane jechuu dha. Ofitti amanee waan hojjetee namoota ollaa isaa kadhachuu irraa bilisa ta’e. Hundumti keenya ofitti amanaa eenyummaa keenyatti akka boonnu jabaannee hojjechuun nurraa eegama.

### Gilgaala 4

#### Gaaffiilee armaan gadii deebisaa

1. Ofitti amanuuf maal godhuu barbaachisa?
2. Ofitti amananii hojjechuun faayidaa maalii qaba?

### 8.3 Ejjennoo Qabaachuu



**Fakkii 8.3 Yaada ofii warra kaaniin amansiisuu**

- **Fakkiin armaan olitti dhiyaate maal agarsiisa?**

#### **Kutannoo Zakkii fi Gocha Hiriyoota Isaa**

Zakkaariyaas barataa kutaa shanaffaa ti. Barsiisaan isaa yammuu barsiisan hin hordofu. Hojii manaa kennamuufis ofii isaatii hojjetee hin dhufu ture. Sababa kanaan kutaa keessatti hiriyoota isaa kadhatee mana isaatii daabboo, karamellaa fi kkf fidee kennuun kan isaan hojjetan gargalchee sororsiifata ture. Yeroo qormaataas akka isaan irraa garagalchu waada isaa galaniiru.

Haala kanaan yeroon qormaataa walakkaa waggaa gahe. Zakkaariyaasis barattoota waada galfate cinaa hatuuf akka mijaa'ufitti taa'e. Barsiisaan qormaata qoruuf kuticha seenan garuu, taa'umsa barattootaa jijjiiran. Zakk-

aariyaasis barattoota waadaa see-naniif irraa adda bahee tarree jalqabaa irra taa'e.

Firiin qormaata isaani gaafa kennamu Zakkaariyaas qabxii baay'ee xiqqaa waan argateef gadde. "Kufuu kooti" jechuun booye. Hiriyoota isaa keessaa Baacaan immoo mataa isaa ol qabuun. "Hatuuf qopha'uurra qormaaticha of dandeessee hojjechuuf barumsa kee xiyyeeffannoon hordofuutu sirra ture." jedheen. Almaaz immoo "Dursanii argamuu dha" jettee itti qooste.

Zakkaariyaasis baay'ee gaabbe. "Kana booda kutaa keessatti barnoota koo xiyyeeffannoon nan hordofa. Hojii manaa kennamus ofuma kootiin hojjedha. Jabinaanis nan qo'adha. Kana raawwadhee firii olaana fidee gara kutaa jahaffaatti nan darba." jedhee murteesse.

Ejjennoo kanaan itti fufee xiyyeeffannoon barachuu, qo'achuu fi of danda'ee hojiiwwan manaa kennamuuf hojjechuu itti fufe. Hiriyoota isaas karamellaa fi kan biroon waan jalaa dhaabbatee, nurraa garagalchi jedhaniin. Garuu, Zakkaariyaas, "hin ta'uni hirkattuu keessan miti. Of danda'ee jabinaan yoon hojjedhe bu'aa gaarii fiduu nan dandda'a," jedheen. Zakkaariyaas ejjennoo isaattiin cimuddhaan qormaata onnee guutuudhaan qofaa isaa taa'ee qorame. Firiin olaanaas fide. Hiriyoota isaa waan caaleef



mufatanii, “Ati barataa dadhabaa turte” jedhaniin. Innis “kun seenaa kale-essaati” jedhee dabaree isaa itti qoose.

### Gilgaala 5

**Dubbisa armaan olitti dhiyaate bu’uureffachuun gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Dubbisicha xiyyeffannoon dubbisaa. Isa booda dabareedhaan ka’aatii Zakkaariyaas akkuma karoorfate milka-a’uu isaa ibsaa.
2. Zakkaariyaas itti yaadee murteesse moo miti? Sababa keessanii wajjin ibsaa.

Namni kamiyyuu dhimma tokko rawwachuuf kutatee ka’uu isaa yoo ibsu “Ejjennoo qabateera “jedhama. Ejjennoo isaa kana osoo hin hanqisiin yammuu raawwatu immoo ejjennoo isaatti cimuu isaa kan ibsu dha. Ejjennoo qabachuu fi fiixaan baasuu ilalalchisee:

- ***Dhimmicha irratti dursanii yeroo fudhatanii yaaduu.***
- ***Ejjennoo barbaadame faayidaa fi nageenya ofii, maatii fi biyyaa waliin madaaluu.***
- ***Ejjennoo ofii qabachuu fi yaadaa fi ilaalcha itti amanan raawwachuun kanneen bu’uura ta’aniidha.***

Namni marti ejjennoo qabaachuu qaba. Fakkeenyaaf, dubbisa Zakkii fi hiriyyoota isaa irraa akka hubattanitti

Zakkaariyaas hirkattuu warra kaanii akka hintaaneef murteesse ejjennoo qabate. Bu’uuruma kanaan barumsa isaa haala gaariin waan hordofeef of danda’ee firii baay’ee olaanaa ta’e fiduu danda’e.

### Gilgaala 6

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Barataan/ttuun kutaa keessanii tokko barumsa isaa/ishee addaan kutuu yoo yaade/yaadde yaada kana akka ejjennootti fudhachuuf dursa haallan itti yaadamuu qaban maal fa’a?
2. Waan gara fuulduraa ta’uu barbaaddanii fi waan barbaaddan ta’uuf maal godhuu akka qabdan barreefama ibsu qopheessaatii barattoota kutaa keessaniitiif ibsaa.

## 8.4. Amaloota Hubannoo Dogoggoraa Ofiif Qabnu Ibsan

### 8.4.1 Miira Olaantummaa

- ***Miira olaantummaa jechuun maal jechuu akka ta’e waan beektan ibsaa.***

### ***Summii Oftuulummaa***

Guyyaan isaa Sanbata waan ta’eef Hayiluu fi Alamituun mana barumsaa hin deeman. Haati isaanii aadde Caaltuunii fi abbaan isaanii Obbo Lammeessaan immoo guyyaa itti walgahii

afooshaa deemanidha. Abbaanii fi haati ijoolleen isaanii hojii akka baranii fi

gara fuulduraatiifis of akka danda’an yaadu. Ijoolleen isaaniis waliin manicha akka qulqulleessanii fi siree akka hafan itti himanii gara walgahii afooshaa deeman. Maatiin afooshaa deebi’anii mana yammuu galan Hayiluu fi Alamituun wal lolu. Manni hin qulq-ull-oofne, siren hin hafamne. “Maaltu wal isin lolchiisa?” jedhan maatiin gara manaatti ol galaa.

**Alamituu** – “Inni akka kootti mana qulqulleessuus ta’ee siree hafuu hin danda’u. Kanaaf ani sirreessee kanaan hojjedhe na jalaa balleessa. Isaa wajjin hojjechuu hin fedhu,” jette.

**Hayiluu** – “Ani kormee waanin ta’eef si waliin hin hojjedhu jettee na didde,” jedha Hayiluun aaraa. Haati isaanii baay’ee waan mufataniif, “Alamitu, ati sirrii miti. Yeroo hunda waan hunda ana qofatu beeka jettee waan mormituuf nama si waliin hojjetu wajjin walii hin galu. Kunoo har’as waa osoo hin hojjetin na eegdani” jedhan. Abbaan ishee immoo “Waan mara beeka jettee waan yaadduuf barachuuf qophii miti, hojii hojjechuufis xiyyeeffannoo hin kennitu. Yeroo darbe harkee balbalaa kan cabsites xiyyeeffannoo kennitee akkamiin akka hojjetu waan hin gaafanneefidha. Amala kee kana fooyyessuu qabda,” jedhaniin. Miirri olaantummaa ofiif iddoo ol’aannaa, kann-

een biroof immoo iddoo gadi aanaa kennuu irraa kan maddu dha. Namni tokko tokko ofii waan barateef namoota hin baranne jedhee yaadu akka gadi aantoota ta’anitti ilaaluu danda’a. Kunis baradheera nama jedhu irratti miira olaantummaa uumuu danda’a. Karaa biraatiin immoo, namoonni tokko tokko qabeenya waan qabaniif qofa kanneen isaaniin gadii xiqqeessanii ilaalu. Kunis qabeenyan qaba nama jedhu irratti mirrii walfakkaatu uumamuu danda’a. Dimshaashumatti, miirri olaantummaa yeroo baay’ee namoota biroo waliin akka walii hin gallee fi wal hin hubanne godha. Akkasumas, walitti bu’iinsaaf ka’umsa ta’a.

### Gilgaala 7

#### Dubbisicha bu’uureffachuun gaaffilee armaan gadii deebisaa

1. Seenaa kana keessatti miirri olaantummaa calaqqiseera? Calaqqiseera kan jettan yoo ta’e nama calaqqisiise ibsaa.
2. Rakkoo namni miira olaantummaatiin qabame uumu tarreessaatii gareedhaan mariyadha

### 8.4.2 Miiraa Gadi Aantummaa

- *Wantoota barattoota mana barumsaa keessatti miirri gadantummaa akka itti dhaga’amu godhan tarreessaa.*

## Fiqirtee

Fiqirteen barattuu kutaa shanaffaa ti. Tapha baay'ee waan jaallattuuf yeroo baay'ee dhokattee mana barumsaa

irraa hafti. Hojii manaa barsiisonni ishee kennan yeroo baay'ee hin hojjetu. Firiin qormaata ishees yeroo mara kan hiriyoota isheetii gadi waan ta'eef miiri gadaantummaa itti dhaga'ama. "Ani barumsi naa hingalu, barattuu dadhabduu dha," jettee yaa-ddi. Sababa kanaan ofitti hin amantu. Kutaa keessatti gaaffii yeroo gaafatantu nan dogoggora jettee waan sodaattuuf gaaffii beektullee yoo ta'e deebii isaa hin himtu.

### Gilgaala 8

**Dubbisa armaan olii bu'uura godhachuun gaaffiilee armaan gadii deebisaa.**

1. "Ani barumsi naa hingalu, barataa dadhabaa dha" yaanni jedhu ibsa maalii ti?
2. Seenaa Fiqirtee haalaan sakatta'aatii miirri gadaantummaa akka isintti hin dhaga'amne maal gochuu akka qabdan ibsaa.

Miirri gadaantummaa kan burqu gadi qabani of ilaalu irraati. Namni tokko ofiisaa gadi qabee yammuu ilaalu waanuma beekuyyuu kan hin beekne itti fakkaata. Waan hojjechuu danda'us kan hin dandeenye itti fakkaata. Ilaalchi gadaantummaa miirri ofitti

amanuu akka hin gabbanneef gufuu kan ta'u dha. Ofitti amanuun yoo hin jirre immoo barnoota haala bu'a qabeessa ta'een barachuus ta'e, hojiiwwan biroo haalaan hojjechuu akka hin dandeenye nu godha. Fakkeenyaaf, Fiqirteen barnoota isheetiif xiyyeffannoo waan hin kennineef ofitti akka hin amanne fi gadaantummaan akka itti dhaga'amuuf sababa ta'eera.

### Gilgaala 9

**Gaaffiilee armaan gadii deebisaa.**

1. Miirri gadaantummaa maaliin ibsama?
2. Ofitti amanuun maaliin ibsama?

## 8.5. Dandeettii Ofii Beekanii kan Biroo Irraa Barachuuf Of Qophssuu

- **Waliirraa barachuu jechuun maal jechuu dha?**

Gocha tokko raawwachuuf wantoota nu barbaachisan keessaa tokko dandeettii dha. Dandeettii qabna jennee yaaduu osoo hin ta'in dhugumaan dandeechicha qabaachuu qabna. Dandeettiin mudannoo adda addaatiin ni gabbata. Beekumsa hojichaaf nu barbaachisu akka qabnu beekuu fi ofitti amanuu qabna. Beekumsi qabnu caalaatti guddachuu karaan itti danda'u keessaa tokko namoota beekumsa qaban irraa barachuu dha.

### Gilgaala 10

1. Dandeettii keenya beekuuf maal gochuu qabna?
2. Garee lama uumaatii, gareen tokko hiriyoota kutaa isaa irraa waan barachuu danda'u haa ibsu. Gareen lammaffaan immoo maatii irraa waan baratu haa ibsu.

### 8.5.1. Guddinaa fi Misooma Biyyaatiif Hojjechuu

#### • *Guddinaa fi misooma biyyaa jechuun maal jechuu dha?*

Namni tokko beekumsa gosa hundaa qabaachuu hin danda'u. Waan kana ta'eef namni tokko qofaa isaa hojjetee bu'aa qubsaa galmeessisuu hin danda'amu. Kanaaf bu'aa barbaadamu argamsiisuuf yeroo hunda waliin hojjechuun filannoo hin qabu. Fkf, mana tokko hojjechuuf ogeessota adda addaa barbaachisa. Isaanis, ogeessa ijaarsaa, -ogeessaa elektirikaa, gamoo kan hojjetu, halluu dibaa, kan boolla qotu, kan baatuu fi kkf barbaachisa. Ogeessonni kunneen waliigalanii ogummaa walii kabajanii yoo hojjetan qofa mana gaarii kan hojjetan. Nama dhukkubsate tokko yaaluuf immoo hakiima, gargaaraa fayyaa, teekniishaana laabooraatoorii, hojjetoota qulqullinaa, fi kkf barbaachisa. Jarreen kunneen waliigalanii walgargaaranii yoo hojjetani hojii bu'aa

qabu raawwachuu danda'u Kanaafuu, yoo walgargaaranii waliin hojjetan qofa hojii bu'aa qabu hojjechuun kan danda'amu. Biyya keenya guddisuu fi misoomsu kan danda'amu hojiiwwan misoomaa irratti hundumti keenya wal gargaarree garaa tokkoon yoo hojjenne qofa dha. "Mixiin wal qabatee laga ceeti" jedhama mitiiree.

Keessumaayyuu biyya keenyatti faayidaa waliitiif jecha hojiiwwan raawwatan keessaa miliiniyeemii haaraatti "muka lama nama tokkoof" kan jedhuun duulli biqiltuu dhaabuu adeemsifame akka fakkeenyaati ibsamuu danda'a..

### Gilgaala 12

#### Gaaffiilee armaan gadii deebisaa

1. Oggantoota waldaa hojii naannoo keessanitti argaman karaa barsiissaa keessanii affeeraatii waliin hojjechuu fi barachuu kan ilaalatu irratti gaaffiilee qopheessaatii mariyadhaa.

### 8.6 Gochaalee Guddinaa fi Badhaadhina Biyyaa Miidhan.

#### *Daldala seeraan alaa (Kontiroobaandii)*

Daldallii seeraan alaa (kontiroobaandii) maali? Meeshaalee daldala seeraan alaan galan yoo beektan ibsaa.



**Fakkii 8.4 Kontiroobaandiin gochaa biyya miidhudha**

### **Qoricha Yeroon Irraa Darbe**

Aadde Amaarech “UU-UUUU-” jedhanii iyyan. Olloonna isaanii fiifiigaanii gaafa olgalan muccaan isaanii Faaxeen, laaftee siree irra ciisteetti. “Maaloo konkolaataa dafaa waamaa, ariitiidhaan,”-jedhan maanguddoon tokko naasuudhaan rommaa. Yennasuma konkolaataan waamamee mucaa xinnoon mana yaalaatti geffamte.

Mana yaalaa akka gahaniin aadde Amaarech booyaa dawaa harkatti qabatan hakiimatti kennan. Hakiimni kunis dawwicha gara gaggalchani ilalanii naasuudhaan “Dawaan kun kan yeroon isaa darbedha. Eessaa bittan?” jedhan.. “Mana qorichaatiin bite” jedhan ,Aadde Amaarech muccaan isaanii balaa olaanaa irra jiraachuu ishee hubatanii booyaa. Yennasuma hakimii Faaxee gara mana yaalaa olaanaatti erganiinii gara poolisiitti bilbilanii haa-

licha beeksisani. Sakatta’a poolisiin taasiseen daawaan karaa seera alaa (kontiroobaandiidhaan) gara biyya keessaa galuun isaa beekame. Daw-wicha karaa seeraan alaa kan galchan fi hojjettoonni mana qorichichaa hundi mana murtiitti dhiyaatanii adabbiin hidhaa itti murtaaye.

### **Gilgaala 12**

#### **Dubbisicha armaan olii irratti hundaa’uun gaaffiilee armaan gadii dubbisaa**

1. Dubbisa dhiyaate irraa waa’ee daldala seeraan alaa maal hubattan? Mee mariyachiisaa fi barreessaa filadhaatii mariyadhaa.
2. Rakkinni dawaa Faaxeen itti fayyadamte maali?

Bu’uurri jecha kontiroobaandii jecha xaaliyanii “kontiraa Baandi” jedhu yammuu ta’u hiikni isaas ”kontiraa” jechuun faallaa ”baandii” jechuun immoo hidhataa (poolisii) jechuudha. Walitti yammuu dubbisamu faallaa poolisii jechuun dha.

#### **Gochichis**

1. Seera meeshaaleen gara biyyaatti seenaan guutuu qaban osoo hin guutiin dhoksaadhaan daangaa cab-sanii galchuu dha.
2. Meeshaalee gara biyya alaa deeman ulaagaalee guutuu qaban osoo hin guutin dhoksaadhaan daangaa cab-sanii biyyaa baasuu dha.

Haala seeraan alaa kanaan gara biyyaatti kan galanii fi biyyaa ala kan ba'an jireenya lammiilee irratti miidhaa geessisaa jiru. Sadarkaa barbaachisaa guutuu isaanii qaama ilaallatuun kan sakatta'ame dawwaa fi nyaati summaa'aan gara biyya keessaa waan galaniif fayyaa lammiwwanii irratti miidhaa geessisu. Kanaafis, rakkoon Faaxee irra gahe fakkeenya tokko.- Meeshaaleen kontiroobaadiidhaan biyyaa ala yeroo bahanis mootummaan ashuuraa fi qaraxa irraa galii argac-huu malu dhabsiisuudhaan diinagdee biyyaa dadhabsiisa. Sochiin kontiroob-aandii yeroodhaa gara yerootti itti caalaa dhufee haalli isaa sadarkaa baay'ee rakkisaa ta'eera ga'eera.

### ***Dimshaashumatti daldalli seeraan alaa yeroo ammaa***

1. Shororkeessitootaaf madda galii ta'uun tajaajila
2. Galii mootummaa dhabsiisa.
3. Meeshaalee gulqullinnii fi sadarkaan isaanii hin eegaminii fi hin eeyy-amanne kanneen akka meeshaalee waraanaa gara biyya keessaa akka galan gochuudhaan nageenyaa fi diinagdee biyyaa, jireenyaa hawa-asummaa, jeeqaa kan jiru yakka guddaadha.

#### **Gilgaala 13**

#### **Gaaffiilee armaan gadii deeb-isa**

1. Daldalli seeraan alaa maali?
2. Daldalli seeraan alaa miidhaa maali fida?

## Xumura Boqonnichaa

Jireenya gaarii jiraachuuf beekumsa ofii yeroo yeroon gabbisuun barbaachisaadha. Beekumsaan badhaadhuuf immoo mana keessatti angafooni waan hojjetan ilaalu, miseensota maatii waliin mariyachuu, waan hubatan hanga danda'ametti haala fooya'een hojjechuun faayidaa qaba. Mana barumsaa keessatti immoo seera mana barumsichaa beekuu, barsiisonni yammuu barsiisanui dhaggeeffachuu, dubbisuu, gaaffiilee deebisuu, hiriyoota kutaa fi dhuunfaa waliin mariyachuu fi yaada fudhachuu kennuun baay'ee barbaachisaa ta'aniidha.

Wantoonni kunneen akka nu of dandeenyu nu gargaaru. Namoonni of danda'an immoo namoota birootti hin hirkatan. Waan itti amanan murteessuu danda'u. Karaa gara biraa daldalli seeraan alaa gocha galii biyyaa dhabsiisuun akka ofi hin dandeenye godhu dha. Kanatti dabaludhaanis dawwaa fi nyaatni qulqullummaan isaa hin beekamne dhoksaadhaan gara biyya keessaatti galchuudhaan fayyaa irratti miidhaa geessisa.

Namni marti of danda'uuf tattaaffii yoo godhee fi gochaalee seeraa alaa yoo balaaleffate biyyi ni misoomti.

## Jechoota Ijoo

**Tuttuquu** – Sissi'eessuu, kakaasuu

**Busheessuu** – Gadiqabanii ilaalu, tuffachuu

**Qalbeeffannaa**– Tasgabbiin, xiyyeeffannaan.



## Gaaffilee keessa deebii

I. Himoota armaan gadii dubbisuudhaan yoo sirrii ta'e "dhugaa" dogoggora yoo ta'e immoo "soba" jedhaa deebisaa.

1. Dandeettii ofii haalaan beekuun ofitti amanuuf nama dandeessisa.
2. Yeroo marii yaada nama biroof xiyyeeffannaan osoo hin kennin fedhii ofii qofaan mormuun faayidaa qaba.
3. Nama nu gargaaru yoo qabaanne of danda'uuf hojjechuun faayidaa tokkoyyuu nuuf hin qabu.
4. Waan hin beekne nama biraa gaafachuun mallattoo gadi aantummaa ti.
5. Walirraa barachaa wal gargaaranii hojjechuun ofiifis ta'ee biyyaaf ni fayyada

Lakkoofsa 1-7 gochaawwan mata duree "Hojiwwan raawwataman" jedhu jalatti tarreeffaman "hirkattummaa" ykn "Of danda'uu" kan ibsan ta'uu isaanii hubachuun bakka kenname irratti mallattoo / ✓ / kaa'uudhaan firoomsaa.

T.L.	Hojiwwan raawwataman	Hirkattummaa	Of danda'uu
1	Yaadannoo koo eessa akkan kaa'e na jalaa badee obboleessi koo barbaadee borsaa keessaa kaa'ee naa kenna.		
2	Uccuu koo ofumaan uffadhe		
3	Meeshaaleen irratti nyaadhe obboleettiin koo akka walitti sassaabduuf minjaala irratti dhiise		
4	Ganamaan ka'ee gara mana barumsaa koo deeme		
5	Ashuuraa kaffaluu		
6	Daldala seraan alaa		
7	Bakka ciisicha koo hafadhe.		

II. Gaaffiilee armaan gadii dubbisuudhaan bakka duwwaa jechoota / gaalee kana jalatti kennamaniin guutaa. Of danda'uu, ejjennoo ofitti cimuu, hirkattummaa

1. Hojii manaa barsiisaan kenne osoo hin hojjetiin nama biraa irraa gara galchuun \_\_\_\_\_ dha.
2. Yeroo qormaataa hiriya irraa osoo hin hatin hojjechuun \_\_\_\_\_ dha.
3. \_\_\_\_\_ jechuun wantoota madaalanii yaada fooyya'e qabachuu fi osoo hin jajallisin raawwachuu dha.

### III. Gaaffiilee armaan gadii dubbisuudhaan deebii isa sirrii ta'e filadhu

1. Namni ofi danda'e
  - A. Ofii isaa qofaaf yaaduu qaba
  - B. Nama biraa irra fooy'aa ta'uu isaa yaaduu qaba.
  - C. Miira gadaantummaatiin dhiphata.
  - D. Hirkatumma irraa bilisa dha.
2. Isaan armaan gadii keessaa gocha barataa ofitti amanuu kan ta'e kami?
  - A. Gaaffii deebisuudhaaf harka isaa ol qaba.
  - B. Barattoota biroo waliin ni mariyata.
  - C. Yaada itti fakkaate ibsa.
  - D. Hunduu deebiidha.
3. Ejjenoodhaan cimnoon kan fayyadu
  - A. Yaada koo qofatu sirrii dha jedhanii mormuu
  - B. Waa'ee dhimma tokkoo dubbisuun, mariyachuun, yaaluun, hubannoo gabbifatani murteessuu.
  - C. Yaada namoota dureeeyyii hordofanii murteessuu fi raawwachuu
  - D. Yaada namoota hiyyeeyyii hordofanii murteessuu fi raawwachuu.
4. Badhaadhina waliinii fiduun kan danda'amu
  - A. Qofaa hojjetanii sooromuu
  - B. Waliin hojjetanii waliin fayyadamaa ta'uu
  - C. Walirraa barachaa beekumsa guddisuudhaan
  - D. 'A' malee hunduu deebii dha
5. Daldalli seeraan alaa
  - A. Meeshaalee karaa seeraa alaa gara biyya keessatti galchuu
  - B. Meeshaalee karaa seeraa alaa biyyaa baasuu
  - C. Gocha ummataa fi biyya miidhu dha
  - D. Hunduu deebii dha
6. Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii gaggabaabaa kennaa
  - A. Of danda'uu jechuun maali?
  - B. Ejjenootti cimnoon maaltu barbaachisa?
  - C. Miiirri olaantummaa fi gadaantummaa maali?

# BOQONNAA SAGAL AADA QUSANNA


## Kaayyoo Boqonnichaa:

### Barnoota boqonnaa kan barattee yammuu xumurtu

- Maalummaa qusannoo ni hubatta.
- Aadaa qusannoo gabbisuun maaliif akka barbaachisu ni beekta.

## 9.1 Qusannaa

### 9.1.1 Maalummaa Qusannaa



**Fakkii 9.1. Qabeenyatti haala malee fayyadamuun qusannaa faallessa**

### • **Suuraan lamaan ergaa maalii dabarsu?**

Qusannaa jechuun galii argannu irraa hanga nu barbaachisu fayyadamnee kan murtaa'e immoo faayidaa fuulduraaf akka ta'utti kaa'uu jechuudha. Kunis, qusannaan baasii hin barbaachisne irraa of qusachuu agarsiisa. Qusannaa har'a rakkachaa boriif yaa-duu miti. Qusannaan bifa gara biraas qaba. Meeshaaleen itti fayyadamnu akka hin miidhamneef haala gaariin qabani yeroo dheeraaf faayida akka kennan godhuu jechuudha. Fakkeenyaaf, kitaabileen barnootaa haala gaariin fayyadamnee qulqullinaan yoo qabne, kutaa itti barannu, barcumaa fi minjaalota miidhaan akka irra hin geenye of eeggannoon qabuu fi fayyadamuutu nurraa eegama.

Hangi qusannaa akkaataa humna qabeenyaa namootaatiin murtaa'a. Fakkeenyaaf, namni kophee qulqulleessu tokko buusii yoo buuse torbanitti wanti irraa eegamu qarshii kudhan qofaa ta'uu danda'a. Karaa biraa immoo namni konkolaataa qabu tokko torbanitti qarshii dhibba tokko kaa'uu danda'a. Hangi qusannaa galii argannu waliin kan wal qabatedha.

**Gilgaala I****Gaaffiilee armaan gadii deebisaa.**

1. Qusannaa jechuun maal jechuu dha.
2. Qarshiin kuusame maal maaliif akka fayyadu namoota naannoo keessan jiran ykn maatii keessan gaafachuun ijoolllee kutaa keessaniitiif ibsaa.
3. Barataa tokkoo fi qonnaan bulaa tokko fakkeenya godhachuun lamaan isaanii akkamiin qusachuu akka danda'anu tarreessaa.

**9.1.2. Kaayyoolee Qusannoo****9.1.2.1 Hirkattummaa Irraa Bilisa Ta'uu**

- ***Hirkaattummaa yammuu jedhamu dhageessee beektaa? Maal jechuu sitti fakkaata?***

**Obbo Saamu'eelii fi Aadde Burtukaan**

Obbo Saamu'eel Saddeboon kan dhate kibba Itoopihiyaa magaalaa Arakkaatti. Ijoollummaa isaatti balaa mudhii isaa irra gaheen qaama miidhamaa ta'eera. Haata'u malee, maatiin isaa mana barumsaa galchaniin barsiisaniiru. Umuriin isaa waggaa kudhaan gaafa darbu maatii isaa gargaaruuf yeroo boqonnaa isaa qopheesse qulqulleessuu eegale. Achii ka'ee hojii daldala xixiqqoo irratti bobba'e.

Umuriin isaa waggaa digdama gaafa darbu aadde Burtukaan wajjin wal fuudhanii ijoolllee lama godhtan. Yeroo tokko Obbo Saamu'eel kan hojjechaa ture daldalli seeraan alaa kisaaraa irraan waan gaheef hiyyummaa keessatti kufan.

Yeroo kana Obbo Saamu'eelii fi haati manaa isaa aadde Burtukaan qubeelaa isaanii gurguraniin ammas daldala muuzaa irratti boba'an. Obbo Saamu'eel muuzaa saanduuqa tokko bitaa deebisee osoo gurguruu suuta suuta lakkoofsa sanduqa muuzaa gurguramuu dabalaa adeeme.

Obbo Saamu'eelii fi aadde Burtukaan hanga jireenyi isaanii dandeessiseen ijoolllee isaanii mana barumsaa gaariitti barsiisu. Mana jireenyaa fooyya'aa kir-eeffatanii jiraatu. Kana malees, galii hojii hojjetan irraa argataniin baasii barbaachisaadhaaf erga itti fayyadamanii booda isa kaan immoo ni kuusu



**Fakkii 9.2. Obbo Saamu'eelii fi maatii isaanii**

Hiyyummaa hojiitiin kan mo'atan Obbo Saamulii fi aadde Burtukaan waa'ee gara fulduraa yammuu yaadan, waggaa ittaanuu jalqabee aadde Burtukaan gara mana barumsaa akka deemu karoofataniiru. Daldala isaaniis caalaatti babal'isuuf tattaafataa jiru (Burqaa, Gaazexaa Xoomaar, Waxabajjii 1996, fuula 10 irraa jijjiramee fudhatame)

### Gilgaala 2

**Dubbisa armaan olii bu'uureffachuun gaaffiilee armaan gadii deebisaa**

1. Qusannoon hirkattummaa jalaa bilisa nama baasa yaada jedhu bu'uureffachuun jireenya Obbo Saamu'eelii fi haadha manaa isaa aadde Burtukaan irraa maal barattani?
2. Seenaa namoota waan xinnoo irraa ka'anii dureessa ta'anii barbaaduun seenaa isaanii gabaabinaan barreesaatii kutaa keessatti dubbisaa.
3. Seenaa argattan kutaa keessatti eega dhiyeessitanii booda yaada keessan qabattanii seenaa namoonni biroon dhiyeessan kan keessan irraa maaliin akka adda ba'an barreeffamaan barsiisaa keessaniif dhiyeessaa.

Qusannaan of danda'uu dadhabnee namoota biroo irratti akka hin hirkanne nu gargaara. Hanga dandettii ofii jiraachaa qusannaatti fayyadamnee jireenya gara fuul duraaf yoo

yaanne malee of dandeenyee jiraachuu waan dadhabnuuf hirkatoota taana. Jiraachuus immoo ni dadhabna ta'a. kanaafuu, sadarkaa jireenyaa gadaanaa irra yoo jiraannellee hanga dandettii keenyaa qusachuu baruu qabna.

### 9.1.2.2 Rakkoo Nama Quunnamuu Danda'u Dandamachuu



*Fakkii 9.3. Mucaa ko maaliin yaalchisaa?*



*Fakkii 9.4. Maallaqa qusannen maal haa binnu?*

- **Fakkiiwwan armaan olii irraa maal akka hubattan ibsaa.**

## **“Ol Kaa’an Malee ol Kaatanii Hi Fuudhatan”**

Aadde Hiruutii fi Obbo Mulaatuun ijoollee isaanii waliin mata duree marii guddaa qabatani walgahii galgala

tokkoo godhanii turan. Obbo Mulaatuu fi Aadde Hiruut ogummaa barsiisummaa irraa gaafa soorama bahan ijoolleen isaanii keessumaayyuu kannaan kolleejjii baratan Daani’eelii fi Bileen sodaa guddaa irratti kufanii turan. Sababni sodaa isaanii maatiin isaanii soorama yoo bahan galiin ji’aan argatanu waan hir’atuuf barumsa isaanii irratti rakkoo kan uumu waan itti fakkaateef. Kana malees barumsa isaanii osoo hin xumurin, “Karaa qarshii itti argattan barbaadaa” waan jedhaman itti fakkaatee yeroo baay’ee waliin mariyachuun dabarsan.

Obbo Mulaatuu fi Aadde Hiruut garuu, sodaa ijoollee isaanii waan hubataniif yeroon marii godhan amma ta’uu isa murteessan. Lamaan isaaniyyuu waan guddaa bara baay’eedhaaf kaa’an ijoollee isaaniitiif ibsuudhaa fi muuxannoo jireenya mana isaanii akkuma turetti akka itti fufu itti himuu akka qaban walii galan.

Guyyaa Dilbataa tokko galgala mis-eensonni maatichaa walitti qabaman. Mata duree marii gaafa sanii kan beekan abbaa manaa fi haadha manaa qofa ture. Obbo Mulaatuu fi aadde Hiruut dabtara qusannaa baankii adda

addaa lama qabatani dhiyaatan. Qarshii qusatame kun gali isaanii irraa baasii barbaachisu eega baasanii booda guyyaa rakkootiif jecha kan kaa’ani dha. Kanas ijoollee isaaniitti himan “Kan barbaaddan mara yamm-uu nu gaafattan osoo isinii hin guutiin kan turreef namni akka umna isaatti akka jiraatu isin barsiisuuf, nuyi soorama yammuu baanu rakkoo irratti akka isin hin kufneef yaadneeti. Amma hundumti keenya osoo hin rakkatin akkuma kanaan duraatti jireenya keenya itti fufna. Soorama irra waan jirruuf miindaan nuti argannu isa duraa irraa kan hir’ate ta’uu isaa hundumti keenya hubachuu qabna. Haata’u malee qarshii qabnu irraa qusannee kan keenye amma kana nu fayyada. Isinis barumsa keessan xum-urtanii yeroo of dandeessan yaaddoo rakkinaa jalaa bilisa taana.” Daani’eelii fi Bileen ija keessa wal ilaalaa ka’anii maatiiwwan isaanii haammatanii dhungatan. Obbolaa isaanii warra xixiqqoof faayidaa qusannaa akka barsiisan waa-daa galanii guyyicha guyyaa gamm-achuu godhanii dhiisifatan.

### **Gilgala 3**

#### **Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

- 1. Bileenii fi Daani’eel kana booda maal kan godhan isinitti fakkaata?**
- 2. Maatiin lamaan kana booda waa’ee qusannaa yaaduu qabumoo hin qabanu? Gareedhaan kutaa keessatti mariyadhaa.**

Qusannaan rakkoo osoo hin yaadin nama quunnamuu danda’u danda-machuuf qarshii ykn qabeenya of eeggannoodhaaf kaa’uu jechuu ta’uu dubbisa dura dhiyaate irraa hubattaniittu. Mudannoowwan itti hin yaadamin kunneen dhukkubaa fi balaa tasaa ta’uu danda’u. Nama tokko irratti mudannoon akkasii yammuu uumamu baasiin yaalsisuu oolu qarshii duraan kuusame irraati.

Barbaachisummaan qusannaa yeroo rakkoo qofaaf miti. Namoonni hundi kaayyoolee jireenya isaanii fuul duraa fiixaan baaafachuu fedhan ni qabaatu. Fkf, barumsa barachuuf, leenjii argachuuf, ijoollee ofii haalaan barsiisuuf, cidha, guyyaa dhalootaa, eebba barnootaa qopheessuu fi k.k.f. kan ta’u qarshii ykn qabeenya barbaachisa. Garuu kaayyooleen dhuunfaa fi garee eeraman kunneen yoo humnaa oli ta’anii hafuu kan danda’an dha. Fakkeenyaaf, guyyaa dhalootaa maati ofii waliin yaadannoodhaan dabarsuun ni danda’ama.

Cidha fuudhaa fi heerumaaf qarshiin yoo hin jirre sirna isaa qofa raawwatanii cidhicha kabajuun ni danda’ama. Dhukkubni fi balaan garuu nama kamiyyuu irra ga’uu kan danda’anu waan ta’eef, yeroo mara qophii ta’anii argamuun nama irraa eegama. Kana waan ta’eef karaa kamiiniyyuu yoo ta’e aadaa qusannoo gab-bisuun barbaachisaa dha.

## Gilgaala 4

### Gaaffiilee armaan gadii deebisaa

1. Namoonni galii qaban irraa baasii guyyaa qusachuun kaa’uun maaliif isaan gargaara?
2. Maatii keessan keessaa ayyaanonni kabajamanii fi qophiiwwan godhaman waggaa keessatti al meeqa raawwatu? Deebiisaa maatii keessan gaafadhaatii hubadhaa.
3. Gaaffii lakkoofsa lammaffaaf deebii argattaniif baasiwwan bahan hangam akka ta’an galmeessuudhaan marii kutaa keessaatiif dhiyeessaa

## 9.2. Karoora fi Dandeettii Ofiitiin Qajeelfamuu

### 9.2.1. Maalummaa Karoora fi Dandeettii Ofiitiin Qajeelfamuu

**“Akka abaluun sirbaan qolee nama jallisa.”**

- ***Jecha kana irraa waan hubattan? ibsaa.***

#### ***Cidha Gaa’elaa***

Obbo Faasil Taariknehi abbaa ijoollee jahaa ti. Bakkii jireenya isaanis ganda xiqqoo Finfinnee irraa kiilomeetira saddeettama fagaattee argamtu keessa dha. Torban kana keessa lola guddaa mucaa isaanii waliin ta’eef sababni kan uumame waggaa har’aa ti. Yunivie-

rsiitiidhaa kan ebbifamee fi Finfinnee kan jiraatu mucaan isaanii Daawiit hojii eega qabatee waggaa sadii ta'eera.

Haata'u malee isaa wajjin fedhii fi kaayyoo walfakkaatu kan qabdu Sosinnaa waliin fuudha kan raawwate ji'a Caamsaa darbe keessa dha. Jarri lamaan kaayyoo isaanii kunneen maatii isaaniitti yammuu himan cidha ga'eela isaanii irratti mormii hedduun isaan mudate. Haata'u malee guyyaa cidha isaanii firoonnii fi hiriyoanni isaanii qofti bakka itti argamanitti kabajuuf murteessanii qophiin isaan xumuranii akka karoora isaaniittis gaa'ela isaanii raawwatan.

Obbo Faasil garuu mucaan isaanii angafti gaa'ela isaa raawwachuuf cidha ho'aa waan hin qopheessineef mufataniiru. Haata'u malee of danda'ee waan jiraatuuf dirqisiisuunii waan hin dandeenyeef callisan. Karaa isaanii garuu gaa'ila mucaa isaanii sababeeffachuun firoota isaanii fi hiriyoota isaaniif hafeerraa qopheessuuf murteessanii jiru.. Yeroo kanas baasii cidhaaf qarshii akka isaan gargaaru waan isa gaafataniif ilmi isaani Daawiti kana gochuu akka hin dadeenye ibsee fi yaada isaanii akka hin fudhanne dhiifama waliin itti hime. Gochi kun obbo Faasiliif badii lammaffaa ta'e. Kanaa booda waan ilmi isaanii jedhe dhiisuudhaan cidhichaaf hidhatanii ka'an.

Nama ollaa isaanii jiru irraa qarshii liqeffatan Kunis waan ga'u isaanitti hin fakkaanne. Qarshii qabaa afoosha naannoo isaanii kan ta'an obbo Badiruu irraa immoo akkuma ta'an ta'anii ji'a lama gidduutti kan deebi'u qarshii dabalataa liqeffatan. Midhaan ji'a gannaa ittii ba'uu fi saanyiidhaaf taa'e irraa kuntaala afur baasanii itti fayyaddaman.



**Fakkii 9.5 Afeerraa humnaa olii qusannaa miidha**

Qophii isaan xumuramnii ji'a Adooleessaatti cida ho'aa qopheessanii Finfinneedhaa mucaa isaanii waaman. Mucaa isaanii ittiin boonan yoo barbaade keessummoota hanga namoota shantamaa qabatee akka dhufu itti dhaaman. Gama isaaniitiin immoo namoota waggaa dheeraa waliin turan, gaariis ta'e rakkoo kanneen waliin dabarsan waamaniiru. Daawiit gocha abbaan isaa raawwatan kun isa yaaddeesera. Osoo qabeenya hin qisaa sessiin ,liqii keessas osoo hin seeniin akka cida qopheessan yoo itti himes, gaa'ila mucaa isaanii isa angafa miidhagsuu caalaa waan biroo haw-



wan akka hin qabne ibsanii dseebii kennaniif. Kabajaa fi miidhaginni cidaa humnaa ol ta'e maal fayyada? Kan jedhu Daawwt yaada abbaa isaa jijjiiruu hin dandeenye. Haata'u malee, al tokko baasii baasanii waan qopha'aniif yoo inni hin deemiin hafe gadda abbaa isaatti dhaga'amu yaad-uun waayiloota isaa jaha qabatee haf-eerraa irratti argame.

Abbaan isaas nama xiqqaa qabatee dhufuu isaatti baay'ee gaddan. Daawitii fi haati manaa isaa Soosinnaa waggaa haaraatti waan karoofatan qabu ture. Kanaaf, hanga humna ofiitti jiraachuun barbaachisaa ta'uu isaa fi dursa mana isaanii dhaabuu akka qaban walii galaniiru Haata'u malee, gochi Daawitii fi abbaa isaa walsimuu waan dhabeef walitti bu'iinsaaf isaan saaxileera Waggaa haaraatti ijoollee obbolaa isaatiif kaffaltii mana barumsaa, baasii cidha isaanii fi kan sanyii itti bitan akka kennuuf waan gaafataniif inni immoo kana raawwachuu waan hindandeenyeef gochi kun lola isaaniif ka'umsa guddaa ture.

### **Gilgaala 5**

**Dubbisa armaan olii irratti hundaa' -  
uudhaan gaaffiilee armaan gadii  
deebisaa.**

1. **Obbo Faasil baasii cidha mucaa isaaniif qopheessaneessaa argatan?**
2. **Daawwit gocha abbaa isaatti kan hin gammadneef maaliifi?**
3. **Obbo Faasil akka dandeettii isaaniitti yaaduu kan isaan dhowwe maali dha?**

Sadarkaan qabeenyaa fi jireenya namootaa adda adda waan ta'eef namni akka dandeettii isaatti jiraachuu qaba. Akka dandeettiitti jiraachuu jechuun namni tokko sadarkaa jireenya isaatti ykn hanga qabeenya qabuutti raawwachuu kan hin dandeenye raawwachuu irraa of qusachuu jechuudha. Namoonni akka dandeettii isaaniitti yoo hin jiranne rakkoo keessatti kufu. Kana waan ta'eef rakkoon akkasii nama kamiyyuu irra akka hin geenyeef karoora fi hanga dandeetti ofiitti jiraachuun nama irraa eegama.

Aadaa qusannaa yoo qabaanne garuu dandeetti keenya ilaaltee baasii keenyas akkuma dandeettii keenyaatti baasna. Aadaa qusannaa yoo qabaanne jireenya keenya kan gaggeessinuu fi baasiis kan baasnu namoota biroo waliin dorgomuudhaan osoo hin ta'in akka humna keenyaatti ta'a. Akka humna keenyaatti yammuu jiraannu har'a jiraannee bor akka hin rakkanne nu gargaara. Iccitiin akka dandeetti ofiitti jiraachuu immoo karooraan geggeeffamuu dha. Karoorri kaayyoo barbaadame galmaan gahuuf gargaara.

### ***Hojii Garee***

Karoora hojii torbanii baafadhaatii barsiisaa keessaniif barreeffamaan dhiyeessaa. Qajeelfama barsiisaan keessan isiniif kennu irratti hundaa'uun karoora keessan irratti mariyadhaa.

### **Hiruutii fi Hiriyaan Ishee Abbabaa**

Hiruut fi hiriyaan ishee Abbabaan kutaa tokkotti baratu. Dhuma wagg-aatti mana barumsaa keessatti guyyaan maatii ni kabajama. Ayyaana kanaaf barattoonni mana barumsaa isaanii qophii akka godhan gaafatamaniiru. Gaaffiin kana barattoonni akka ilaalaniif gabatee beeksisaa irratti maxxansameera. Abbabaan beeksisicha argee gara hiriyoota isaa deeme. Haata'u malee waa'ee kanaa tokkoon isaaniiyuu kaasanii hin mariyanne.

Hiruut immoo beeksisicha dubbistee waan hubatte irratti yaadaa gara mana ishee deemte. Guyyaan maatii kan kabajamu ji'a tokko booda guyyaa Dilbaltaa ti. Hiruut qophii hogbarruu irratti dorgoomuu barbaaddetti. Torban ayyaanni maatii kabajamutti qormaata walakkaa seemisteraatu kennama. Yeroo hunda guyyaa Sanbataa mana akkayyaa ishee deemtee gaafatti ture. Kanaafuu, yeroo ishee sirriitti karo-orfachuu ishee barbaachisa.

Walaloo barreessuuf yeroo ishee barbaachisa. Kanaafuu, kan dargaggonni fi ga'essonni barreessan dubbisuu qabdi. Kana waan ta'eef Sanbata ittaanu mana akkayyaa ishee gaafa deemtu eessumni ishee kitaaba akka barbaaduuf gaafattiini. Mana kitaabaa galtee gaazexaa jiru dubbisuuf yaaddetti. Kanaafis dursitee mana barumsaa gahuu fi boodatti haftee

bahuu qabdi. Yaada ishee kana maatii isheetiif ibsite. Isaanis ni jajjabee-ssaniin .

Yeroo ishee sirriitti akka fayyadamtu waan beekaniif isa Abbabaan sababa malee mana barumsaa deemi jedhee itti hime hin fudhanne. Hiruut barumsaa fi sochiiwwan kanaa wajjin walqabatan Abbabaa irra akka isheen caaltu ni beeku. Kanaafis waggaa lamaan kan ishee angafu Abbabaan yeroo lama qorumsa kufee sadarkaa kutaatti caaluu isheetii. Abbaan ishee yaaddan gudguddoo kitaabilee dubbiftu irraa yaada argattu kan itti qabattu yaadannoo addaa akka ishee barbaachisuu fi kanas akka guutanuuf itti himaniiru.

#### **Gilgala 6**

#### **Gaaffiilee armaan gadii deebisaa**

1. Hiruut karoora baasuun kan ishee barbaachiseef maaliif? Gochaalee akkam akkamiitu ishee irraa eegamu?
2. Abbabaan ergaa boordii beeksisaa mana barumsaa irratti maxxansameef xiyyeffannoo kennuu dhiisuun isaa maal anarsiisa?

Karoorri gochaalee dursa raawwatamuu qaban dursuuf, qarshii immoo wantoota barbaachisaa ta'aniif haalaan oolchuu kan nu dandeessisu dha. Karoorri itti fayyadama yeroos ta'ee baasii qarshiin dursi kennamuu fi

kan hin kennmne addaan baasuuf gargaara. Karooraan jiraachuun rakkoo ykn dhiphina keessaa bahuuf murteessaa dha.

### Gilgaala 7

#### Gaaffiilee armaan gadii irratti mariyadhaa.

1. Karoora jechuun maal jechuu akka ta'e kutaa keessatti barsiisaa keessanii wajjin mariyadhaa.
2. Garaagarummaa hanga dandeettiitti jiraachuu fi dandeettii ol hiixachuun maal akka ta'e namoota fakkeenya ta'uu danda'an kan naannoo keessan jiraatan gaafachuun marii kutaatiif dhiyeessaa.

### 9.3 Gochaalee Maatii Keessatti Gufuu Qusannaa Ta'an.

- *Waa'ee qusannaa hubannoo argattan bu'uureffachuun maatii keessan keessatti gochaalee guufuu qusannaa ta'an maal faa akka ta'an ibsaa.*

Aadaa qusannaa keenyaa kan jeeqan wantonni hedduu jiru. Isaaniinis bakka lamatti qoodnee ilaalu ni dandeenya. Isaan keessaa tokko aadaa yammuu ta'u kan biraa immoo haala dhuunfaa ti. Aadaa inni jedhamu jireenya gamtaa keessatti kan barame namoota irraa kabajaa fi beekamtii argachuuf affeerraa godhamu dha. Kanaaf sabaa ta'uu kan danda'an taska-

araa, sadaqaa, cidha, eebbaa fi kabaja ayyaanaa humnaa ol ta'aniin namoonni maal nan jedhuudhaan qabeenya isaanii daguuganii akka fixaniif wantoota sababa ta'anidha. Fakkeenyaaf aadaa jiruun miseensi maatii tokkoo gaafa du'u namoonni ykn firoonni hafan guyyaa afurtamatti, saddeettamatti, ji'a jahatti, waggaatti yaadannoo nama nyaachisuun kan amaleef-fatamedha. Abbaa warraan tokko gaafa du'u qoccoon (warqeen) duuba manaatti dhaabame haalli itti bubuqqifamus ni jira.

Haalli dhuunfaa aadaa qusannaa irratti gufuu ta'u inni jalqabaa, umna ofii wallaalu dha. Umna ofii wal'aaluu jechuun hanga galii ofii fi fedhii jiru waliin madaaluu dhabuu dha. Lammaffaan namoota gammachiisuuf jecha baasii umna ofii hin madaalle baasuudha. Namoonni baay'een of miidhanii kan biroo gammachiisuun galma jireenyaa isaanitti fakkaata. Nageenya isaanii dura namootaaf jiraachuu dursu. Fakkeenyaaf, rakkoo mana isaanii dhoksanii gaarii jedhamuuf qofaa fi galata namoota irraa argachuuf qabeenya rakkoo isaanii ittiin hiikataniin namoota kaan affeeru, gatii guddaa baasanii kennaa namaaf kan gummachan ni jiru. Fakkeenya gara biroos eeruun ni danda'ama.

Sadarkaa barnoota xiqqaas ta'ee guddaaf barattoonni cidha eebbaa qopheessuun kallattiiwwan lamaan rakkoo

kan uumanis ni jiru. Karaa tokkoon jireenya mataa isaanii jeequu yoo ta'u kan biraa immoo warren affeeraman baasii itti hin yaadne baasanii meeshaalee kanaa akka isaan bitan taas-isuu dha. Haalli kun garuu yeroo rakinaa wabii hin ta'uuf.

Gufuun dhuunfaa qusannoo miidhu kan biraan araada adda addaan qabamuudha. Araada jechuun gocha yaraaf bitamuu jechuu dha. Araadnii fi barsiifanni kan wal fakkaatan yoo ta'es garaagarummaa qabu. Araadni dhuga-

atii yoo dhugaatii dhugan malee tasgabbaa'aanii hojii hojjechuu kan nama dhowwu dha. Araadni qumaaraa karoora fi yeroo malee fedhii tapha qumaraatiin qabamuu fi qarshii, yeroo fi humna seera malee bittinsuu dha. Qabxiileen kunneen araada jechamu. Araada dhugaatii, baala sammuu adoochuu fi qumaaraan qabamuun jireenya karooraan akka hin geggeessine godha. Kunimmoo hirkattummaa baballisee jireenya hawaasummaa keessatti nageenya dhabsiisa.

### Gilgaala 8

**Gochaalee gabatee armaan gadii keessatti tarreeffaman dubstaniin araada kan qabsiisanii fi hinqabsiisne ta'uu isaanii fakkeenya kenname ilaaluun bakka duwwaa cinaa isaanii jiru irratti guutaa.**

T.L.	Gochaalee	Deebii
1 fakkeenya	Nyaata nyaachuu, yeroo osoo hin murteessin kaartaa taphachuu	Araada kan hintaane garuu araada kan hordofsiisu
2	Baala sammuu adoochu fayyadamuu	
3	Gumiiwwan adda addaa kee-ssatti hirmaachuu	
4	Yeroo hunda alkoolii dhuguu	
5	Tambeerii walitti qabuu	
6	Timboo xuuxuu	
7	Qumaara taphachuu	
8	Ispoortii hojjechuu	

- **Sababa deebiiwwan armaan olitti kennitan ibsuudhaan daree keessatti mariyadhaa**

## Xumura Boqonnichaa

Qusannaa jechuun galii qabnu irraa kan nuuf gahu fayyadamnee karoora fuulduraaf kan oolu kaa'uu jechuu dha. Aadaa qusannaa gaarii hanga umna ofii jiraachuun gabbisuun ni danda'ama.

Qusannaan gocha gaarii yammuu ta'u garuu gufuu kan ta'aniif dhimmoonni dhuunfaa fi hawaasummaa ni jiru. Fkf, cidaa fi afeeraan garagaraa baasii humnaa oliitiin yammuu qophaa'an jireenya gara fuul duraa irratti dhiibbaa guddaa qabu. Kanaafuu, galii keenya wantoota nu barbaachisan qofaaf hirree itti fayyadamuu qabna.

Kaayyooleen qusannaa hedduu dha. Rakkoo numudachuu danda'u dandamachuu fi hirkattummaa dhabamsiisuuf gargaara..

Aaddaa qusannoo gaarii gabbisuun kan danda'amu karooraan hanga umna ofii jiraachuun yoo danda'ame dha. Hanga umna ofii jiraachuu jechuun namni tokko sadarkaa jireenya isaatiin ykn hanga qabeenya isaatii ol raawwachuun kan hin qabne raawwachuu dhiisuu jechuudha dha. Hanga humna ofii jiraachuuf karooraan geggeeffamuun murteessaa dha. Karoora jechuun itti fayyadama yeroo fi qarshii irratti wantoota dursi kennamuufii irra jiru addaan baasanii wal duraa duubaan raawwachuu jechuudha. Umna ofii beekuun dabalta maatii keessatti gufuu qusannaa kan ta'an dhimmoota dhuunfaa fi hawaasummaawatiin walqabatan sirriitti beekuun barbaachisaadha. Gufuuwwan qusannaa dhimmootni dhuunfaadhaan walqabatan;qabeenya harcaasuu, baala sammuu namaa adoochu fayyadamuu, araada dhugaatii fi kkf ta'u. Dhimmootni aadaa waliin walqabatan immoo; kanneen akka cidha humnaa olii, ayyaanota hedduu kabajuu fi kkf faadha. Fkf, waggaa haaraa, raamadaana, ayyaana masqalaa, Fiichee (ayyaana waggaa haaraa Saba Sidaamaa) fi kkf ni eeramu.

## Jechoota Ijoo

**Barsiifata-** Gocha namni tokko irra deddeebi'e raawwatu dha.

**Araada-** Wantoota yaada, addaa hojii fi jireenya namaa gufachiisaniif bitamuu dha.

**Qusannaa** - Waldaa namoonni murtaa'an qarshii murtaa'aa torbaniin ykn ji'aan walitti buusuun abbaa dabaree carraan ba'eef kennuuf gamtaa ijaarani dha.

**Handhuuraa** - Qabeenya jireenya gara fuulduraatiif ta'u jechuu dha.

**Hirkataa** - Namni tokko hojjetee jiraachuuf kan isa dandeessisu gahumsa sammuu fi qaamaa osoo qabuu of danda'ee jiraachuuf yammuu dadhabu hirkataa jedhama.

## Gaaffiilee keessa Deebii

### I. Himoota armaan gadii dubbisuudhaan sirrii isa ta'e "dhugaa" dogoggora isa ta'e immoo "soba" jechuudhaan deebisaa

1. Qusachuu kan danda'an dureeyyii qofa dha.
2. Qusannaa jechuun baasii guyyaaf barbaachisu irraa hambisanii gara fuulduraaf kaa'uu jechuudha.
3. Qusannaan galii ji'a tokkoo jireenya ji'a tokkoo qofaaf osoo hin ta'in yeroo dhufuuf jecha waliin gahuudha.
4. Qusannaan yaadamuu kan qabu yoo baasii keeny guyyaa irraa nuu hafe qofa dha.
5. Maatiin tokko kan qabu waliin ga'uun kan qusatu ijoollee booda dhalataniif yaaduu qofaani.

### II. Himoota "B" jala jiran kanneen "A" jala jiran waliin walitti firoomsaa

"A"

1. Hiyyumma
2. Hanga humna ofii jiraachuu
3. Aadaa qabeenya bittimsuu
4. Karoora
5. Araada

"B"

- A. Qajeelfama qusannaa
- B. Cidha humnaa olii
- C. Fedhiwwan bu'uura guutuu dhabuu
- D. Gocha guyyaa guyyaatti nama miidhu
- E. Dursa kan qabu isa hin qabne irraa adda baasuu

### III. Bakkeen duwwaa armaan gadii jecha ykn gaalee sirriidhaan guutaa.

1. Barsiifoota araada qabsiisan keessaa \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ ni eeramu.
2. Gochaalee qabeenya firfirsuuf nama saaxilan keessatti kan ramadaman \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ dha.

### IV Gaaffiilee armaan gadii dubbisaatii deebii sirrii filadhaa.

1. Hanga human ofii jiraachuu jechuun
  - A. Fedhii ofii hanga galii ofiitiin murteessuu dha.
  - B. Gara fuulduraatti waan argatan abdii gochuun liqeeffatanii waan fedhan gochuu dha.
  - C. Kan borii yaaduu dhiisuu dha.
  - D. Hunduu deebii dha.
2. Gufuu qusannaa kan ta'e kami?
  - A. Waan argatan mara namootaaf hiruu
  - B. Nama irraan argadha jedhanii kan qaban kennuu.
  - C. Liqeeffatanii cida ho'aa qopheessuu.
  - D. Hunduu deebii dha.

3. Araadaan qabamuu jechuun

- A. Ogummaa tokko cimsanii qabachuu dha.
- B. Araada adda addaan to'atamuu jechuu dha.
- C. Gochaalee barsiifata gaarii gabbisuu dha.
- D. Deebiin hinkennamne.

4. Hirkattummaan

- A. Waliin nyaatanii dhuguu dha.
- B. Wal gargaaruu
- C. Gorsaa fi yaada nama biroo argachuu dha.
- D. Humna ofii osoo hin fayyadamiin kan namaa birootiin fayyadamaa ta'uu dha.

5. Karoorri

- A. Hundee qusannoo ti
- B. Hundee jabinaa ti
- C. Yeroon akka hin banne godha.
- D. Hundu deebii dha

I. Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii gaggabaabaa kennaa.

- 1. Naannoo keessanitti gosa cidhaa meeqatu jira? Lama qofa ibsaa.
- 2. Qusannaa jechuun maal jechuu dha? Irratti mariyadhaa.
- 3. Faayidaalee karooraan geggeeffamuun kennu keessaa lama ibsa.



# BOQONNAA KUDHAN

## DAMMAQINAAN

### HIRMAANNAA UMMATAA

Kaayyoo Baoqonnichaa;  
Barnoota boqonnaa kana erga  
barattannii booda.

- Maalummaa hirmaannaa ummataa si'ataa ni beekto.
- Faayidaa hirmaannaan ummataa guddinaaf qabu ni beektu.
- Faayidaa mana barumsaa fi naannootti hojii misoomaa irratti hirmaachuun qabu ni hubattu

#### 10.1 Maalummaa Hirmaannaa Ummataa Dammaqina Qabu



**Fakkii 10.1.** Naannoo keenyaa waliin haa qulqulleessinu.

- **Fakkii armaan olii irraa maal hubattan?**

- **Gochi namoonni fakkicha irratti argitani raawwachuuf bobba'an maaliif akka ta'e ibsaa.**

#### **Rakkoo Kutaa Shanaffaa 'B'**

Barattoonni kutaa shanaffaa 'B' baa'y'een haala kutaa isaaniitti gammadoo miti turan. Torban darbe wayitii barsiisaan itti hin dhufne waan argataniif walgayii gochuuf walii galan. Walgayichi akkuma eegaleen yeroo baay'ee tapha kan jaallattu, Azanaggaash na dhukkube jettee sobdee boo'aa gadi baate. Hojii ishee kan beeku obboleessi ishee Sileshiin akka ishee gargaaru waliin gadi bahee gara taphaa deeme.

Jalqaba maricha irratti kan dubbatan Kamaalii fi Hawwaa turan. Isaanis torban afureen darbaniif hiriyyoonni isaanii fakkeenyummaa isaanii hordofanii akka isaan waliin hiriran abdachuudhaan kutaa isaanii qulqulleessaa akka turan ibsan. Garuu, namni tokkollee isaan hordofee isaan waliin waan hin qulqulleessineef gadduu isaanii ibsan. Warri kaanis dabareedhaan waa'ee xuraa'uu kutaa isaanii keessumaayyuu eega Kamaalii fi Hawwaan

addaan kutanii asi rakkichi cimuu isaa ibsan. Barattoonni baay'een isaanii fakkeenyummaa Kamal faa waan hin hordofneef of balaaleffatan.

Haala kanaan marii gahaan erga taa-sifamee booda dhimmicha irratti hundumtuu waan amananiif guyyuma kana kuticha qulqulleessuu fi bareechuuf murteessan. Gammachuun kophee fi uffanni koo na jalaa xuraa'a jechuun akka Alamituu faa qarqara dhaabbatee jabaadhaa jedhee harka walitti rukuta. Yeroo marichaa garuu "Haa kaanu, ammuma haa qulqulleessinu!" jechaa yaada gaarii kan dhiyeessan turan. Amma garuu hojii ala ta'uu isaaniin barattoonni baay'een itti mufatan. Hiriyoota ishee warren kophee isaanii baafatanii jabinaan hojjetan kanneen akka Caaltuu, Maskaram fi Abirehet faa irraa adda kan baate Alemituunis kopheen koo natti hin tolle jettee qarqara dhaabbatee jajjabeessitiin.

Tokkoon tokkoon isaaniin yaadni irratti kennamee murtoo argatee kan hojiirra oole hojiin daree qulqulleessuu kun baay'ee gammachiisaa ta'ee xumurame. Kutichis qulqulluu fi meeshaalee deggarsa barnootaa barbaachisaa ta'aniin kan guutame ta'e. Hojichi akkuma xumurameen walgayii daqiiqaa kudhanii godhanii bu'aa hojii isaanii gamagan. Barattoota tattaaffii olaanaa godhan Kamaalii fi Hawwaaf harka rukutuun ajaa'ibsiifatan. Dhuma irrat-

tis adeemsicha irraa hudumtuu barumsa gaarii akka argatan mirkaneessan.

### **Hojii Garee**

***Dubbisa armaan olii bu'uura godhachuun gaaffiilee armaan gadii hojjethaatii kutaa keessatti mariyadhaa.***

1. Gochaaleen barattoonni kutaa shanaffaa 'B' raawwatan sirrii dhaa? Maaliif?
2. Gochaale barattoonni kutaa shanaffaa 'B' raawwatan irratti miseensonni si'aayinaan hirmaannaa godhanii fi hin goone jiruu? Garaagarummaan isaanii maal sitti fakkaata?
3. Tattaaffiin Kamaalii fi Hawwaa jalqaba taasisa dammaqinaan hirmaannaa ummataa waliin akkam-iin madaalama?

Kanatti aansee gochaalee adda addaa barattoonni raawwatan dhiyaataniiru. Gochaalee kunneen haala isaaniitiin bakka lamatti qoodaa. Gareen tokko" hirmaannaa ummataa dammaqina qabuun kan raawwate" kan jedhu kan biraa immoo "Hirmaannaa dammaqina hin qabneen kan raawwate" kan jedhuun haa dhiyaatu. Deebii kennitaniif sababa keessan dhiyeessaa.

1. Museen daree keenyaa rakkoo jiru hunda humna qofaan hiikuuf kan yaalu ture. Kanaafuu, hundumti keenya jaalala keenyaan wal gee-

nyee mariyachuun sagalee caalm-  
aan musee daree haaraa filanne.

2. Waamicha manni barumsaa keenya duula biqiltuu dhaabuuf waame hordofee barattoonni kutaa keenyaa hedduun achitti argamanii dhabaniiru.
3. Musee dareen kutaa keenyaa seera ittiin bulmaata kutaa keenyaa qopheessee dhufee eega dubbisee booda harka walitti rukunnee akka mirkaneessinu godhe.

Shaakaloota armaan gadii keessaa tokko filachuun gareedhaan qo'annoo taasisaa. Firii isaas wayitii itti anutti barsiisaan keessan gaafadhaatii kutaadhaaf dhiyeessuun irratti mariyadhaa.

1. Mana barumsaa keessan keessatti gumiwwan sochii gaarii qaban lama filadhaa. Isa boodas waa'ee hundeeffama isaanii, kaayyoo, ijaarama, dambii fi raawwii isaanii gudguddoo ibsaa. Itti aansuunis gosa fi sadarkaa hirmaannaa miseensonni isaanii taasisan bal'inaan dhiyeessaa. Garaagarummaa gumiiwwan lamaanis waliin madaalaa. Kamiin wayya? Maaliif?
2. Naannoo jireenyaa keessaniitti dhabbiilee hawaasaa haala gaariin socho'an lama filadhaa. Itti fufuun hundeeffama galma, dambii ittiin bulmaataa, caaseffama, karoora hojii fi gochaawwan raawwatan gudguddoo ibsaa. Itti dabaluunis gosa fi

sadarkaa hirmaannaa miseensotaa bal'isaatii dhiyeessaa. Garaagarummaa dhaabbiilee lamaan gidduu jiru waliin madaalaa. Kamiin wayya? Maaliif?

Jireenya hawaasummaa keessatti yeroo hundayyuu dammaqinaan hirmaannaa gochuuf qophii ta'uun barbaachisaa dha. Hirmaannaan akkasii namoonni gocha bu'a qabeessa ta'e irratti gumaacha akka taasisan ka'umsa ta'a. Kanaafis kaka'umsaa fi tattaaffii ofii barbaachisa. Hirmaannaa akkasii irra caalaa bu'a qabeessa akka ta'uuf raawwachuu kan qabu nama dhuunfaa qofa osoo hin ta'in waliini waan ta'ef dammaqinaan hirmaannaan hawaasaa kaka'umsa ofii kan barbaaduu fi gocha bu'a qabeessaaf kan itti bobba'ani dha.

## 10.2. Barbaachisummaa Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa



**Fakkii 10.2 Biqiltuu dhaabuu keessatti hirmaannaa ummataa**

- Fakkii armaan olii irratti hundaa'uudhaan barbaachisummaa hirmaannaa ummataa ibsaa.

***Dorgomtoota Lameen***

Nesiroo fi Welayiteen kutaa tokkotti baratu. Lamaan isaaniyyuu tattaaffii fi gaarummaa akkasumas dandeettii barumsaatiin hunda caaluudhaan beekamu. Al tokko tokko dhimoota barnootaa irratti wayita walmorman kan wal lolan fakkaatu. Haa ta’u malee, walmormii booda akkuma durii isaanii nagaan yeroo waliin haasa’an argamu. Yeroo tokko tokko immoo wal mormanii yaada tokko irra gahuu yammuu dadhaban yaadni eenyuu sirrii akka ta’e mirkaneeffachuuf wal qabatanii gara barsiisaa dhimmichi ilaallatuu deemuudhaan tokkoon isaanii injifanno odhaan deebi’u.

Gaaf tokko akkuma durii osoo wal morman sadarkaa walii hingalle irra gahan. Nesiroon “Gumii tokko keessatti hirmaannaa gaarii waan gooneef fayyadamuus dhiisuus ni dandeenya” jedha. Welaayiteen immoo yoomiyyuu hirmaannaa dammaqina qabu irraa faayidaan dhuunfaa akka argamu ibsitiif. Nesiroon garuu kana irratti walii hingalle. Fkf, mana barumsaatti gumii kunuunsa naannoo keessatti biqiltoota dhaabuu irratti waan hirmaataniif innis isheenis dhuunfaadhaan waanti argatan tokkoyyuu akka hin turre ibsa. Welaayitteenis deebii kenniteen gochicha irraa gammachuu sammuu, muuxannoo fi beekumsa akka argatanii fi gara fuulduraas bosonichi yoo

hin jirre miidhaa dhufuu qaqqabuudanda’urraa akka eegaman ibsitiif.

Yeroo kana akka tasaa fuuldura isaaniitti balfi karaa irratti gatamee argan. Nesiroonis, kana akka fakkkeenyaatti fudhatee gumii isaanii keessatti dammaqinaan hirmaannaa gochuudhaan balfa akkasitti akka feeteen daandii irratti gatamu kaasuu akka hin dandeenye ibseef.

Waliin qabsiisees balfichis waan hin kaaneef lamaan isaanii irra rakkoon tokkoyyuu akka hin geenye, osoo kaasaniis faayidaa dhuunfaa tokkoyyuu akka hin arganne ibsuufii jalqabe. Yeroo kana akka tasaa osoo hin argiin qola muuzaa irra waan ejjetee mucucaatee kufe. Welaayitteen iyyaa ol qabuuf osoo yaaltuu barattoonni biroon qaqqabaniifii wal gargaaranii kaasanii. Gaarummaan isaa miidhaan irraa gahe xiqqoo ture.

“Amma naa gale, gumii keenya keessatti hirmaannaa dammaqina qabuun hojii qulqullinaan raawwanneerra osoo ta’ee hundumti keenyayyuu qulqullina mooraa fi naannoo keenyaan kan fayyadamnu ture. Anaanis dhuunfaan kan na fayyaduu fi rakkoon kunis narra hin ga’u ture. Na amansiisteetta. Ati sirrii waan taateef gara barsiisaa deemuun hin barbaachisu” jedheenii waliin deebi’ani.

### Gilgaala 1

**Dubbisa armaan olii irratti hundaa'uun gaaffiilee armaan gadii deebisaa.**

1. Nesiroon gocha isaa irraa want inni barate maali?
2. Nesiroo fi Welaayitteen miseensa gumii kunuunsa naannoo mana barumsaa isaanii ti. Biqiloota dhaabuus ta'e qulqullina moorraa eeguuf irratti sochii dammaqina qabu osoo godhaniiru ta'ee faayidaalee argachuu danda'an keessaa sadii tarreessaa.
3. Mee isin immoo mana barumsaa keessanitti gocha faayida qabeessa raawachuu dandeessan dhiyeessaa. Gocha kana keessattis hirmaannaan dammaqinaan yoo hin taasifamne wantoota dhabuu dandeessan sadii tarreessaa.

Hanga yoonatti akka barattanitti sochiin dammaqinaan hirmaannaan hawaasaa faayidaa olaanaa akka qabu ilaaltaniittu. Hirmaannaa akkasii kun bu'aa waliin argamsiisuun alatti miseensi martuu dhuunfaadhaan faayidaa argatan ni qabu. Fakkeenyaaf, kutaa keessatti; filannoo musee daree, mana barumsaatti seera ittiin bulmaata qulqulleessuu fi bareechuu, qabeenya mana barumsaa eeguuf sochii godhako kutaa hiikuuf godhamu, kutaa muu fi kkf irratti barattoonni kaka'

barattootaa raggaasisuu, walgayii rakumsa ofii fi jabinaan walta'anii hirmaaachuu qabu. Kana gochuunis dhuunfaadhaanis faayidaa kenna. Fkf, namni humna qabu hubaatii hin geessisu, seerri barnootaa gaariin ni jiraata. Haalli fayyaa namaa hin miinee fi sammuu kan gammachiisutu kutaa keessa jiraata. Itti dabalees haala barumsa bifa gaariin hordofuuf dandeesisuutu uumama.

### Gilgaala 2

**Gaaffiilee armaan gadii irratti mariyadhaa.**

1. Qabeenyaalee ummataa fi mootummaa mana barumsaa keessan keessatti argamu keessaa kunuunsa barbaachisaa kan hin arganne jiru? Yoo jiraatan tarreessaa.
2. Qabeenya knuunsa barbaachisaa hin arganneef maaltu godhamuufii mala?
3. Kunnuunsi godhamuufii malu dammaqinaan hirmaannaa hawaasaa barbaadaa? Akkamiin?

## 10.3. Gosoota Hirmaannaa Hawaasaa



**Fakkii 10.3** Mana barnootaa keenyaa bareechinu



**Fakkii 10.4 Naannoo keeny haa misoomsinu**

- **Fakkiiwwan armaan olitti dhiyatan maal agarsiisu?**
- **Walitti dhufeenyi fakkiiwwan lamaan gidduu jiru maali?**
- **Garaa garuman isaanii hoo?**

Hanga yoonaaattidammaqinaan hirmaannaa hawaasaa maal akka ta'ee fi maaliif barbaachisaa akka ta'e hubachuu dandeessaniittu. Amma immoo gosoota hirmaannaa hawaasaa si'aa'ina qabuu ilaaltu.

Hirmaannaan hawaasaa bakka lamatti qoodamuu danda'a. Inni tokko hirmaannaa hawaasaa mana barumsaatti godhamu dha. Inni lammaffaan garuu hirmaannaa bakka jireenyaa ykn bakka hojiitti godhamu dha.

### **Gilgaala 3**

**Gaaffiilee armaan gadii irratti garee gareedhaan ta'atii mariyadhaa.**

1. Gumiiwwan manneen barnootaa keessan keessatti socho'an tarreessaa. Yoo hin jirre kanneen akkamiitu dhaabamuu akka qaban ibsaa.
2. Maqaa dhaabbilee hawaasaa naannoo keessan jiran tarreessaa. Yoo hin jirre immoo kanneen akkamiitu dhaabbachuu akka qaban ibsaa.
3. Gumiiwwan manneen barnootaa keessatti argaman ykn dhaabamuu kan qabanii fi ganda keessanitti immoo dhaabbilee hawaasa ijaaramuu qaban maaltu wal fakkeessa? Maaliinis adda bahu?

#### Gilgaala 4

**Hirmaannaa hawaasaa armaan gadii gosa lamatti hiraatii deebii keessan gabatee itti aanee jiru dabtara keessan irratti garag-alchaatii hojjedhaa.**

1. Miseensummaa afooshaa keessatti gahee miseensummaa kamiyyuu raawwachuu.
2. Hojii gorsa barattootaa keessatti miseensummaan gahumsaan hojjechuu.
3. Miseensummaa waldaa dargaggoota gaddaa keessatti fedhii guutuudhaan jabaatanii socho'uu
4. Gumii iskaawutii mana barumsaa keessatti dursaa garee ta'uun itti gaafataamummaa ofii haala gaariin ba'au.
5. Tajaajila kunuunsa namoota dhibee HIVn faalamani irratti fedhiin hirmaachuu.
6. Mana barumsaatti miseensa gumii Fannoo Diimaa fi Baatii Diimaa ta'uudhaan sochii godhuu.
7. Miseensa koree hoji raawwachiistuu waldaa misooma hawaasaa aanaa ta'uudhaan itti gaafatamummaa ofii sirriitti ba'uu.
8. Miseensa gumii arjoomina barattootaa ta'uudhaan gahee hojii haala gaariin raawwachuu.
9. Waldaa qonnaan bulaa keessatti miseensa cimaa ta'anii socho'uu
10. Miseensa hojii rawwachiistuu farra busaa Godinaa ta'anii haala quubsaan raawwachuu.

T.L	Mana barumsaatti kan raawwatamu	Naannoo jireenyaatti kan raawwatu

#### 10.4 Waldaalee Hawaasaa



*Fakkii 10.5 Waldaa Fannoo/Baatii Diimaa*



*Fakkii 10.6 Yaa'ii Waldaa Barsiisotaa*

- **Waa'ee Maalummaa fakkiwwan armaan olii ibsaa.**
- **Fakkiwwan lamaan kan wal fakkeessu maali? Kan addaan**
- **isaan baasu hoo?**

Waldaalee hawaasaa (Civic organization) jechuun dhaabbiilee daldalaa, siyaasaa fi mootummaa irra bilisa ta'an jechuu dha. Namni tokkoo fedhii isaa mara qofaa isaa tattaafatee guuttachuu hin danda'u. Waliin tattaafachuun wantoota baay'ee fiixaan baasa. Hawaasni kamiyyuu jireenya isaa fooyyessuu yoo barbaade misooma hawaasaa raawwachuun irraa eegama. Kanaafis bu'a qabeessa ta'uudhaaf hojiiwwan jiran waliin ta'anii hojjechuun barbaachisaadha.

Waliin hojjechuuf immoo gurma'uu barbaachisa. Namoonni dhaabbiilee adda addaa ijaaruu danda'u. Isaan kanneen keessaa tokko kan ta'ee fi amalaanis adda kan ta'e waldaa hawaasaa ti. Waldaalee hawaasaa dhaabbilee kan biroo irraa adda kan taasisu

amala mataa isaanii qabu. Tokkoffaan mootummaan kan qajeelfaman waan hin taaneef bilisaa dha. Kaayyoon lammaffaan isaanii faayidaaf osoo hin ta'in tajaajila hawaasummaa gumaachuuf qofa dha. Sadarkaa sad-ffaatti glee isaanii kan argatan buusii misoonsotaa fi arjoomtota irraa ta'uun isaa adda isaan godha. Dhuma irrattis siyaasaa irraa bilisa dha. Namoonni dhaabbiilee akkasii keessatti kan hirmaatanu fedhiidhaan ykn waldicha keessatti qacaramuudhaani. Waldaaleen hawaasaa guddina sirna dimokiraasii, misooma ariifachiisuuf akkasumas nageenya biyyaaf gumaacha guddaa gochuu danda'u.



## Gilgaala 5

### Gaaffiilee armaan gadii deebisaa

1. Dhaabbiilee amaloota armaan gadii guutanii fi guutuu hin dandeenye tarreeffama armaan gadii keessaa adda baasaa. (Deebii gabatee itti aanee jiru irrati guutaa)

- Amaloota - Siyaasa irraa bilisa ta'uu**
- Mootummaan kan hin qajeelfamne
  - Miseensonni fedhiin kan hirmaatan
  - Bu'aadhaaf kan hin hundoofne
  - Galii isaa buusii miseensotaa fi arjoomtoota irraa kan argata.

1. Waldaa misooma aanaa
2. Waldaa dubartootaa
3. Dhaabbiilee daldalaa
4. Mana hojii mootummaa
5. Dhaabbiilee siyaasaa
6. Waldaalee dargaggootaa
7. Waldaalee ogummaa
8. Afoosha jiraattota naannoo tokkoo
9. Waldaa gargaarsaa miti mootummaa
10. Waldaa hojjettootaa

T.L	Amaloota ibsaman kan guutan	Amaloota ibsaman kan hinguunne
1		
2		
3		
4		
5		
6		
7		
8		
9		
10		

2. Waldaaleen amaloota armaan olitti kennaman guutan walumaagalatti maal jedhamanii waamamuu danda'u?
3. Waan hanga yoonaatti hojjetan irratti hundaa'uun amma immoo mee waa'ee maalummaa waldaalee hawaasummaa ibsa oobaabaa dhiveessuun kutaa keessatti irratti marivadhaa.

## Xumura Boqonichaa

Boqonnaa kana keessatti akka ilaalatti dammaqinaan hirmaannaa hawaasaa gocha qabatamaa namni tokko kaka'umsaan namoota biroo waliin raawwatu dha. Hojiiwwan mana barumsaa keessatti hojjetaman keessatti hirmaannaa gaarii gochuun barataa cimaa kami irraayyuu irraa kan eegamu dha. Kana raawwachuun immoo muuxannoo fi beekumsa dabalataa argachuu fi bu'aa isaa irraas fayyadamuuf dandeessisa.

Dammaqinaan hirmaannaan hawaasummaa tattaaffii waliinii barbaada. Qarshii, humnaa fi beekumsa walitti fiduun waliin hojjechuun bu'aa guddaa fiduu dandeessisa. Waliin hojjechuuf qaamolee ijaaraman keessaa waldaaleen hawaasummaa isa tokko. Waldaalee kanneeniin sochiin hawaasummaa taasifamu guddina dimokiraasiitii, nageenya fi misoomaa mirkaneessuu keessatti gumaacha guddaa qaba.

## Jechoota Ijoo

**Hawaasummaa** – Siyaasaa fi hidhannoon ala kan ta’e

**Gocha qabatamaa**– Hojii fakkeessuu osoo hin ta’in bu’a qabeessa kan ta’e.

**Kaka’umsa**– Gocha tokkof sosochoosuun/ dadamaqsuun osoo hin ta’in fedhii keessa ofiitiin raawwachuu

**Gurmaa’uu**– Bu’aa waliiniitiif garee ykn waldaa ijaaruu

**Hojii misoomaa**–Gochaalee bu’a qabeessa ta’anii fi guddina hawwaasaa fiduuf gargaaranu.

## Gaaffiilee keessa deebiii

### I. Himoota armaan gadii dubbisuun sirrii isa ta'e "dhugaa" dogoggora isa ta'e immoo "soba" jechuun deebisaa.

1. Dammaqinaan hirmaannaan hawaasaa sochii gocha qabatamaa ta'e barbaada.
2. Gosoonni dammaqinaan hirmaannaa hawaasaa waldaalee fi dhaabbilee hawaasaa jedhamu.
3. Dammaqinaan hirmaannaa hawaasaa irraa faayidaa miseensonni dhuunfaadhaan argatan tokkoyyuu hin jiru.
4. Dhaabbileen daldalaa waldaalee hawaasaa keessaa isa tokko dha.
5. Wantootni dammaqinaan hirmaannaan hawaasaa jiraachuu isaa mirk-aneessan keessaa tokko sochichi waleen kan adeemsifamu ta'uu isaa ti.

### II. Jechoota/himoota "A" jalatti tarreeffaman kanneen "B" jalatti tarreeffamanii waliin firoomsaa.

#### A

1. Bifa siyaasummaa kan hinqabne
2. Afoosha walgargaarsaa
3. Gocha qabatamaa rawwachuu
4. Gumii farra AIDS barattootaa
5. Muuxannoo gabbisuu

#### B

- A. Waldaa haawasummaa mana barumsaatti ijaarame.
- B. Miidhaa waldaaleen haawasummaa geessisan
- C. Waldaa hawaasummaa naannoo jirenyaatti argamu
- D. Faayidaa dhuunfaa dammaqinaan hirmaannaa hawaasaa
- E. Amaloota waldaalee hawaasummaa keessaa isa tokko
- F. Ijaarsa dammaqinaan hirmaannaa hawaasaa
- G. Amaloota hirmaannaa hawaasummaa keessaa isa tokko

### III. Bakkeewwan duwwaa armaan gadii jecha ykn gaalee sirriidhaan guutaa.

1. Gosoonni dammaqinaa hirmaannaa hawaasummaa \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ dha.
2. Dagaagina sirna dimokiraasiitiif, nageenya fi misooma waliin saffisiisuuf kan dhaabbatu, hidhannoo fi siyaasa irraa bilisa kan ta'e \_\_\_\_\_ dha.

#### IV. Gaafiilee armaan gadi dubbisuun deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Dammaqinaan hirmaannaan hawaasaa sochii \_\_\_\_\_n kan keessatti mullatu dha.
  - A. Waliin hojjechuu
  - B. Gocha qabatamaa
  - C. Kaka'umsa
  - D. Hunduu deebii dha.
2. Amala addaa waldaalee hawaasummaa kan hin taane kami?
  - A. Bu'aadhaaf kan hojjetu miti
  - B. Mootummaa irraa bilisa
  - C. Paartii siyaasaa ta'uu danda'a
  - D. Galii isaa miseensota isaa irraa argata
3. Amaloota barataan tattaafatu qabu keessaa tokko \_\_\_\_\_ dha.
  - A. Hirmaannaa hawaasummaa si'ataa taasisuu
  - B. Musee daree kutaa ta'uu
  - C. Barsiisotaan jaalatamuu
  - D. Hunduu deebiidha.
4. Waldaalee hawaasummaa kan ta'an keessa tokko \_\_\_\_\_ dha.
  - A. Damee hawaasummaa bulchiinsa aanaa ykn naannoo.
  - B. Waldaalee ogummaa.
  - C. Gamtaa mootummootaa.
  - D. Deebiin hinkennamne.
5. Faayidaa hirmaannaan hawaasummaa si'ataan hirmaattota dhuunfaatiif kennu \_\_\_\_\_ dha.
  - A. Beekumsaa fi muuxannoo.
  - B. Homtuu hinjiru.
  - C. Dagaagina qabeenyaa ti.
  - D. Deebbiin hin kennamne
6. Waliin hojjechuun hirmaannaa ummataa si'aayna qabuuf faayidaa inni kennu\_\_\_\_\_.
  - A. Caalmaatti bu'aa qabeessa taasisuu isaa
  - B. Beekumsa qabeenyaa fi beekumsa waliin qindeessuu isaa
  - C. Filannoowwan A fi Bn deebbiidha
  - D. Deebbiin hin kennamne

#### V. Gaafiilee armaan gadiif deebbi gaggabaa kennaa

1. Hirmaannaa ummataa si'aayina qabu jechuun maaljechuu akka ta'e hiika gabaabaa kennaa.
2. Amaloota maalummaa Waldaalee Siivikii ibsan keessaa shan tarreessaa.

# BOQONNAA KUDHA TOKKO

## BEEKUMSA FEDHUU

**Kaayyoowwan Boqonnichaa:**  
**Barnoota boqonnaa kana eega barattanii booda**

- Beekumsa fedhuu jechuun maal jechuu akka ta'e ni barttu.
- Beekumsa qabaachuun foyya'ina jireenya ofiis ta'e guddina hawaasaatiif gummaacha inni qabu ni hubattu.
- Murtoo sirrii ta'e murteessuuf beekumsii fi ragaan barbaachisaa ta'uu isaanii ni hubattu.



*Fakkii 11.2 Gaala*

### 11.1.MAAlummaa Fi Faayidaa Beekumsaa



*Fakkii 11.1 Muka*



*Fakkii 11.3 Konkolaataa*

- **Maalummaa fi faayidaa fakkiwwan armaan olii namootaaf qab-an ibsaa.**
- **Waa'ee wantoota kanneenii akkamiin beekuu dandeessu?**
- **Deebiiwwan gaaffiilee lamaaniif kennitan waliin yammuu madaaltan, waan tokko beekuu jechuun maal jechuu dha?**

### **Maree Barattootaa**

Zeeyinabaa, Muhaabbaa, Lammaa fi Guutamaan barattoota kutaa 5<sup>ffaa</sup> ti. Gaaf tokko barsiistuun barnoota lammummaa fi amala gaarii Aadde Kiroos hojii manaa kennaniif. Hojii manichaas “Ragaalee adda addaa fayyadamtanii maalummaa beekumsaa ibsaa” kan jedhu ture. Barattoonni kunneenis waa’ee barnoota isaanii dubbisuudhaan wal falmuu fi mariyachuu akkasumas, wal mormuudhaan hirmaachuun isaan gammachiisa ture. Kanaaf hojjiin manaa kun yeroo kennamuuf baay’ee gammadan.

Barattoonni hojii manichaa erga fudhatanii booda karaa karaa isaaniitiin ragaalee adda addaa barbaacha deeman. Kitaabilees dubbisan, namootas haasofsiisan. Achiis tokkoon tokkoon isaanii deebii argatan qabataniif marii waliiniitiif wal argan. Dhimmicha irrattis baay’ee walmorman. Deebiiwwan dhiyeessanis gabaabinaan isaan armaan gadii turan.

**Zeeyinabaa:** “Beekumsa jechuun wantoota naannoo keenya jiran, bakkeewwanii fi namoota ilaalchisee hubannoo qabnu dha,” jechuudhaan dubbatte.

**Muhaabbaa:** “Beekumsa kan jedhamu meeshaa faayidaa fi miidhaa wantootaa ittiin hubannu dha,”

**Lammaa:** jechuudhaan deebisaa dhiyeesse. Beekumsi waa’ee bineeldotaa, lafaa, haala qilleensaa, teekinooloojii fi kan biroo kan ittiin hubannu dha.

**Guutamaa:** Beekumsa kan jennu hubannoo barsiisaa, kitaabaa fi naannoo hubachuu fi qo’achuun irraa argannu dha.

Kana booda yaada mataa mataa isaanii hiriyoota isaaniif dhiyeessan. Barattoonni sunis callisanii dhaggeeffachaanii turan. Barsiistuunis tattaaffii barattootaatti baay’ee gammadan.

#### **Gilgaala 1**

##### **Gaaffilee armaan gadii dubbisaatii irratti mariyadhaa.**

1. Deebiiwwan barattoota afureen gidduudhaa waa’ee maalummaa beekumsaa dogoggora kan ta’e hubattaniittu? Akkamiin?
2. Isin “Beekumsi maali?” gaaffii jedhuuf deebii akkamii kennitu?

Beekumsi naannoo akkasumas addunyaa kan ittiin hubannu dha. Namoonni naannoo isaanii ilaaluun yaada isaanii babal’ifatu. Kun maalummaa beekumsaa ibsa. Namoota irraas ragaalee argachuun sammuu keenya ni gabbifanna. Kunis beekumsa ta’uu isaa ti. Mana barumsaas gallee barsiisotaa fi kitaabilee irraa beekumsa hedduu

qayyabanna. Kunis beekumsi maal akka ta’e nu agarsiisa. Sabqunnamtii hordofuun akkasumas daawwiidhaan

want argannu beekumsa jedhama. Kanaaf barattoonni armaan olitti eeraman hiika maalummaa beekumsaa kanneen sirriidha jeduun ni danda'ama.

Beekumsi keenya meehsa dhiibba adda adda irraa bilisa akka taanu nu gargaaru dha. Fkf, mana qulqullina qabu jiraachuun miidhaa qorra, rooba, aduu fi kan kana fakkaataniin nurra ga'u ofirraa dhorkina. Kun egaa beekumsa mana ijaaruu gaafata. Wantoonni dhukkubni akka nu hubu godhanis beekumsaan bira geenya. Gaafa beeknus miidhaa akka nurra hin geessisne kan godhan tooftaalee ittisaa barbaanna, yoo nu hubanis dawaa nu fayisu argachuuf beekumsi baay'ee barbaachisaa dha. Kanafuu, beekumsi hanguma fooyya'aa deemuun jireenyis baayy'ee fooyya'a jechuu dha. Isinis mana barumsaatti beekumsa fooyya'aa argachaa wayita deemtan barataa jabaa fi qorannoo geggeessu taatu. Kunis dabaree isaatiin beekumsa gah-aa akka qabaattan isin gargaara.

## Gilgaala 2

### Gaaffiilee armaan gadii irratti mariyadhaa.

1. Beekumsi waan al tokko baranuu dha malee fooyya'aa fi gabbachaa kan deemu miti yoo jedhame sirrii dha jettuu? Maaliif akka ta'e irratti mariyadhaa.
2. Mana jireenyaa fooyya'aa ijaaruuf beekumsaa fi qarshii keessaa kamtu dursa nu barbaachisa? Maaliif isinitti fakkaata?
3. Nama beekumsa olaanaa qabuu fi kan gadaanaa qabu keessa biyya isaa caalaatti kan fayyadu isa kami? Akkamiin?

## 11.2. Tooftaalee Ragaan Itti Argamuu fi Qo'atamu.



Fakkii 11.4 Maddeen Odeeffannoo Adda Addaa

- **Fakkiin armaan olitti ilaaltan mala odeeffannoon itti argamuu isinii ibsaa?**
- **Odeeffannoo maal maal irraa kan argannu isinitti fakkaata?**



- ***Faayidaan odeeffannoo yeroo hedduu argachuu maal akka ta'e mariyadhaa.***

### ***Mataa Dhungoo/ Wagaa***

Mataa Dhungoon naannoo Oromiyaa Godina Arsiitti barsiifata walgargaarsa hojii qonnaan bulootaa biratti beekame dha. Soddaan (abbaa mana intalaa) soddoota isaatiif (maatii haadha manaa isaatiif) garee namoota hojii gargaaranii qabatee dhufa. Fedhiin hojii garee kun kan burqu maatii haadha manaa ykn isuma abbaa manaa irraa ta'uu danda'a. Daandiiwwan kun lamaan galma kan godhatan yeroo baay'ee hojii miidhaan haamaa wal gargaaranii hojjechuu dha. Achumaanis warra wal fuudhan gidduutti fedhiin wal gargaarsaa akka guddatu taasisa. Gareen hojichaa miira adda ta'een akka raawwatuuf imaanaan kan itti kenname dha.

Gareen kun humna nama baay'ee kan qabatedha. Humni nama baay'ee kun dandeettii afeerraa warra soddaas kan madaalechisu dha. Keessumaayyuu, kadhachiisa kan gaafate warra soddaa yoo ta'an karaa isaanii afeerraaa guddaa qopheessuun waan hin hafne dha. Kanneen akka farsoo, araqee, buddeena fi kkf baay'inaan qophaa'u. Akka jarsoliin biyyaa himan yoo ta'e yeroo baay'ee hojichaaf namoonni kadhataman affeerraadhaan gammac-

hiisanii deebisuun maatii soddaatiif kabaja guddaa argamsiisa.

Baasiin afeerraa kanaa abbaa mana hintalaas ilaallachuu danda'a. Sababni isaas amma danda'u wantoota affeerraaf ta'an kennuun waan irraa eegamuuf. Keessumaayyuu immoo qophii kana raawwachuuf yaada kan dhiyeesse abbaa manaa intalaa yoo ta'e, itti gaafatamummaan afeerraa qopheessuunkanuma isaa ta'a. Ofuma isaatii qopheessisee harreetti fe'ee dhufa. Kanas ta'ee, soddoonnis yoo xinnaate tumaallessa tokko qaluun waan hin oolle dha. Kana malees gareen kun hojjechaa oolee fageenya irraa kan ka'e gara mana isaatti deebi'uu hin danda'u yoo ta'e achuma bakka hojiidhaaf deeme buluun kan bartame dha.

### **Gilgaala 3**

**Dubbisa asiin olitti dhiyaate irratti hundaa'uun gaaffiilee armaan gadii deebisaa.**

1. Waa'ee kadhachiisaa namni barreesse odeeffannoo barreeffamichaa ittiin gabbisuuf yaale eessaa kan argate isinitti fakkaata?
2. Barreessichi odeeffanicha akkamiin walitti qabuuf danda'e?
3. Odeeffannoo beekumsaa maal maali irraa argachuu dandeenya?

Odeeffannoon barreeffamaan, raadiyoon, televijiinii fi kan birootiin qophaa'ee kan dhiyaatu burqaa beekumsaa

ykn hubannoo ti. Odeeffannoo ilaal-uudhaan, dhaggeeffachuudhaan, urgeeffachuudhaan, qaqabuu fi dhandhamuun argachuu ni dandeenya. Odeeffannoon dhiyeenyaa ykn fagoo irraa nu ga'uu danda'a. Odeeffannoon naannoo keenya irraa argannu keessaa nageenya naannoo, umurii fi saala barsiisotaa, ayyaanoota baay'inaan kabajamaan irraa argamu akka fakkeenyaatti fudhachuun ni danda'ama. Filannoo bakka bu'oota ummataa, gatii boba'aa addunyaa, tatamsa'ina HIV/AIDS fi kkf immoo burqaalee naannoo keenya irraa fagaatanii argamani irraa kan argannu dha.

Beekumsa keenya gabbisuuf kan nu fayyadan burqaaleen odeeffannoo adda addaa ni jiru. Adda durummaan kan eeraman barnoota idilee, dubbisa, sabqunnamtii ummataa, daawwii fi kkf ta'u. Ilaaluu wayita jennus naannoo keenyatti uumaman ykn gochaalee namoota sirriitti hubachuu jechuudha. Fkf, wantoota dubbisni duratti dubbisne "kadhachiisa" jedhu yeroo jalqabaatiif kan nuu barreesse bakka haamaa midhaaniitti argamee xiyyeeffannoon ilaalee jaarsolii biyyaas haasofsiisee odeeffannoo argateeraadha. Beekumsa ilaalee akkasumas gaafatee argate sana nuuf hire. Barreeffamicha

namoonni dubbisan immoo qooqa mata isaaniitiin dabarsu jechuu dha.

Manni barumsaa immoo hunda caalaa bakka beekumsi itti argamu dha. Beektoonni ogummaa adda addaatiin leenji'an mana barumsaatti argamu. Isaanis nu gargaaruuf halkanii fi guyyaa dhama'u. Kitaabilee, barruulee, gaazexaa fi kkf dubbisnee beekumsa argachuu ni dandeenya. Burqaaleen kan biroos kanneen akka raadiyoo fi televijiinii fa'a dha. Isaan kun immoo dhimmoota addunyaa yeroo yeroodhaan hordofanii dhiyees-suudhaan beekamoodha. Mudannoo hojii adda addaatiin ykn daawwan-naadhaaf naannooolee adda addaa naanna'uudhaan beekumsa hedduu argachuu dandeenya. Daawwanaadhaan waa'ee taa'umsa lafaa, haala qilleensaa fi aadaa ummataa beekumsa ni arganna.

Kanaafis odeeffannoo burqaalee adda addaa irraa arganne kunneen haalaan hubachuuf gara gochaatti jijjiiruun nu barbaachisa. Dabalataanis faayidaa fi miidhaa isaanii hubachuun irra deebinee xiinxaluu qabna. Kanaaf immoo bu'a qabeessa ta'uuf yaadannoo irratti galmeessuun ykn kaaseettii irratti waraabuun nurraa eegama.

#### Gilgaala 4

**Mata dureewwan armaan gadii keessaa kan isinii mijaa'u filachuun:**

- A. Odeeffannoowwan mata duricha gabbisan burqaalee adda addaa irraa walitti qabaa.
- B. Odeeffannoowwan addaan baastan karaa adda addaatiin ijaaraa.
  1. Seenaa hundeeffama mana barumsaa keessanii
  2. Fayyummaa sa'a hameessaa akkamiin kunuunsuun danda'ama?
  3. Damma yeroo hunda nyaachuun fayya-adhaaf faayidaa maalii qaba?

### 11.3. Yaadaa fi Ilaalcha

#### Booddatti

#### Hafaa

- ***Namoonni tokko tokko midhaan xaa'oo fayyadamuudhaan barakaa hinqabu yamu jedhan ni dhaga'amu. Yaadni akkasii sirrii isinitti fakkaataa? Maaliif?***
- ***Isinihoo dhimmaa asiin olitti ibsame kana naannoo keessanitti hubattanii beektu? Mee gaafadhaatii kutaa keessatti irratti mariyadhaa.***
- ***Naannoo keesanitti yaada booddatti hafaadha jettanii hubattan akkamiin balleessuun dan-a'ama? Adeemsa yaadota booddatti hafoo dhabamsiisuu keessatti ga'een keessan maal ta'uu dada'a?***

Ilaalchi boodatti hafummaan barsiifata yaadaa duuchaatti yaadamu irratti hundaa'e dha. Ilaalcha akkasiitiin yoo qajeelfamne waan raawwannauf sababa amansiisaa hin qaabnu. Barsiifatichi yeroo baay'ee kan nuu wajjinture ta'uu danda'a. Kunis yaada saayinsaawaa fi ammayya'aa akka hin fudhanne nu godha. Yaaddan qabatamaa hin ta'iniif akka bitamnu nu godha. Fkf, "Hojiin suphee maaliif ogummaa namoota muraasaa qofa ta'uu danda'e?" yoo jedhamne deebii qabatamaa hin qabnu. "Dubbartiin beekaa deessi malee beektuu hin qabdu" kan jedhu yeroo baay'ee nu waliin waan jiraateef ni jenna ta'a. "Maaliif?" gaaffii jedhuuf garuu deebiin saayinsaawaa ta'e dhiyaachuu hindanda'u.

Ilaalchawwan boodatti hafaan bifa adda addaatiin uumamu. Tokko tokko walaloo, jechamaa fi kkf keessatti argamu. Kaan immoo gochaan kan ibsamaniif fayyaa namaas kan miidhani dha. Fayyaa kan miidhan keessaa kanneen akka dhanna qabaa dubartootaa fi huuba goonqoo ijoollee ni eeramu. Bifa amantiitiinis kan mul'atanis jiru. "Namni budaan jira," jedhanii amanuun yaaddan boodatti hafa keessa isa tokko. Karaa tokkoon jireenya hawaasummaa nama budaa jedhame sanaa miidhuu dha. Karaa biraatiin immoo namoonni wal sodaatanii sodaadhaan dhiphatanii akka rakkatan isaan godha.

Hawaasni ilaalcha boodatti hafa qabu keessa guddinni saffisaa hin jiraatu..

Sababni isaas wantoonni faayida qabeessa ta'an akka gataman taasisa. Miidhaa warra qaban immoo ni jajjabeessa. Haalli kun beekumsis akka hin babal'anne godha. Kanaafuu, dhaloonni haaraan ilaalchawwanii fi yaadan boodatti hafoo bal'eessuu qaba.

### Gilgaala 5

#### Gaaffilee armaan gadii irratti mariyadhaa.

1. Yaadni boodatti hafaan jiraattota naannoo keenyaa irratti miidhaa akkamii geessisuu danda'a?
2. Saayinsii fi teekinooloojiin yammuu babal'atuya adni boodatti hafaan ni badamoo akkuma jirutti itti fufa? Maaliif?

## 11.4 Aadaa Kitaaba Dubbisuu



*Fakkii 11.5 kitaabilee dubbisuudhaan ilaalcha saayinsaawaa gabbifachuu*

- ***Ijoolleen fakkicha irratti argaman maal godhaa jiru?***
- ***Akka ijoollee fakkii irratti mul'atanii dubbistoota ta'uun***

### ***faayidaa maalii argamsiisa isinitti fakkaata?***

- ***Dubbisnii fi beekumsi walitti dhu-feenya maalii qabu jettu?***

Dubbisni waraqaa ykn wanta bal'aa irratti yaada qubeewwaniin barreeffamee dhiyate kan ittiin hubannu dha. Wanti hubatamu sunis odeeffannoo kan nuu kennu, beekumsa keenya kan nuu bal'isu ykn kan nu bashannansiisu ta'uu danda'a.

Wantoonni nuti dubbisnus namoota adda addaatiin barreeffamanii kan dhiyaatani dha. Barreessitoonni kunneen dubbisuun argatan, xiyyeeffannaan kan ilaalan, qo'annoon kan bira gahan ykn muuxannoon kan argatan nuu barreessu. Nus yeroo kana dubbisnu dhimmicha irratti hubannoo mataa keenyaas ni gabbifanna, muuxannoos irraa horanna. Dubbisuun hedduu qaba.

Ijoollummaa keenyaa eegallee muuxannoo dubbisuu guddisuun nurraa eegama. Umurii daa'imummaa irraa eegallee nama beekamaa akka taanuuf kitaabilee yeroo mara dubbisuun nurraa eegama. Dubbisuudhaan beekumsa isaanii gabbifatani sadarkaa olaanaa irra namoonni gahan ni jiru. Fkf, biyya keenya keessatti kanneen akka Kabbadaa Mikaa'el, Yilmaa Dheereessaa, Tsaggaayee Gabre Madinii fi kan biroos "Namoota beekamoo" ta'uu kan danda'an ijoollummaa isaanii irraa eegalanii muuxannoo dubbisuu waan qabaniif.

## Gilgaala 6

1. Maqaa namoota naannoo keetii ykn sadarkaa biyyaatti jabaatanii dubbisuu fi barach-uudhaan sadarkaa guddaa irra gahan namoota beekan gaafachuudhaan ykn barreeffama irraa dubbisuudhaan odeeffannoo walitti qabaa. Achiis namoonni naannoo fi biyya isaaniif maal akka hojjetanu kutaa keessatti dhiyeessaa.



*Fakkii 11.6 Maddeen beekumsaa kan ta'an keessaa kitaabileen isaan tokko*

2. Walaloo armaan gadii xiyyeeffannoon dubbisaatii gaafiilee itti aananuuf immoo deebii kennaa.

### Michuu Koo Yaa Kitaabaa

Qo'annaadhaan kan argamte  
Saayinsiidhaan kan guutamte  
Falasamtoonni kan nu badhaasan  
Beektoonni kan nu miidhagsan  
Michuu koo yaa kitaabaa  
Si qabadhee maalan dhabaa  
Burqaa jireenya dhugaa  
Summii wallaalummaa  
Ifa baaftuu dukkanaa  
Dheebuu lubbuu namaa

Beela garaa namaa  
Atoo waa hundumaa  
Situ cabsa doofummaa  
Hin fagaatiin anarraa  
Situ na gargaaraa  
Egaa michuu koo yaa kitaabaa  
Atoo hunda galeessaa  
Maal jedheen maalan dhiisaa

- A. Kitaabni akkamiin akka ifaatti ilaalamuu danda'a?
- B. Kitaabni summii doofummaa ajjeesu kan danda'u ta'uun isaa sirrii dhaa? Maaliif?
- C. Dimshaashumaan yammuu ilaaltan kitaaba dubbisuun faayidaa akkamii qaba?

## 11.5. Mala Qo'annaa Barnootaa

- **Barumsa keessan qo'achuu osoo hin eegaliin duura qophii akkamii akka gootan ijoollee kutaa keessaniitti himaa.**
- **Barumsa keessan qo'achuu eega eegaltanii boodahoo maal gootu? Qo'annaa erga xumurtanii booda immoo maal raawwattu?**

Qo'annaan walduraa duuba adeemsa mata isaa qaba. Adeemsichis sadarkaa “qo'annaan dura”, “Yeroo qo'annaa” fi “qo'annaa booda” jedhamee beekama. Ibsi armaan gadiis hubannoo adeemsa sadarkaalee kunneenii gabaabinaan isinii kenna. Ibsicha xiyyeeffannoon ilaalaatii qo'annaan akkamiin raawwachuu akka danda'amu bal'inaan irratti mariyadhaa.

### Qo'annaa duraa

Yeroo fi bakka qo'annaa mijaa'waa,  
meeshaalee qo'annaa filachuu, karoora  
qo'annaa baasuu

### Yeroo Qo'annaa

Xiyyeeffannaan dubbisuu, muuxannoo fi  
wantoota qabatamaa naannoo waliin  
walqabsiisuu, yaadannoo qabachuu

### Booda Qo'annaa

Yaadannoo qabatan keessa deebi'uu,  
beekumsa argame hojii irra oolchuuf  
tattaafachuu

Keessumaayyuu qo'annaa barnootaa keessatti yaadannoo qabachuun baay'ee barbaachisaa dha. Gabatee armaan gadii keessatti qabxiileen ilaaltan adeemsea qabannaa yaadannoo keessatti “seerota gurguddoo” kan jedhamani dha. Mee gareedhaan ta'aatii maalum-

maa fi barbaachisummaa isaanii irratti mariyadhaa.

**Yeroo hunda yaadannoo qabachuu**

**Yaadaan hirmaachaa dubbisuu**

Barnoota haala gaariin qo'achuun faayidaalee hedduu qaba. Firii gaarii fiduudhaan kutaadhaa gara Kutaatti darbuu kan dandeenyu gadifageenyaan yoo qo'anne dha. Haala gaariin qo'annee barumsa keenyaan sadarkaa olaanaa irraa yoo geenyes barsiisaa, ogeessa ijaarsaa ogeessa fakkii, hakiimaa fi kkf ta'uudhaan ofii fi maatii keenya akkasumas hawaasichaa fi biyya keenya tajaajiluu dandeenya.

Qo'annaa yammuu adeemsisnu maloota hala gaariin raawwachuf nu dandeessisan hordofuu qabna. Dursinee yeroo fi bakka mijaawaa filachuu qabna. Qo'annicha yennaa jalqabnus immoo yaaddan gurguddoo yaadannootti qabachuun gaariidha. Barnoonni qo'annus haallan keenyaa fi naannoo waliin madaaluun barbaachiisa ta'a. Dhugummaa yaada qo'anne sanaas sakatta'uu qabna. Dhuma irrattis yaada rime isaa callisnee dubbisuu qofa osoo hin ta'in akkam

goonee hojii irra oolchuu akka qabnus yaaduu qabna. Yeroo kana dha beekumsi qo'anne qabatamaa kan ta'u, Qo'annaan keenyas galma isaa gaheera jechuun kan danda'amu.

### **Gilgaala 7**

#### **Gaaffiilee armaan gadiitiif ibsa gahaa ta'e dhiyeessuun deebisaa**

1. Faayidaan qo'annaa maali?
2. Barataan tokko sadarkaalee qo'annaa armaan gadii irratti maal godhuu qaba?
  - A. Qo'annaan duraa
  - B. Yeroo qo'annaa
  - C. Qo'annaan booda
3. Yeroo qo'annaa yaadannoo qabachuun maaliif fayyada?
4. Yaadanno yammuu qabannu mala akkamii fayyadamu qabna?
5. Qo'annaan keenya haala gaariin galman ga'eera kan jedhamu yoo maal ta'edha?

## Xumura Boqonnichaa

Beekumsi burqaalee adda addaa irraa kan argamuu fi meeshaa keenya akkasumas, naannoo keenya jijjiiruuf nu dandeessisu ta'uu isaa hubanneerra. Beekumsi kunis mana barumsaatii, dubbisuu irraa, naannoo ilaaluun hubachuu fi kkf irraa argamuu akka danda'u ta'uu isaa ilaallera..Barsiifata miidhaa fidu ilaalchisees yaadootni kakaasne dhugaawwan qabatamaa akka hubannu nu taasisaniiru.Dhimmoota saayinsawaa hin ta'inii fi qabatamuu hin dandeenyeen qajeelfamuun ilaalcha bodatti haafaaf akka saaxilamnu nu taasisuu isaa baranneerra. Yaadni keenya boodatti hafaaf akkuma deemmu immoo ofii keenya jijjiiruufis ta'ee naannoo keenya misoomsuuf hin dandeenyu. Kana irra darbees, yaadni boodatti hafaan fayyaa keenya irratti miidhaa akka fiduu danda'u ilaalleerra. Qo'annaa ilaalchisees qabxiileen ka'an gabaabinaan akka armaan gadiitti kaa'uu ni dandeenya. Qo'annaan sadarkaalee qo'annaa duraa, irraa fi boodaa qaba. Sadarkaa qo'annaa duraatti ademsa qo'annichaa mijeessuu yammuu ta'u ,sadarkaa qo'annaa irraatti immoo yeroo fi iddoo murtaa'aa tokko keessa teenyee yeroo qo'annu callisa guddaa kan barbaadu dha. Sadarkaan qo'annaa boodaas qabxiilee guguddoo qo'anna walitti qabnee, ijaarree qabachuu keenya kan ittiin mirkaneeffannu dha.

Egaa barnoota kana keessatti qabxiilee guguddoo xiyyeeffannoon ilaalaa akka dhuftanii fi hubannoos akka argattan ni amanama. Beekumsa fooy'a'as akka argattan ni abdatama. Haa ta'u malee beekumsa hedduu argachuun keessan mataan isaa gahaa miti. Garuu waan barattan hojii irra oolchuuf tattaafachuun isin irraa eegama. Beekumsa caalaatti argachuu fi barmaatilee fi yaadoota miidhaa geessisan ittisuuf imaanaa guddaatu isin irra jira.



## Jechoota Ijoo

**Beekumsa-** Gahumsa wantootaa fi haallan jiran hubachuuf dandeessisu.

**Odeeffannoo-** Yaada dheedhii waa'ee dhimoota adda addaa beekuuf walitti qabamu

**Qo'annaa-** Beekumsa haalaan goonfachiisuuf odeeffannoo adda addaa sakatta'uu

**Yaaddan boodatti hafaa-** Ilaalcha barumsaan hin deggaramne, duuchaatti kan amanamu, ykn barmaatilee qofa irratti kan hundaa'e.

**Qo'annaa booda-** Gochaalee yeroo qo'annaa keenya xumurru raawwannu.

## Gaaffiilee keessa deebii

### I. Himoota kanatti aananii jiran dubbisaatii sirrii yoo ta’an “dhugaa”, dogoggora yoo ta’an immoo “soba” jedhaa deebisaa

1. Beekumsa dabalataa argachuuf gaazexaa fi barruulee dubbisuun gaarii dha.
2. Daawwannaan mala ittiin bashannaanan malee kan ittiin beekumsa argatan miti.
3. Daldalaa bu’a qabeessa ta’uuf beekumsa fooyya’aa qabaachuu barbaachisa.
4. Wantoota tokko tokko xiyyeeffannoon ilaaluudhaan beekumsa gabbifachuun ni danda’ama.
5. Ilmaan namootaa beekumsa amansiisaa kan argatan kitaabilee dubbisuu qofaani.

### II. Kanneen “A” jala jiran kanneen “B” jala waliin firoomsaa

“A”

1. Sadarkaa qo’annaa irraa
2. Burqaa beekumsaa isa guddaa
3. Ilaalcha bodatti hafa
4. Burqaalee odeeffannoo
5. Sadarkaa qo’annaan duraa

“B”

- A. Raadiyoo, Teleeviiziyoonaa, Kitaabilee
- B. Meeshaalee qo’annoo filachuu
- C. Angafoota kabajuu
- D. Hojii dubbartoota dhiironni  
hojjechuu hin qabanu.
- E. Adeemsa barnoonni xiyyeeffannoon  
itti dubbifamu
- F. Mana barumsaa

### III. Gaaffiilee armaan gadii dubbisaatii deebii sirrii ta’e filadhaa.

1. Yaaddan boodatti hafoon dadhabaa kan deemanu yoomi dha?
  - A. Barumsaan cimaa yammuu deemnu.
  - B. Saayinsii fi teekinooloojiin yammuu laafu
  - C. Aadaa keenya dhiisnee kan ummata adii yammuu barannu.
  - D. B fi C
2. Maddi beekumsa ammayya’aa amansiisaan isa kami?
  - A. Mana barumsaa
  - B. Mana jireenyaa
  - C. Jaarsolii biyyaa naannoo keenyatti argaman
  - D. B fi C
3. Kunneen armaan gadii keessaa odeeffannoo nuu dhiyeessuu kan danda’u isa kami?
  - A. Gazexaa
  - B. Raadiyoo
  - C. Televijiinii
  - D. Hunduu deebii dha.

4. Yeroo qo'annaa yaadannoo qabachuun maal fayyada?
- Yaadni dubbisame dafee akka hin irraanfatannee waan nu gargaaruuf
  - Yeroo dubbisnu waanti nuuf hin galle yoo jiraate namoota gaafannee hubachuu fi mariyachuuf.
  - Barreeffama keenya foyyeessuuf
  - A fi B
5. Isaan armaan gadii keessaa yaada miidhaa geessisu kan hin taane kami?
- Qaama yeroo mara dhiqachuun gogaa qaama keenyaa goggogsa.
  - Mana keessatti hojii dubbartoonni hojjetan warri dhiiraas gargaaruu qabu.
  - Gochaalee aadaa mara deggaruun ni barbaachisa.
  - Hojii dhiironni hojjetan dubbartoonni hojjechuu hin danda'an.

*Dhimmoonni gabatee armaan gadii keessatti tarreeffaman faayidaa yoo qabaatan mallattoo faayidaa kan jedhu jalatti “✓” guutaa, yoo miidhaa qabaatan immoo boodatti hafaa kan jedhu jalatti mallattoo “✓” barreessuudhaan bakka jiru keessatti guutaa.*

Dhimmota	Faayidaa	Boodatti hafaa
Fakkeenya		
A. Huuba qoonqoo muruu		✓
B. Dhukkuba kan dhokse dawa hin argatu	✓	
1. Namoota waan ittiin jiraatan hin qabneef kennaa kennuu irra carraa hojii banuufii		
2. Hojiin suphee ogummaa fayyadu miti		
3. Daa'imman yammuu dhukkubsatan mana yaalaa geessuu		
4. Barachuu, barachuu, ammas barachuu		
5. Haadhaa fi abbaa kabajuu		
6. Shamarran dhaqna qabsiisuu		
7. Deggarsa namaa abdachuu irra jajjabaatanii of danda'uu.		

**V. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kennaa.**

- Beekumsa argachuudhaaf kan nu gargaaran burqaalee akkamiitu jira?
- Yeroo qo'annaa hunda yaadannoo qabachuun maaliif fayyada?
- Yeroo qo'annu hirmaattummaadhaan dubbisuu keenya akkamiin qabatamaa godhuu dandeenya?

**Alaabaa Mootummaa Naannoolee Miseensota Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippuubilikii Itoophiyaa.**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Tigraay**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Affaar**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Amaaraa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Sumaalee**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Beenashaangul-Gumuz**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Ummatoota Kibbaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Gambeelaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Hararii**

Miseensonni mootummaa naannoolee armaan olii kun akkaataa heera Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippuubilikii Itoophiyaa (*Keeyyata 47, fuula 102 - 103*) kan kaa'amedha.